# XIINXALA SIRBOOTA DIDDAA, XIYYEEFFANNOON FAYYADAMA AFAANII SIRBOOTA ITTIIQAA TAFARII SAAQI SAANQAAFI ITTI MUDDI JEDHAN KEESSATTI

**HABTAAMUU BALUUDEE WAYYEESSAATIIN**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) GUUTTACHUUF QOPHAA'E YUUNIVARSITII FINFINNEE KOLLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO,OGBARRUUFI FOOKLORIITIIF DHIYAATE**

**HAGAYYA 2019**

**FINFINNEE**

# Waraqaa Qorannoo "Xiinxala Sirboota Diddaa, Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaanii Sirboota Ittiiqaa Tafarii Saaqi Saanqaafi Itti muddi," Jedhan Keessatti

**Habtaamuu Baluudee Wayyeessaatiin**

**Gorsaan: Addunyaa Barkeessaa(PhD)**

**Hagayya 2019**

**Finfinnee**

**Yuunivarsitii Finfinnee**

Waraqaa Qorannoo Ulaagaa Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi ogbarruu gamisaan guuttachuuf Habtaamuu Baluuudee Wayyeessaatiin Mataduree “Xiinxala Sirboota Diddaa, Xiyyeeffannoon Fayyadama Afaanii Sirboota Ittiiqaa Tafarii Saaqi Saanqaafi Itti muddi jedhan keessattijedhuun qophaa’ee Sadarkaa ulaagaa Yuunivarsitiin Kaa'e guutee jira.

**Koree Qormaataa**

Qoraa alaa______________________Mallattoo____________Guyyaa__________

Qoraa Keessaa__________________Mallattoo___________Guyyaa__________

Gorsaa________________________Mallattoo___________Guyyaa__________

---

Itti Gaafatamaa Muummee (Qindeessaa Didirii Lammaffaa)

## *Axereera*

*Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa Sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhanqaaccessuu yoo ta'u, sirbi kun diddaa gabrummaa Oromoon taasise keessatti ga'ee olaanaa taphate. Keessumaa naannoo bara 2008 A.L.I. irraa eegalee uummatni Oromoo sirba kana manneen daldalaa, geejjibaafi moobaayila irratti fe'achuun qabsoo itti fufaa yaada isaa sirba kanaan ibsachaa ture. Kanaafuu, jijjiirama amma dhufeef tumsi sirba kanaa guddaadha. Hanga ani hubadhetti ammoo namni sirbicha irratti qorannoo geggeesse hinjiru. Ka'umsi koo inni guddaanis kanuma ture. Dabalataanis qorannoo kana adeemsiisuuf ka'umsa kan ta'e jijjiiramoota sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii hordofuun mul'ataniidha. Egaa qorataan jijjiiramootni sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii hordofuun mul'atan kun bu'uuraan maalirraa maddan isa jedhu addaan baasuuf fayyadamni afaanii sirba kana keessatti gama fayyadama malleen dubbii, fayyadama mammaaksaa, fayyadama jechamaa, akkasumas ilaalchaafi abdiiwwan jiran mul'isuuf akkamitti akka ibsaman adda baasuuf qorannoon kun geggeeffameera. Malli qorannoo kanaa, mala akkamtaati. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa kanneen akka fayyadama afaanii weellisaan fayyadameefi malleen dubbii gosa gosaan akkaataa qabiyyee isaan isaaniitiin kaa'amaniiru. Itti aansuunis, fayyadamni jechootaa, jechamootniifi mammaaksotni jechoota barsiisuuf mijatoo waan ta'aniif qabiyyee barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa akka taasisan kallattiin kaa'ameera. Akka ciminaatti kan kaa'amu, jechootni bakka barbaachisaatti galuun fayyadama afaanii sirriitti kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti fayyadamu ta'uu isaaniiti. Akkasumas haala yeroo wajjin walqabsiisuun jechoota filatamoo weellisaan sirboota kanaa itti gargaarame ergaa ciccimoo kan dabarsaniifi dhimma akka jedhamuuf akeekame sirriittiibsuu kan danda'aniidha. Akka dadhabinaatti waanti ilaalamuu danda'u ammoo, weellisichi fayyadama jechoota safuu irratti xiyyeeffachuun yoom, eessaafi akkamitti fayyadamuu irratti hanqina akka qabuudha. Akka furmaataatti kan kaa'ame, weellisaan filannoo jechootaa keessatti jechoota safuu hawaasaa eeganiifi fudhatama qabanitti utuu gargaarame aadaa fayyadama afaanichaa babal'isuu danda'a.*

## Galata

Jalqabaa hanga dhumaatti yeroo isaanii aarsaa gochuun, gorsaafi sirreeffama barbaachisu naa kennuun kan naa wajjin dhama’an gorsaa koo Dokter Addunyaa Barkeessaatiif galatni ani qabu guddaadha. Akkasumas, haadha warraa koo Waannimnee Warqinaa ganamaafi galgala hamilee natti horuun hojii qorannaa kanaaf gahee guddaa taphatte utuu hingalateeffatin darbuu hinbarbaadu. Dhuma irrattis, abbaa koo obbo Baluudee Wayyeessaa deeggarsa barbaadamu gama yaadaafi qarshiin nadeeggaraa turaniifi namoota haala garagaraatiin deeggarsaafi yaada kaka’umsaa naagumaachan hundaaf galata laachuun fedha.

## Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**

*Axereera* ....................................................................................................................i
Galata........................................................................................................................ ii
Baafata...................................................................................................................... iii
BOQONNAA TOKKO: SEENSA ........................................................................................1
1.1 Seenduubee Qorannichaa ........................................................................................ 1
1.2Ka'umsa Qorannichaa ............................................................................................. 2
1.3 Gaaffilee Qorannichaa............................................................................................. 4
1.4 Kaayyoo Qorannichaa ............................................................................................. 5
1.4.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa ............................................................................ 5
1.4.2 Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa ................................................................... 5
1.5 Barbaachiisummaa Qorannichaa ............................................................................. 5
1.6 Daangaa Qorannichaa.............................................................................................. 6
1.7 Qindaa'ina Qorannichaa........................................................................................... 6
BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII ............................................. 8
2.1 Yaadrimee Sirbaa ..................................................................................................... 8
2.2 Qabiyyeewwan Sirbaa............................................................................................. 14
2.3 Gosoota Sirbaa ......................................................................................................... 14
2.4 Fayyadama Afaanii Sirba Keessatti......................................................................... 16
2.4.1 Fayyadama Jechootaa............................................................................................ 17
2.4.3 Fayyadama Malleen Dubbii ................................................................................. 22
2.4.3.1 Akkasaa ............................................................................................................. 25
2.4.3.2 Iddeessa ............................................................................................................. 26
2.4.3.3 Nameessa............................................................................................................ 27
2.4.3.4 Arbeessuu ........................................................................................................... 27

2.4.3.5 Fakkoommii ... 28
2.4.3.6 Eemitii ... 29
2.4.4 Fayyadama Mammaaksotaa ... 29
2.5 Sakatta’a Barruu Walfakkii ... 30
2.6 Yaaxina Qorannichaa ... 31
BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA ... 33
3.1 Saxaxa Qorannichaa ... 33
3.2 Mala Qorannichaa ... 33
3.2.1 IrraawwatamaQorannichaa ... 34
3.2.2 Madda Ragaa Qorannichaa ... 34
3.2.3 IddattooQorannichaa ... 34
3.2.4 Meeshaalee  Funaansa Ragaalee ... 34
3.3 Adeemsa Funaansa Ragaalee ... 35
3.4 Mala  Qaaccessa Ragaalee ... 35
BOQONNAA AFUR: DHI’EESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE ... 36
4.1 Ibsaafi Qabiyyee Sirboota saaqi saanqaafi itti muddii ... 36
4.1.1 Qabiyyeewwan  gadda mul’isan ... 37
4.1.2 Qabiyyeewwan tuffii mul’isan ... 38
4.1.3 Qabiyyeewwan tokkummaa mul’isan ... 38
4.1.4 Qabiyyeewwan murtoo mul’isan ... 39
4.1.5 Qabiyyeewwan obsa mul’isan ... 40
4.1.6 Qabiyyeewwan abdii mul’isan ... 40
4.1.7 Qabiyyeewwan haaloo baafachuumul’isan ... 41
4.1.8 Qabiyyeewwan oromummaa mul’isan ... 41
4.1.9 Qabiyyeewwan dhaamsa dabarfachuun walqabatan ... 42
4.1.10 Qabiyyeewwan irraa jalummaa aangoo mul’iasan ... 42
4.2 Ga’umsa afaaniifi yaada ibsuu sirboota filataman keessatti ... 46

4.3 Fayyadama Afaanii Sirboota filataman keessatti ... 47
4.3.1 Fayyadama Jechootaa ... 48
4.3.1.1 Jechoota Faallaafi moggoo ... 49
4.3.1.2 Jechoota Galumsaa ... 57
4.3.1.3 Jechoota Safuu ... 61
4.3.2 Jechamoota ... 63
4.3.3 Fayyadama Malleen Dubbii ... 67
4.3.3.1 Akkasaa ... 68
4.3.3.2 Arbeessuu ... 69
4.3.3.3 Nameessa ... 72
4.3.3.4 Fakkoommii ... 74
4.3.3.5 Eemitii ... 77
4.3.3.6 Iddeessa ... 78
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO ... 82
5.1 Cuunfaa ... 82
5.2 Argannoo ... 84
5.3 Yaboo ... 85
Wabiilee ... 87
DABALEEWWAN ... 91

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1 Seenduubee Qorannichaa

Sabni kamiyyuu eenyummaa ofii isaatii qaba. Eenyummaan saba tokkoo ammoo waan ittiin calaqqisiifamu qaba. Wantoota eenyummaa saba tokkoo calaqqisiisan kana Hayiluun yoo ibsu, "*Sabni tokko eenyummaan isaa kan beekamuufi kan ibsamu seenaa, aadaa, safuu, oodaafi amantii isaani*". Hayiluu (1997:4). Ibsituu eenyummaa saba tokkoo wantootni ta'an kun ammoo dhalootaa dhalootatti daddabarfamaa kan dhufaniifi har'as daddabarfamaa kan jiraniidha. Dhimmoota akka kanaa labata dhaalchisuun barbaachisaa ta'uu isaa Wasaneen yoo ibsu: "*Aadaafi Afaan Oromoo kan mi'eessan afoolleen akka: mammaaksaa, hibboo, jedhannoo, sirba, geerarsa, sheekoo, qoosaafi oduu durii fakkaatan walitti sassaabuun qindeessanii dhalooticha ammaa barsiisuufi dhaloota boruuf dabarsuun imaanaa hayyotaafi dhaloota har'aatirraa eegamuudha*," Wasanee, (1995:4).

Hawaasni daangaa tokko keessa waliin jiraatu beekumsaafi muuxannoo waliin gabbifatu qaba. Uummatni Oromoo uummata seenaa dheeraa qabuufi seenaa isaa kana bifa barreeffamaatiin osoo hintaane afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureefi jiruudha. Fookloriin ammoo gochaawwan hawaasni kun dalagu kana mara dabalata. Yaada kana Hayiluu Bantii (1997:4) yoo ibsu, "*Aadaa uummata Oromoo keessatti bal'inaan kan beekaman: geerarsa, guddisa daa'immanii, sirboota fuudhaafi heerumaa, cooka, mammaaksaafi kkfOromoon dhuunfaatti kan qabu ta'uun isaa yeroo hedduu dubbatama,"* Akka yaada kana irraa hubannutti kanneen hawaasni tokko ittiin eenyummaa isaa ibsatu keessaa tokko sirba. Sirbaan aadaa, dinagdeefi ilaalcha siyaasaa hawaasni tokko qabu kallattiifi alkallattiin ibsuun nidanda'ama. Yaada kana Jireenyaan kallattiin yoo ibsu:

> Biyyootni aartii guddate qaban salphumatti aadaa isaanii biyya biraatti beeksifachuu, meeshaa isaanii beeksifachuu, akkasumas olaantummaa siyaasaa gonfachuu nidanda'u. Hayyootni tokko tokko akka ibsanitti aartiin ambaasaaddara uummata tokkooti. Kana jechuun aartiin bakka

uummatichi hinjirrettihojii aartii sanatu uummaticha bakka bu'ee waa'ee uummata sanaa dubbataaf jechuudha.Jireenyaa (2008:15)

Dameewwan afwalaloo keessaa tokko kan ta'e sirbi tajaajilaafi yoomessa keessatti sirbamu irratti hundaa'uun bakka garagaraatti qoodama. Qoodama kanas Jireenyaan yoo kaasu:

> Ogummaa aartiin fayyadamuun baroota durii keessatti dhaamsa warraaqsaafi fincila siyaasaa, akkasumas mirga diimokiraasii ittiin geggeessaa kan turan yoo ta'u, ammas akka madda diimokiraasiitti amanama. Fakkeenyaaf warraaqsa Faransaay yoo ilaalle faccee (mormii) mirga diimokiraasii finiinsuu keessatti ogummaan aartii ga'ee guddaa gumaacheera. Jireenyaa, (2008:78)

Akka yaada armaan oliitti qoodama sirbaa keessaa sirboonni diddaa mul'isan tokko. Uummatni Oromoos akkuma uummata Faransaay seenaa isaa keessatti waan isaa ta'e tole jedhee fudhachaafi kan isaaf hintaane ammoo didaa har'a ga'e. Yeroo waan isaaf hintaane kana didu ammoo sirboota fayyadamu qaba. Sirbootni kunis sirboota diddaati.

### 1.2Ka'umsa Qorannichaa

Sirni bulchiinsaafi siyaasa Itoophiyaa yeroo dheeraadhaaf sirna bulchiinsaafi siyaasa irraa gadee (top-down political system) ture. Kana jechuun ammoo aangoon siyaasaa qaama biyya hogganuuf laatamu uummata qaama siyaasaa sana jala bulu irraa kan maddu osoo hintaane qaamni olii hogganu sun gubbaarraa qajeelfamoota adda addaa baasuun qaama isaan gadi jiruuf diriirsa malee, gajjallaadhaa uummatni waan isaaf ta'u filatee ol baafachuuf mirga hinqabaatu. Bara moototaatii eegalee hanga har'aatti uummatni Itoophiyaa nama ofii filateefi siyaasa ofii barbaaduun bulaa hinjiru. Kun ammoo sabaafi sablammoota hedduu miidhuyyuu, Oromootti garuu, qarriffaa jabeeffate. Oromoon sirna bulchiinsaafi siyaasaa diimokiraatawaa ta'e sirna Gadaatiin buluu baree kan birootti baruu dadhabuun irra caalaa miidhamaa isa taasise.Yaada kana Asafaan yoo ibsu:

> Dhiibbaa jaarraa tokkoon ol Oromoorra tureen Afaan Oromoo (AO) barachuuniifi barreessuun, qorannoo adeemsisuun waan yaadamu hinturre. Maqaan "Oromoo" jedhullee jaarraa 16ffaa irraa qabee

> (1593) hanga dhiyootti ogeessota Habashaafi Awurooppaa biratti hinbeekamu ture. Yoo-kaan, beekaa, uummata maqaa 'Oromoo' jedhuun beekamu, Gaanfa Afriikaa keessa jiraatu, guddeessa qabeessa, kan afaan isaa 'Afaan Oromoo' jedhamu, biyyisaa ammoo, Biyyaa Oromoo (Krapf1863tti maqaa Oromaaniyaa jedhu maappii qaboo-guyyuu ykn diary isaarra kaa'e) tahe akka addunyaatti hinbeekamnetti Gaallaa moggaasanii Oromoon akka addunyaan dagatamu, akka addunyaas dagatu tolchan. Asafaa Tafarraa (2009:44)

Kana malees, daba saba Oromoo irratti tolchuuf yaadan galma barbaadaniin ga'uuf uummata Oromoo hadheessuun waan barbaadamuuf Abbaan Baahirees kitaaba isaa yoo barreessuu eegalu, "*Waa'ee uummata nama ajjeesuuf halkanii guyyaa tattaafatuu kanan isinitti hima," jedhee jalqaba.* Jireenyaa (208:79)

Keessumaa waggoota digdamii torbaa asitti sirna bulchiinsa ADUI keessatti dararriifi moogessuun haalaan itti ulfaachuun gariin ajjeeffamanii, gariin mana hidhaatti guuramanii, kan biyyaa ba'aniifi achi buuteen isaanii dhabames lakkoofsa hinqaban. Haa ta'u malee, Oromoon dhiibbaa isarra ga'u tole jedhee hinfudhanne. Gariin sirbaan, gariin ammoo barreessuun diddaa isaa mul'isaa har'a ga'e. Kanneen fuulleen ba'anii gabroomfataa dura dhaabbachuun aarsaa taasifamaa turan, taasifamaas jiran hedduudha. Qorannoon kun sirboota diddaa keessaa kan Ittiiqaa Tafarii xiinxaluu yaala. Sirbi kun diddaa gabrummaa Oromoon taasise keessatti ga'ee olaanaa taphate.Keessumaa naannoo bara 2008 A.L.I. irraa eegalee uummatni Oromoo sirba kana manneen daldalaa, geejjibaafi moobaayila irratti fe'achuun qabsoo itti fufaa yaada isaa sirba kanaan ibsachaa ture. Kanaafuu, jijjiirama amma dhufeef tumsi sirba kanaa guddaadha. Hanga ani hubadhetti ammoo namni sirbicha irratti qorannoo geggeesse hinjiru. Ka'umsi koo inni guddaanis kanuma ture. Dabalataanis qorannoo kana adeemsiisuuf ka'umsa kan ta'e jijjiiramoota sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii hordofuun mul'ataniidha. Egaa qorataan jijjiiramootni sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii hordofuun mul'atan kun bu'uuraan maalirraa maddan isa jedhu addaan baasuuf fayyadamni afaanii sirba kana keessatti gama fayyadama malleen dubbii, fayyadama mammaaksaa, fayyadama jechamaa, akkasumas ilaalchaafi abdiiwwan jiran mul'isuuf akkamitti akka ibsaman adda baasuuf qorannoon

kun geggeeffameera. Malli qorannoo kanaa, mala akkamtaati. Argannoowwan gurguddoon qorannoo kanaa kanneen akkafayyadama afaanii weellisaan fayyadameefi malleen dubbii gosa gosaan akkaataa qabiyyee isaaniitiin kaa'amaniiru. Itti aansuunis, fayyadamni jechootaa, jechamootniifi mammaaksotni jechoota barsiisuuf mijatoo waan ta'aniif qabiyyee barnoota Afaan Oromootti dabalamanii barnoota kennamu qabatamaa akka taasisan kallattiin kaa'ameera. Akka ciminaatti kan kaa'amu, jechootni bakka barbaachisaatti galuun akkaataa hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaa keessatti itti fayyadamuun kan dhiyaatan ta'uu isaaniiti. Akkasumas haala yeroo wajjin walqabsiisuun jechoota filatamoo weellisaan sirboota kanaa itti gargaarame ergaa ciccimoo kan dabarsaniifi dhimma akka jedhamuuf akeekame sirriittiibsuu kan danda'aniidha. Akka dadhabinaatti waanti ilaalamuu danda'u ammoo, weellisichi fayyadama jechoota safuu irratti xiyyeeffachuun yoom, eessaafi akkamitti fayyadamuu irratti hanqina akka qabuudha. Akka furmaataatti kan kaa'ames, weellisaan filannoo jechootaa keessatti jechoota safuu hawaasaa eeganiifi fudhatama qabanitti utuu gargaarame aadaa fayyadamtoota afaanichaa babal'isuu danda'a yaada jedhuudha.

### 1.3 Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon tokko kan geggeeffamu gaaffiin akka deebii argatuuf barbaadamu yoojiraateedha. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisuu qaba. Isaanis:

- Fayyadamni afaanii sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhaman keessatti mul'atan qabiyyeewwan akkamii ofkeessatti haammatan?
- Fayyadamni afaanii sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti argaman akkamiin irraa jalummaa aangoo agarsiisan?
- Ga'umsi afaanni yaada ibsuuf qabu sirboota filataman keessatti akkamitti mul'ate?
- Fayyadamni afaanii sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul'atan maal maal fa'i?

### 1.4 Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa gooroofi gooreetti qoodamuun ilaaluun nidanda'ama.

#### 1.4.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan qaaccessuudha.

#### 1.4.2 Kaayyoowwan Gooree Qorannichaa

- Qabiyyeewwan sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti argaman addaan baasuun addeessuu
- Irraa jalummaan aangoo fayyadama afaaniitiin sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti akkamiin akka mul'ate agarsiisuu
- Ga'umsi afaanni yaada ibsuuf qabu sirboota filataman keessatti akkamitti mul'ate addaan baasuun ibsuu
- Fayyadamni afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul'atan maal maal fa'a akka ta'an adda baasuun ibsuu

### 1.5 Barbaachiisummaa Qorannichaa

Barbaachisummaan qorannoo kanaa inni bu'uuraa: Ergaa fayyadama afaaniitiin sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhaman keessatti mul'atan adda baasuun ibsuu, irraa jalummaan aangoo fayyadama afaaniitiin sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti akkamiin akka mul'ateefi fayyadamni afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul'atan maal maal akka ta'an ibsuudha.

Oromoon qabiyyeewwan sirboota diddaa garaa garaatti gargaaramee durii kaasee ilaalchasaa ittiin ibsachaa ture. Akkasumas, sirboonni diddaa kun osoo hinqoratamin afaaniin dhalootaa dhalootatti darbaa turan. Waanti afaan qofaan jiru ammoo baduu,itti dabalamuufi irraa hir'achuuf saaxilamaadha. Kanaafuu,dhalootni ammaa sirboota diddaatti xiyyeeffannoo kennuun akka hubataniif qorannoo mata duree kana irratti geggeessuun barbaachisaa ta'ee mul'ate. Walumaagalatti,barbaachisummaan qorannoo kanaa:

- Fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul'atan ibsuu
- Ergaa fayyadama afaaniitiin sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhaman keessatti mul'atan adda baasuu
- Irraa jalummaa aangoo fayyadama afaaniitiin mul'ate agarsiisuufi kkfdha.

**1.6 Daangaa Qorannichaa**

Qorannichi bu'a qabeessummaa, amanamummaafi iftoominni isaa akka eegamuuf akkasumas, daangaa yeroo kennamee keessatti xumuranii bu'aa isaa dhiyeessuufis ta'e, humnaafi baasii qorannoo sana geggeessuuf barbaachisu xiqqeessuuf daangaa qorannoo murteessuun barbaachisaadha. Waan kana ta'eef, mataduree "Xiinxala sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhu qaaccessuu" irratti daanga'ee qorataan qorannoo kana adeemsise.

**1.7 Qindaa'ina Qorannichaa**

Qabiyyeen qorannoo kanaa boqonnaalee shaniin qindaa'e. Isaanis, boqonnaa tokko, lama, sadii, afuriifi shan yammuu ta'an akkaataa duraa duubbummaa isaaniitiin dhimmoota itti aananii jiran ofkeessatti kan qabataniidha. Boqonnaan tokko, seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoo gooroofi gooree qorannichaa, faayidaa qorannichaa, daangaa qorannichaafi hir'ina qorannichaa qabata. Boqonnaan lama: yaadrimee sirbaa**,** qabiyyeewwan sirbaa**,** gosoota sirbaa **,** fayyadama afaanii sirba keessatti**,** fayyadama jechootaa**,** fayyadama malleen dubbii kanneen akka: akkasaa**,** iddeessa**,** nameessa**,** arbeessuu**,** fakkoommii**,** eemitii**,** mammaaksa akkasumas, sakatta'a barruu walfakkiifi yaaxina qorannichaa ofkeessatti haammata. Boqonnaan sadii mala qorannoo yoo ta'u, kunis, saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, irraawwatama, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, adeemsa funaansa odeeffannoo, qaacceessa ragaafi qindaa'ina qorannichaa qaba. Boqonaan afur ammoo, ragaa dhiheessuufi qaaccessuudha. Kana jalatti ammoo ibsaafi qabiyyeen sirbichaa, fayyadamni afaanii kanneen akka, fayyadama jechaa, jechamootaa, fayyadamni malleen dubbii, fayyadamni mammaaksotaa dhi'aataniiru. Kunneenis, ragaa sirbicha keessaa funaanamaniifi ergaa maalii akka dabarsan adda baasuun qaacceffamaniiru. Boqonnaan dhumarratti argamu boqonnaa shanaffaa yoo ta'u, kunis cuunfaa argannoofi yaboo ofkeessatti qabatee jira.

## 1.8 Hir'ina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti rakkooleen mudachuu danda'u. Rakkoolee mudachuu malan keessaa isaan muraasni: yeroo ga'aan dhabamuu, hanqina baajataafi adeemsa mala qorannoo irratti hubannoo dhabuu fa'a. Haata'u malee qorataan rakkoowwan jiran hundumaa dandamatee mala itti aanuun qorannoo isaa qorachuun fiixa baasee jira. Kunis, hanqina yeroo baay'ina hojiitiin mudateef, bulchiinsa mana barumsaa itti barsiisaa jiruuf rakkinicha ibsuun, weyitiin barnootaa akka irraa hir'ifamuuf deeggarsa gaafachuudhaan yeroo gahaa argateera. Rakkoo baajataa jiruuf, meeshaalee barreessaa waraqaafi kkf… gargaarsa mana barumsaa irraa argachuun rakkinicha furateera. Adeemsa mala qorannoo irratti rakkina jiruuf, tajaajila gorsaa isaa irraa argatu yeroo yeroon fudhachuuniifi kitaabolee mala qorannoof gargaaran dubbisuun qorannicha geggeessee jira

## BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII

Boqonnaan kun barruuwwan qorannoo kanaan walqabataniifi aantee ta'an kanaan dura hojjetaman ofkeessatti haammate. Haaluma kanaan boqonnicha jalatti yaadrimee sirbaa, qabiyyee sirbaa, fayyadama afaanii sirba keessatti kanneen akka: fayyadama jechootaa, malleen dubbii, jechamootaafi mammaaksota, akkasumas sakatta'a qorannoowwan aantee ta'an duraa duuba isaanii eeganii ibsamanii jiru.

### 2.1 Yaadrimee Sirbaa

Yaadrimee sirbaa ibsuun dura madda sirbaa ibsuun barbaachisaadha. Maddi sirbaa ammoo qoodama fooklorii keessaa gara afoolaa dhaquun afoolaan dabarree ammoo gara afwalaloo dhaquun arganna. Hayyootni adda addaa fooklorii bakka hedduutti qoodu. Isaan keessaa Dorsan.R(1972:2) fooklorii yoo qoodu "…folklore can be divided into four categories. These are termed the Oral literature, the material culture, the social folk custom and the performing folk arts," jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, fookloriin: meeshaa aadaa, duudhaa hawaasaa, afoolaafi aartiisochii hawaasaatti qoodama. Isaan kana keessaas gosoota afoolaa keessaa tokko kan ta'e Afwalaloo ilaaluuf dursinee afoola haailaallu.

Afoolli kalaqa sammuu dhala namaa keessatti qindaa'uun afaaniin himamuudha. Haalli kuufamaafi lufiinsa isaas afaaniin malee barreefamaan miti jechuudha. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu: seenaa, eenyummaa, falaasamaa, ilaalchaa, duudhaa, safuu, dinagdee, amantii, siyaasaa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaati. Geetachoon (2008:114) irratti yaada kana deeggeruun, *Afoolli gosa ogbarruu ta'ee aadaa, seenaafi eenyummaa hawaasaa himiinsa afaaniin dhalootaaf akka dabarsu eera.* Kanaafuu, afoolli aartii jechaa ykn ogbarruu dubbii jedhamuu nidanda'a.

Hawaasni Oromoo afoola gargaaramee ittiin: walbashannansiisa, walbarsiisa, duudhaa hawaasaa kallattii qabsiisa, walto'ata, eenyummaa isaa waliif ibsa, seenaa isaa ittiin waliif dabarsa. "*Akkuma dhalli namaa daawwitii keessatti ofilaalu, afoolli haala jiruufi jireenya dhala namaa isa ta'us isa hintaanes kan ifa baasee agarsiisuudha,*" Asafaa (2009:23). Yaada kana irraa wanti hubatamu taateen hawaasa keessatti ta'u kamiyyuu afoola jalaa kan hindhokanne ta'uu isaati.

Ogbarruun hojii  kalaqaa kan barreessaan bareechee barreessuufi kan hawaasni afaaniin dubbatee sammuutti yaaduun qabachuun duubatti aggaammachuun fuulduratti yaaduun barreessaniifi haasaa'aniidha. Yaaduma kana deeggaruun Gumiin Qormaata Afaan Oromoo (1995:1) ogbarruu yoo ibsu: "*Afaan qabeenya dhalli namaa ittiin yaada ibsatuufi ittiin waliigalu isa olaanaadha. Innis akkaataa miidhagina qabuun afaanitti tajaajilamanii yaada, fedhii, amantiifi falaasama qaban, akkasumas, dhugaa jireenya hawaasaa hunda ibsuun yoo danda'amu, haala kanaan afaanitti fayyadamuunis ogummaa yookiin aartii ta'a. Aartiin kunis, ogbarruudha,*" jechuun ibsa. Akka yaada kanarraa hubachuun danda'amutti ogbarruu jechuun ilaalcha, falaasama, amantaafi fedhii hawaasa tokkoo haala miidhagina qabuun kan ibsuudha,wantoota barreeffamaniifi hinbarreeffamin hunda of jalatti haammatas.

Afoolli gosa hedduutu jira. Heddummina isaa irraa kan ka'e bakka tokkotti qoratanii waliin ga'uun rakkisaadha. Kanaafuu, afoola qorachuuf gosa gosaan qooduun barbaachisaadha. Haata'u malee, hayyootni qoqqoodinsa afoolaarratti yaada garagaraa dhiyeessu. Haaluma kanaan Finnegan(1970:12) gama isheetiin Afoolli dimshaashumatti karaa lamaan ilaalamuu kan danda'u ta'uu ibsiti. Isaanis: Bifa hololoon kan darbaniifi bifa walaloon dhiyaachuu kan danda'aniidha. Gama biraan Okopewo (1992:127-290) Afoola Afriikaa sirboota, jechamootaafi raagoo jechuun qooda. Encyclopedia of Birtannica (V.1993:308) ammoo gosoota afoolaa yoo qoodu."*The genres of oral literature covers spoken and song expression,"* jedha.

Afwalaloon Oromoo dhalootaa dhalootatti afaaniin kan darbu yoo ta'u, inni quxisuun isa hangafaarraa kan baratuudha. Yeroo daddarbus kan yeedaloo qabu yeedaloo isaa waliin, kan hinqabnes akkuma jirutti kan darbuudha. Afwalaloon labataa labatatti darbuusaa malee  yoom akka kalaqameefi eenyuun akka kalaqame hinbeekamu. Yommuu kana ammoo akkuma uumamasaa ta'ee gegeeddaramuu danda'a. Jijjiiramni kun yeroo heddummachaa dhufu ammoo yoomessi, ergaan, duraa duubni jechootaa, himootniifi qabiyyeen isaa gegeeddaramuu danda'u. Afwalaloo  kana tursuuf ammoo furmaatni jiru barreessuun kaa'uu, sagaleen waraabuun kaa'uufi bifa fiilmiitiin sochiilee qaamaa, sagaleefi viidiyoo fayyadamuun haala hubatamuu danda'utti galmeessanii kaa'uun furmaata. Okopewo (1993:63-64)

Afwalaloon akaakuu afoolaa keessaa tokko ta'ee haala yeedaloo qabuun kan dhiyaatuufi amala walaloo kan qabuudha. Haaluma kanaan, afwalaloon sirba jireenya dhala namaa haalaan calaqqisiisuufi uummata Oromoo biratti haalaan beekamuudha. Kalaqni kunis qabeenya nama dhuunfaa osoo hintaane qabeenya hawaasa hundaati. Qabeenya hawaasa hundaa kan ta'e afwalaloon faayidaa hedduu kan qabu ta'uu isaa ammoo Misgaanuu Gulummaa, Fennegan (1977:17) irraa wabeeffachuun yoo ibsu,

Afwalaloon daawwitii beekumsiifi falaasamni hawaasa tokkoo keessatti mul'atuufi kan dhaloota irraa gara dhalootaatti ittiin darbu qabeenya uummataati. Akkasumas eenyummaafi sadarkaa qaroomina saba tokkoo kan agarsiisuudha. Afwalaloon Oromoo kan sabni Oromoo gadda, gammachuu, jibba, jaalala, gidiraa, haalota siyaasaa abbootii aangoo sirnoota darbanii ittiin jajachuu ykn komachuuf, waan barri fide ittiin yaadachuufi barsiisuuf kan gargaaruudha. Misgaanuu (2011:28)

Hayyootni garagaraa ulaagaa adda addaa giddugaleessa godhachuudhaan Afwalaloo Oromoo bakka adda addaatti qoodanii jiru. Ulaagaalee hayyootni irratti hundaa'anii Afwalaloo Oromoo qoqqoodan keessaa muraasni:

- Haala uumama Afwalaloo sanaa
- Haaldhiyeenya barruu/afee/ afwalaloo sanaa
- Daangaa barbaachisummaa afaan afwalalichi ittiin dhiyaateefi
- Walitti hidhamiinsa qabiyyeefi haala qabatamaa jireenya hawaasaan walsimsiisuu fa'a.

Fakkeenyaaf, Sumner (1997:15-16)tti qoodama Afwalaloo Oromoo yoo kaa'u, "*Sirba jaalalaa, Sirba gootummaa, sirba jilaafi amantii, sirba seenaa, sirba xiiqii, faaruu looniifi sirba makoo,"* jechuun ibsa. Zalaalem Abarraa ammoo qooddii Finnegan (1970) bu'uureffachuun afwalaloo Oromoo yoo qoodu: *"afwalaloo galataa, afwalaloo gaddaa, afwalaloo amantaa, afwalaloo faaruu daa'immanii, afwalaloo faaruu tiksee, afwalaloo mammaaksaafi afwalaloo dhimma addaa," jechuun kaa'a.* Hayyuun Tafarii Nugusee jedhaman ammoo gama isaaniitiin qoodama afwalaloo kana yoo kaa'an, "faaruu jaalalaa, afwalaloo adamoo, afwalaloo seeneffamaa, faaruu loonii, faaruu ayyaanaafi amantii, afwalaloo yeroo hojii, afwalaloo qabeenyaafi afwalaloo haalaa," jedhu.

Hayyootni yeroo adda addaatti sirbaaf hiika nikennu. Kanneen keessaa Fedhasaa (2013:52-53) maalummaa sirbaa akka armaan gadiitti ibsa.

Sirbi dameewwan ogbarruu keessaa tokko ta'ee addunyaa dhugaa bu'uura godhachuun ilaalcha weellisaatiin haata'u jedhamee ogbarruu miirawaatiin dabaalamee yeedaleeffamuun kan dhi'aatuufi tooftaa yeedaleessuu namootni dhugaa irratti hundaa'uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul'isaniidha. Kalaqni yeedaleeffamu sunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kan adeemuudha. Sirbi hojii kalaqaa haata'uyyuu malee, dhugaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ibsuudha. Hayyootni yeroo adda addaatti sirbaaf hiika nikennu. Kanneen keessaa Fedhasaa (2013:52-53) maalummaa sirbaa akka armaan gadiitti ibsa.

> *Jechi 'sirba' jedhu kun sochii qaamaa akka ta'etti beekamuu danda'a. Haata'u malee, sochii qaamaa osoo hintaane, walaloo yeedaloon sagaleeffamee hurrubummaan dhugoomuudha. Sochiin qaamaa garuu maqaa ittiin beekamu qaba.Innis, hurruubbii jedhama.Naannoo Oromiyaa keessattis hurruubbii gosa adda addaatu argama. Fakkeenyaaf,shagooyyee, dhiichisa, mirrisa, geelloo, kumkummeefi kkf fa'a kaasuu dandeenya. Egaa, sirbi walaloo yeedaloon weellifamu yommuu ta'u, sochiin qaamaa ammoo hurruubbii yeedaloo sana waliin deemuudha. Kanaafuu, sirbi hurruubbiin walqabata jechuudha.*

Itti dabaluun Richard Bauman,(1992:73) maalummaa sirbaa yoo ibsu, "*song is a short poem or other set of word or set to music or meat to be sung and a brief composition written or adapted for singing"*jechuun kaa'a.Yaadni kunis, sirbi walaloo gabaabduu bifa muuziqaan dhiyaatu ta'uu ibsa.Gammahuu,(2003:89) ammoo maalummaa sirbaa yoo ibsu,

> Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs, beliefs, rituals, sorrow, joys and songs are the means by which the society expresses its feelings and emotions,

understanding about the past, react to the present situations, teaches the new generation and forwards to the coming generation.

Akka yaada kanaatti ammoo sirbi karaa uummatni Oromoo barsiifata, duudhaa, amantaa, gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsatuudha. Akkasumas, sirbi kan hawaasni fedhiifi kaka'umsa isaa, haala darbe, haala ammaafi haala yeroo dhufuu walitti fidee kan hubachiisu, dhaloota haaraa kan barsiisuufi dhaloota dhufutti dabarsuun kan mul'isuudha.

Sirbi gooroowwan ogafaanii keessaa tokko. Jecha sirba jedhu beektuun Finnegan jedhamtu tokko walaloo yeroo kaan ammoo sirba jechuun fayyadamti. Yaada kana jechuma isheen ka'uuf, *"There is a poetry associated with secret societies, various types of associations, intiation, begging masquerades and there are also the very common songs to do with cattle and cattle helding. But war and hunting are topics of particular interest for many African societies, and have frequently given rise to specialized poetry* (Finnegan 1970:206) jechuun ibsiteetti.

Yaada kanarraa wanti hubannu gooroowwan ogafaanii keessaa sirbi bifa walaloon akka qindaa'uufi dhiyaatuudha. Kanaaf, maqaa sirboota kanaa 'walaloo addaa' osoo jennee gaarii akka ta'etti ibsiti. Yaada kana Kipury (1983:198) akkana jechuun deggera. "*songs and poetry are an essential part of life in many communities. There are certain rituals that are observed to the accompaniment of songs, dirges and other poetic forms"* jechuun sirbaafi walaloon unka walfakkaataa akka qaban ibsa.

Sirbi bifa walaloo qaba. Walaloon ammoo qindaa'ina jechootaa, dubbii qolaafi walsimannaan kuulamee dhiyaata. Akkasumas sochii qaamaa, kaka'umsi miiraafi iddoo tokko tokkotti ammoo meeshaalee muuziqaa aadaatiin tumsamee dhiyaata (Nagarii Leencoofi warra biroo 1993:64) jedhu. *"the language of poetry after, but not always, contain features that are not found in prose for instance meter and rhyme/both of which are also part of prosody with further characterization holding the great intensity with likeliness of being metaphorical and connotation."* (Abarraa Nafaafi warra biroo 1993:64). Yaada barreessitoota kanaarraa akka waliigalaatti sirbi gooroo ogafaanii bifa

walaloon dhiyaatuufi sirbaafi walaloon walfakkeenyaafi walitti dhufeenya akka qabaniidha.

Jecha qorataan sirba jedhu Finnegan altokko ‘poetry’ ala biraa ammoo ‘song’ jechuun fayyadamti. Barreessitootni Afaan Oromoo ammoo gariin weedduu, kaan faaruu, kaan sirba jechuun fayyadamu. Isaan kunis gooroo kana xiqqoo waan dhiphisan fakkaatu. Gooroo ogafaanii keessa sirbi kan bifa walaloon dhiyaatan kan akka geerarsaa akka of keessatti haammatu “some times the same genre of poetry is even used to deal with like the [Oromo] gheraera or boests, universal among warriors and hunters (Finnegan 1970:207) jetti. Qorataan kun garuu sirbaan weedduu jechuun sirba kan dubarri qofti sirbitu, kan qabiyyeen isaa jaalala ibsu qofatti daangessuu waan ta’eef sirbi garuu sirba dubaraa (weedduu), geelloo dhiiraa, mararee (faaruu), sirba hojiifi kan yeroo lolaa mara waan qabatuuf sirba jechuu filateera.

Qabiyyeen adda addaa sirboota Oromoo kun caasaan isaanii akka wal fakkaatu Sumner kitaaba isaa bakka adda addaatti ibsee jira. “*As observation applies to Oromo songs their length is not as great as in the folkloric stories and long ends. Nor are the songs as short as the proverbs which usually are only one-sentence long. A great number of songs as a matter of fact all of them in the more no collection, are four verse long just as the average number of sentences* (Sumner 1997:342) jedha. Yaaduma kana Asafaa Tafarraa (1997:15) akkana jechuun cimsa: Walaloon waloo durdurii kan akka weedduu jaalalaa toora lamas sadiis haa ta’u malee yeroo baay’ee toora afuri. Afran keessaa toorri lameen duraa unkumaaf, sagalumaaf (sound paralalism) itti galcha, akkasumas akka itti seensa ijoo dubbiitti “rhythmatic introduction to the main theme” fayyaduufi akka miidhagina weeddichaaf (aesthetic beauty) dabaluufis. Unkaan geerarsaa kan sirbaa kana fakkaatus buusaan isaa akka kan sirbaa kana gabaabaa miti (Sumner 1996:62) wabeeffatee akka ibsetti.

Yaada barreessitoota armaan oliirraa wanti hubannu sirbootni Oromoo qabiyyeen isaanii adda adda ta’us baay’inni buusaa isaanii giddugaleessaan walfakkaataadha. Kunis irra caalaan isaanii walaloo toora afur qabuun kan dhiyaatu ta’uu isaati. Toora arfan keessaa kan duraa lamaan ergaa sirba sanaaf osoo hintaane toora itti aananii dhufan miidhagsuuf

kan oolan akka ta’aniidha. Qabiyyeen sirboota kanaa toora dhumaa lamaan keessa akka jiru ibsa isaaniirraa hubachuu dandeenya. Kanaaf, fakkeenya kan ta’u

“Jimmaafoo Jimma Jimmaa

Walakkaafi Gibe malee

Jirraafoo jirra jirraa

Walargaat dhibe malee” (Asafaa 1997) sirba Oromoo jedhu kana osoo ilaallee “Jimmaafoo Jimma jimmaa walakkaat gibe malee” kan jedhu kun toora itti aananii jiran miidhagsuuf malee, ergaa sirba kanaaf gumaacha biraa hinqabu. Sumner (1997:36) yaada kana “the first couplet is unconnected with the second in content” jechuun dhugoomsa.

### 2.2 Qabiyyeewwan Sirbaa

Ogbarruun Oromoo haala jiruufi jireenya hawaasichaa kan ibsuufi kan mul’isuudha. Kanas, karaa sirboota adda addaa arguu dandeenya. Sirbi gadda, gammachuu, ilaalcha, muuxannoofi kan fakkaatan ittiin ibsachuuf sirbama. Dabalees, namootni sirba kan sirbaniif dhugaa hawaasa keessa jiru ittiin ilaaluuf, ittiin xiinxaluuf, ittiin beeksisuuf akkasumas, haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ittiin walbira qabuun waldorgomsiisuuf gargaara. Kunis, haala ittiin bulmaata hawaasichaa kan mul’isu ta’ee, xiyyeeffannoon isaa karaa adda addaan mul’achuu danda’a. Haala kanaanis, xiyyeeffannoon qabiyyee keessatti mul’atu gama ergaa, qindoominaan, faayidaa kennuun, akkaataa itti sirbamuufi fayyadamaan ta’uu danda’a. Weellisaan tokko ergaa sirba sirbuu qofa giddugaleeffachuu danda’a. Kaan ammoo, qindoominaafi caasaa sirba sirbanii irratti xiyyeeffachuu danda’u. Barreeffamaafi yeedaloo sirba tokkoo keessatti ammoo xiyyeeffannoon wanti ilaalamuu qabu inni biroon fayyadama afaaniiti.

### 2.3 Gosoota Sirbaa

Sirbi dhimmoota garagaraa irratti hundaa’ee qoqqoodama. Qoqqooddaa sirbaa kanaaf, wantootni bu’uura ta’an: akkaataa itti sirbamu, meeshaa itti fayyadamuufi dhimmootni sirbi sun sirbamuuf isaan muraasa. Toorri interneetii https://melodyful.com/types-of-songs_jedhamu, qoodama sirbaa kana yoo kaa’u, classical, pop, hip-hop, country, balladsjechuun ibsa. Akka yaada kanaattis bu’uurri qooddaa kanaa akkaataa itti sirbamu

kan giddugaleeffate yoo ta'u, sirba aadaa, sirba rukuttaa, sirba rukuttaa malee, sirba biyyaa, sirba seenaa jechuun ibsa.

Dhimma sirbi sirbamuuf irratti hundaa'uun ammoo gosoota sirbaa Fedhesaan yoo qoodu: sirba jalaalaa, sirba cidhaa, sirba hojii, sirba ajjeesaa, sirba diddaafi kkf jedha. Fedhasaa (2013:53). Kana malees, Encyclopedia of Britanica (1993:vol.11) irraa gosoota sirbaa kana yoo ibsu,

> A song can have one of the types of these are Art song and Folk songs. In the case of folk songs necessarily does not need music composition. Folk song is one of the most forms of folk literature typically a song that lives in oral tradition learned through hearing and performing that reading disseminated with in families and restricted social network.

Akka yaada kanaatti sirboota gosa lamatu ibsame. Isaanis: weedduu ammayyaafi weedduu aadaati.Weedduun aadaa qabiyyeefi meeshaalee muuziqaa mara kan of keessatti hinqabanneefi dhaga'uufi gochaan kan baratamu akkasumas, maatiifi walitti hidhamiinsa hawaasaa keessatti kan ifoomuudha malee iddoo maratti ba'ee kan mul'atu miti.

Moggaasa maqaa isaa irraa akkuma hubachuun danda'amusirba diddaa jechuun sirboota namootni dhuunfaan ykn gamtaan yeroo dhimma morman tokko ibsan ykn dhimma mormamuun itti jiru tokko mormuuf ka'an sirbaniidha. Finnegan(1970:270) "Song can be used to report and comment on current affairs,for political pressure for propoganda and to reflect and mould public opinion,"jetti. Kana jechuunis,sirbi dhimmoota yeroo irratti qeeqa kennuu, dhiibbaa siyaasaaf kakaasuu, yaada ofii calaqqisiisuufi yaada uummataa ibsuuf kan gargaaruudha.Gama biraan, Fedhasaan (2013: 28) yammuu ibsu, "Namoonni baay'een afoola gargaaramanii jireenya keessa jiran qeequ, waan gaarii deeggeru, isa gadhees mormu, dhaloota ittiin gorsu,akeekkachiisus," jedha.Yaaduma kana Fakede(1991:20) akka ibsetti, "*sirboonni, geerarsi, mammaaksi, durduriiwwan, jechamootni, haala jireenya hawaasaa, naamusa gaarii, , haala itti dhuganiifi nyaatan, uffatan, itti taa'an, dubbataniifi kkf keessatti adeemsa barsiisa,*"

## 2.4 Fayyadama Afaanii Sirba Keessatti

Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti fayyadamni afaaniibarbaachisaadha.Dhalli namaa yaada waljijjiiree kan walqunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun ammoo, haala dubbiifi barreeffamaan nugargaara.Yaaduma kana deeggaruun,Clark (1996) akka jedhutti, "*Afaan kan qo'atamu haala caasaafi fayyadama isaatiini*." Kana jechuun, caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xiinsagaa, xiinjechaafi xiinhima afaanichaati. Fayyadama afaanii qo'achuun ammoo xinqooqa qo'achuu waanta'eef, qo'annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti.Kanaafuu, qo'annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojii irra oolmaa afaanichaa kan qo'atuudha.Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanni iddoo adda addaa keessatti kennuudha. Haala kana, Clark (1996) yoo ibsu, "*Fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaadha,*" jedha.

Kanaafuu, hojiin fayyadama afaanii irratti hojjetamu, garaagarummaa haala xinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsuu irratti xiyyeeffachuu qaba. Sababni isaa,fayyadamni afaanii walqunnamtiin inni hawaasaa wajjin qabu laayyoo waan hintaaneefidha. Kanas, fayyadamtoota dhuunfaatii kaasee hanga hawaasa bal'aatti jiru ilaaluun nidanda'ama. Haaluma kanaan, Isuma (1996) gama isaatiin, "*Fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisu*" jechuun ibsa. Fayyadamni afaanii adeemsa nama dhuunfaafi hawaasa maraa kanhammatuudha. Fayyadamni afaanii yoomessa murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifiafaanota naannoo sanatti dubbataman biroo, haala akkamii keessatti akka dubbataman, ilaalchaafi amantii afaanicha irratti namootni qaban kan hammatuudha. Walff (2000) "*Fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffileexiinqooqa hawaasaan walqabatankanneen akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf jedhan kaasuun hubachuun nidanda'am*a" jedha.Kana jechuun, afaan hawaasni fayyadamu haalawwan akkamiifi yoomessa akkamii keessatti akka gargaaramuun danda'amu kan mul'isuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002) fayyadama afaanii yoo ibsu,"*Asxaa hawaasaa isa olaanaa*" akka ta'etti kaa'a. Kana jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsuudha. Kan ittiin adda ba'us afaan dubbatuuni. Namni tokko afaan akkaataa

barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaatiif itti fayyadamuu nidanda'a.Haala yaaxinni xinqooqa hawaasaa ibsuun fayyadama afaanii irratti haala qabatamaalamatu jira. Isaanis: Fayyadamni afaanii haala hojiirra ooluun jijjiirama haammatamuufihawaasni hunduu afaan akkuma dhimmichaatti garaagarummaan fayyadamuudha.

### 2.4.1 Fayyadama Jechootaa

Sirbi tokko haalaan qindaa'ee hiika akka kennu gochuuf,akkasumas miiradhaggeeffataa akka harkisuuf jechootnifayyadamnu murteessoodha. Jechootni kunis bifa garagaraan sirboota keessatti argamuu danda'u. Isaan kunis, hiikawalfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaan,hiika sirriifi dhokataaakkasumas, bifa jechamaan mul'achuu danda'u. Weellistootni tokko tokko naa ta'a jedhanii jechoota kalaqaniiyoo weellisan nimul'atu. Haata'u malee, maalif weellisaan jechoota akkasiitti gargaarame jedhamee qeequun hindanda'amu.Garuu, jechootni uumaman weellisaafi dhaggeeffataa gidduu waliigaltee ogummaa ogbarruu akka hinballeessineofeeggachuun barbaachisaadha. Kana malees, ergaa dabarsuu barbaade dhaggeeffattoota isaa biraan gahuuf jechoota gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Weellisaan tokko hojii ogbarruu isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechootaan kan badhaadhe ta'uu qaba. Baay'ina jechootaa qabaachuun qofti garuu, yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta'een dabarsuuf ga'aa hinta'u. Kana jechuun jechoota hiika sirriifi hiika dubbii haala barbaadamuun fayyadamuu danda'uun barbaachisummaa qabaata.Jechoota hiika sirrii kan jennu jechi tokko uumamaan hiikni isaa kan beekame kan namni hunduu itti waliigale moggaasa ganamaa jechuu yoo ta'u, hiikni dubbii ammoo, jecha hiika sirrii irratti rarra'ee kan muuxannoo uummataa wajjin deemuudha.

Haaluma kanaan weellisaanfayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisummaa isaaiitti gargaaramuu qaba. Karaa biraatiin, jechootni qofaa dhaabbatanii ergaa ifaa ta'e dabarsuu dhiisuu danda'u. Sirrii ykn sirrii miti jechuun hindanda'amu ta'a. Ergaa guutuu dabarsuu kan danda'an barruu (weelluu) sirbichaa keessa erga galaniidha. Sirriifi sirrii ta'uu dhiisuun isaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluudhaan ta'a jechuudha. Jechootni akkaataa yeedaloo sana keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta'uu danda'a. Jechi

tokko bakka hinbaramne yemmuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf weellisaan jechoota filachuu irratti jechootni bakka galanitti ergaa sirrii dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qaba. Haaluma kanaan, qorataan fayyadama jechootaa caalmaan sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti argaman armaan gaditti ibseera.

Filannoo jechootaa jechuun fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee, jechoota duraan fayyadamnu caalaa jechoota muraasa fayyadamuun yaada ifaa ta'e dhi'eessuu waliin kan walqabatuudha. Dhimmi kun hawaasa keessa jiraannu waliinis kan walqabatuudha. Ayub (2008) yaada kana yoo ibsu, "*The word choice of the community members in the mentioned domains with people of the respective domain we investigated*,'' jedha. Jechootni filamanii hawaasa keessattis ta'e, sirba kana keessatti ergaa isaan dabarsan olaanaadha.

Hojiilee ogbarruu keessatti filannoon jechootaa murteessaadha. Keessumaa sirboota keessatti filannoon jechootaa murteessummaa olaanaa qaba. Karaa biraatiin, filannoon jechootaa sirbi tokko hawwataafi miira dhaggeeffattootaa harkisuu akka danda'u godha. Weellisaan sirba isaa keessatti filannoo jechootaatti haalaan hinfayyadamu taanaan sirbi isaa dhama dhaba, nama hinharkisu jechuudha. Weellisaan sirbaan yaada isaa dabarfachuu isaatiif akka meeshaatti kan gargaaramu afaani. Bu'uurri afaanii ammoo, jechoota waan ta'aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf qindoominaafi walhidhiinsi jechootaa barbaachisaadha. Dhugummaa qabaachuufi dhiisuu hima tokkootiif jechootni hiriira isaanii qabachuun hima sanaaf murteessaadha. Kanaafidha filannoon jechootaa sirba keesssatti barbaachisaa ta'ee kan argameef.

Sirba tokko jaallatamaa ykn jibbamaa gochuu kan danda'u bu'uuraan filannoo jechootaati. Kanaaf, weellisaan filannoo jechootaa irratti sirriitti xiyyeeffachuu qaba. Filannoon jechootaa kunis jechoota hiika kallattii qabaniifi jechoota hiika dhokataa qaban jechuun bakka lamatti ilaaluun nidanda'ama. Sirbi qorannaa kanaaf filames jechoota hiika kallattiifi dhokataa qaban waan qabuuf yaada ergaan isaa dafee hubatamuufi xiinxala gadifageenyaan ergaan isaanii hubataman qaba jechuudha.

Haaluma kanaan, ogbarruun jechoota hiika irra keessaafi hiika wabeessaa qaban nigargaarama. Fayyadamni jechootaa sirba keessatti karaa ifa ta'een ergaa barbaade

akkuma dabarsu, hiika wabeessaa niqabaata. Lyons(1995) akka ibsutti, " Hiika wabeessaa jechuun hariiroo jechi tokko taatee hawaasaan qabu calaqqisiisa". Kanarraa wanti hubatamu, fayyadama afaanii keessatti jechoota aadaa hawaasaa keessa jiran fayyadamuun ergaa barbaade dhugaa ykn taatee jiruun walbira qabee ibsuu jechuudha.

Yaada faallaa jechootni qaban jechoota faallaa jedhamu. Yaadotni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda'u. Addunyaa (2014:112) "*Jechoota faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jiruudha,*" jedha. Jechoota kanas, karaa adda addaan arguu dandeenya.Yeroo baay'ee weellisaan sirba keessatti jechoota faallaa haala garaagaraan tajaajilama.Yeroo tokko tokkosirba keessatti bifa dhokataa ta'een yeroo itti dhimma bahamutu mul'ata.Weellisaan sirba isaa keessatti jechoota adda addaa waan adda addaaf itti gargaaramuu danda'a. Jechootni kun kallattiin ykn alkallattiin ergaa dabarfamuuf barbaadame kan mul'isaniidha. Jechootni siyaasaa yemmuu weellifaman sirriitti ilaalamuu qabu. Sababni isaas, yeroo tokko tokko yaadni weellisaan dabarsuu barbaaduufiakkaataa dhaggeeffataan itti hubatu walunachuu dhabuu waan danda'uufidha.

Jechoota moggoo jechuun akka aadaa Oromootti kanneen maqaa walfakkaatu qabaniidha. kun ammoo, moggummaa unkaati malee, moggummaa hiikaa miti. "*Moggoon kunis walitti dhihaata malee guutummaatti tokko ta'uu hindanda'u. Guutummaatti hiika tokko qabaannaan isaan jechoota garaagaraa ta'uu hindanda'an."* Addunyaa(2014). Akka yaadakanaatti jechootni walfakkaatan hiika walitti siqan haqabaatan malee hiika waan tokkoof kenname isa kanbiraaf kan kennamu miti. Kanaaf, hiikni guutummaa guutuutti tokko ykn moggaasa waan tokkoof tokko ta'e hinjiru jechuudha.Haaluma kanaan, hiika jechootaa irratti weellistootni xiyyeeffannoon ilaaluu baannaan yaada dhaggeeffattootaa burjaajessuu danda'a. Kanaafuu, xiyyeeffannoon weellisaan hiika jechootaa irratti qabu murteessaadha.

Jechootni galumsaa ammoo, jechoota haala adda addaan hiika kennuu danda'aniidha.Jechoota kanas akkaataa weellisaan sirba isaa keessatti itti gargaarameen arguun nidanda'ama. Haata'u malee, isaan kana dhaggeeffataandafee hubachuu dhiisuu danda'a. Sababni isaa, akkaataa weellisaan itti yaadee yeedaleesseefi dhaggeeffataan itti hubatu tokko hinta'u. Karaa biraatiin jechootni bakka galanii jiraniin hiika galumsaa

qabu. Akkasumas, akkaataa fayyadamaatiin adda adda ta'uu danda'u. Kunis akkaataan jechi tokko himatokko keessatti hiika kennuufi hima biroo keessa galee hiika kennu garaagara ta'uu danda'a. Kunis akkaataa galumsaan ergaa barbaadame dabarsuudha.

Jechootni safuu jechoota afaan kamiyyuu keessatti baratamanii haala adda addaa irraa kan ka'e hawaasni akka fedhe maqaa hindhoofneedha. Jechoota kanneen haala baratamerraa ka'uun maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalamu.Jechootni safuu ta'an kun hawaasa Oromoo biratti nilagatamu, dhoksaan malee ifatti baasuun hindubbataman jechuudha. Geetaachoo (2011:34 ) akka ibsutti "*Afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraan kan ka'e hawaasnijechoota akkuma fedheen maqaa kan hindhoofne nijiru. Jechootni kan baramerraa ka'uudhaan maqaa dha'uun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalama*," Kana jechuun, jechootni bakka bu'uu dadhaban osoo hintaane namatti waan hintolleef maqaa hindha'aman.Darbees, hawaasa ittigargaaramu keessatti akka laguutti waan itti amanamuufidha.

### 2.4.2 Fayyadama Jechamaa

Jechamni goroowwan ogafaanii keessa tokko. Gooroon kun caasaa isaatiin mammaaksa waan fakkaatuuf namootni hedduun akka gooroo ofdanda'eetti hinilaalan. Mangashaa Riqituu (1992:12) jechamni gooroo ogafaanii, Oromoon ittiin beekamu keessaa tokko akka ta'e akkasitti ibse. "The rich Oromo folklore, oral tradition, music, art and particularly, proverbs and sayings have given this nation a sense of identity and common heritage. It has become the way they see, understand, interpret the world and express their beliefs and values about it."

Ibsa barreessaa kanaarraa kan hubannu jechamni gooroo ogafaanii jiran keessaa akkuma mammaaksaa hawaasni Oromoo akka hedduminaan fayyadamu, eenyummaa hawaasa kanaan akka walqabatuufi akkaataa addunyaa itti ilaalan, hubatan, hiika itti kennaniifi ilaalcha isaanii kan ittiin ibsatan akka ta'eedha.

Kipury, N. (1983:14) maalummaa jechamaa akka ittaanu kanatti ibsa: "An idiom is a form of expression that peculiar in the sense that it has a meaning other than its grammatical or logical one. Idioms usually peculiar to a language or people, and their

substantly makes extra polation in to another language or media almost impossible to achieve." jedha. Gama biroon ammoo Gaaddisaa Birruufi warreen biroo (1991) jechamni jechoota hiika adda addaa qabanirraa ijaaramee hiika biroo kan jechootni sun duraan hinqabne uuma. Hiikni jechamni qabu hiika jechoonni inni irraa ijaarame qabanirraa adda. Jechama 'Garaa nyaachuu' jedhu osoo fudhannee nama rakkateef gadduu hiika jedhu qaba. Jechoota lamarraa ijaarame, jechoonni kun lamaan bakka tokkotti hiika kennan kana kopha kophaatti hinkennan yaada jedhu qabu.

Yaada barreessitoota kanaarraa jechamni jechoota hiika garagaraa qabanirraa jecha ykn gaalee hiika biraa qabu kan ergaan isaa aadaa hawaasa tokkootti daanga'e ta'uu hubanna. Ergaan jechamni qabu caasaa jechootaa inni irraa ijaarame waliin wal hinfakkaatu. Fakkeenyaaf, jechamni Oromoo 'quba hinqabu' jedhu hiikni isaa quba harkaa hinqabu jechuu osoo hintaane 'hinbeeku', 'hinagarre', 'hindhageenye' jechuun dubbii dubbatamaa jiru sana dhaga'ee gurraa akka hinqabne ibsuuf jedhama. Jechama kana afaan biraatti osoo jijjiirree hiika Afaan Oromoo keessatti qabu nidhaba jechuudha.

Jechamni akkuma mammaaksaa dubbii qolaa akka fayyadamu Kipury (1983:14) akkanatti ibsa: "An idiom is another form of figure of speech that is used commonly both in oral and written literature. For example, the saying children are 'the bright moon' is a simile" jechuun ibsa. Yaada kanarraa jechamni unka dubbii qolaa akka qabu, ergaan isaa caasaa isaa irra akka caalu, yaada bal'aafi gadfagoo akka dabarsu hubanna. Akkasumas jechamni afaan dubbii keessatti qofa kan fayyadamnu osoo hintaane ogbarruu keessattis faayidaa guddaa akka kennu ibsa kanarraa hubachuu dandeenya.

Mangashaa Riqituu (1999:12) Faayidaaa jechamaaa akka Mangashaa Riqituu (1999:12) ibsutti, "Oromo people use proverbs and saying to communicate with others through double meanings, cross words, cross games, cross joke etc. to give practical example of the usage of doubled un polished phrases, Fkn: Hoo'u! Eeboo abbaa kee kaa'i" jedha. Barreessaan kun hiikni jechama kanaa hoo'u eeboo kanaan abbaakee ajjeesi jechuu akka ta'e ibsa. Jechamni yaada dhokataafi baay'ee barbaachisaa jechoota hiika kallattii hinqabneen ibsuuf akka gargaaru addeesseera. Yaada kana Fiqaaduu Gadaa (2008) akkana jechuun cimsa: Jechamni jecha hiika dachaa qabuudha. Afaan Oromoo keessattis hedduminaan argama. Hiika dachaa qabaatullee dubbataan kan itti fayyadamu hiika

dhokataa sana ibsuufi. Hiikni kunis dubbii dubbatamu sana mi'eessuufi yaada icciitii ta'e dabarsuuf akka gargaaru ibsa. Fakkeenyaaf, jechamni 'gurra guddaa qaba' jedhu, qaama miiraa gurra qabaachuu osoo hintaane namichi beekamaa akkata'e ibsuudhaaf jedhama

Jechamni yaada dhokataa ofkeessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Kanaafuu, jecha, gaaleefi hima qofaa dhaabbatee yaada bal'aaf sammuu namaa affeeru jechuun nidanda'ama. Akkasumas, jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha. Waan jechuu barbaade icciitessuuf yaada dhokataan jechootatti fayyadamee hima. Namni dhaggeeffatu ammoo, haalaan walqabsiisee xiinxaluun hiika isa dhokataaargata. Kanaafuu, hiikni jechamaa hawaasa keessatti beekama.Jechama Oromoos yoo fudhanne hawaasichatu ittifayyadamuun dubbii kooba. Kanarraa kan ka'es, hawaasichaan alatti hiika hinqabaatu. Waa'ee jechamaa ibsuufi ijahawaasichaan xiinxaluun barbaachisaadha jechuudha. Kanaafuu, jechama saba biroo bu'uureffannee kan Oromoo qorachuun hindanda'amu. Rakkoon jechama Oromoo ibsuu keessatti mul'atus kanuma irraa kan madduudha. Jechamni jechoota lamaafi isaa olitti gargaaramee yaada irra keessatti mul'atu osoo hintaane isa dhokataa ta'e kan ibsuudha. Harcourt (1994:216) yaada kana yoo ibsu, "*An idiom expresion whose meaning is particular to the language or differs from the individual meaning of its element,*'' jedha.Kunis, hiikni jechamaa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni dhuunfaan itti kennuakka hintaane ibsa. Kana jechuun hiikni jechamni sun kennu dubbataa afaanichaan malee kan namnikamuu hiiku miti jechuudha.

Haaluma kanaan sirba keessatti jechamatti gargaaramuun ergaa barbaachisaa ta'e dabarsuun nidanda'ama. Kanaaf weellisaan weelluu isaa keessatti jechama yemmuu gargaaramuofeegganno cimaa isa barbaachisa. Kana ta'uu baannaan rakkoon walhubannaa uumamuu danda'a.

### 2.4.3 Fayyadama Malleen Dubbii

Malleen dubbii namootni kan ilaalan, kan dhaga'an, kan qaqqaban, kan dhandhaman,sammuu isaaniikeessatti wanta fakkii uume nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti hiran,qaama dubbiiti. Malli dubbii haala, amala, miira nama/bineensa/ tokkoo kan biraatiif kennuun ykn walfakkeessuufiwaldorgomsiisuun dhi'eessa. American Encyclopedia(1985:195) waa'ee mala dubbii yoo ibsu: "*Malli dubbii*

*ogbarruu keessattikaraalee adda addaa fayyadamuun ergaa barreessaaf darbuu barbaade haala ifaaficiminaqabuun akka darbu qaama godhuudha. Malli kunis ogbarruutti miidhagina kan uffisuta'uu isaa kanirraa hubannuudha".*

Dabalataanis, kitaabuma kana keessatti akka kaa'utti "*Malli dubbii akkaataa ykn bifa waan ibsaan taa'e kan jecha sirrii ykn tartiiba hima isa sirriifi hiika jechaa barame irraa maqsuun dhi'aatuudha. Kunis kaayyoon isaa dhiibbaa addaa uumuufidha*" Yaadakana yemmuu ilaallu waliigalteen duraan namootni qabaniifi akkaataan isaan ittiin waliigalan haala idilee irraa gara alidileetti jijjiiruun akka ta'eedha. Kanuma ilaalchisee, Shaw ( 1972:160 ) akka kaa'etti "*Jechootni hiika kallattiin ala qabaniin wantoota biraa yoo ibsan kan uumamuudha*." jechuun kaa'eera. Yaadni kun kan agarsiisu, jechootniifigaalewwan hiika kallattiin qabaniin alatti wanta biraa bakka bu'uu, walitti dhufeenya isaan gidduu jiru ibsuufi amala tokko wanta biraan bakka buusuun yaadni keenya akka ifa ta'u godhu.Kunis, ergaan himichaa sammuu dubbisaa ykn dhaggeeffataa keessatti fakkkaattiiuumuun salphaatti akka hubatamu gargaara.

Karaabiraatiin, malli dubbii ergaa darbu tokkoof cimina yemmuu kennu argina. Akkasumas, galumsa hiikajechaa ykn gaalee kan barame irraa maqsuun yaada darbusanaaf xiyyeeffannaa kennuudha. Ergaan sun ergaa laafaafi xiyyeeffannoo salphaa kan kennu osoo hintaane kan dhimma sana gadi fageenyaan xiyyeeffannee ilaallu ta'uuisaati. Ergaan darbe sun yoo tures haaromee sammuu keenyatti akka yaadatamu gochuu danda'uu isaati.Warrinnier(1982:352) yaada kana yoo ibsu,"*It is figuratives when it immaginative rather than factual*'' jedha. Yaadnikun kan ibsu, dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessattikalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa ykn dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu ykn kan kaa'uudha.Akkasumas, malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qabu.

Addunyaan (2013:208) yoo ibsu, "Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha. Yaada kanarraakan hubannu malleen dubbii qaama barbaachisaa ta'eef haala salphaa ta'een ergaa kan dabarsuudha''jedha. Akka yaada kanaatti, mala dubbii fayyadamuun wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda'utti salphisee dhi'eessuudha.Kana jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hintaaneen ergaa barbaadamu kandabarsuudha.Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa

tokko ta’ee ergaa barbaachisaa ta’e haaladhaggeeffataan gadifageessee hubatutti kan dhi’eessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaakeessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf ittifayyadama. Haaluma kanaan, yeedaloo sirbaa keessatti bifa garagaraan kaa’a. Akkasumas, weellisaan jechootni hiikadhokataaakka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataauumuun hubannoo dubbistootaa ykn dhaggeeffattootaa hawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechootni kallattiinqaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama.Jechootni haala kanaanfayyadanis malleen dubbii jedhamu.

Hojiiwwan uumeefi kanneen biroo keessatti akkasumas barreeffamaafi afqunnamtiikeessatti malleen dubbiifaayidaa adda addaa qabu. Yaada kana Encyclopediaof Americana( 1985:195) akkas jedha. “*Barreeffamaafi afqunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta’e kennuu, yaada cimsuu, kan lubbuuhinqabnetti lubbuu horuu, yaadni darbu sun akka dinqisiifatamuufi miidhaguuf gargaara. Akkasumas wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha*.”

Gama biraatiin,malleen dubbiittikan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootaadha. Kan dubbatu dubbii isaa keessatti, kan barreessu ammoo, barruu isaa keessattifayyadama.Kana jechuun, dubbiin /barruun/ nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuufgargaara. Weellisaan tokko waan jechuu barbaade sirriitti jechuu kan danda’u sadarkaa dandeettii jechootaa yeroo qabaatuudha.Ta’uu baannaan garuu, dadhabbiin isaa hundi kan gatii hinqabne jalaa ta’a. Sababni isaa, ogbarruu tokkojaallatamaa kan godhu ergaa keessa isaatti baate qofaosoo hintaane miidhagina afaanergaa isaa ittiin dabarsatu yeroo qabaatuudha.

Afaanichi miidhagina qaba taanaanakkaataan ergaan itti darbu hawwataa taanaan ogbarruchi jaallatamummaa qabajechuudha. Kana kan godhu ammoo, fayyadama dubbiiwwan qolaatijechuudha. Faayidaa malleen dubbii ilaalchisee Shaw (1972: 159-160) akkajedhutti:

> Figurative language is delibrate and international departure from normal word meaning or word order so as togain freshness and strength of expressionthebasic purpose of figurative languages are to

employ ornomental devices for comparing dissimilar things and for creating sound and images

Fayyadama afaanii irratti hundaa'uun barreessitootni ogbarruu malleen dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun kaa'u. Qoodinsi kunis ergaa dabarsuu irratti waan ta'eef ergaa hubachuuf ammoo, gadifageenyaafi kallattii garagaraan ilaaluun barbaachisaadha. Qoodamiinsa malleen dubbii ilaalchisee kitaabotni karaa adda addaan lafa kaa'u. Isaan keessaa Harcourt (1994:216) akkas jedha, "*The shief figures of speech are: simile, metapher, hyperbole, personification, paradox, allusion,*" jechuun qooda. Gosti malleen dubbii kunis, akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemitii, walqabsiisa jedhamanii hiikamanii jiru. Walumaa galatti, malleen dubbii maqaa adda addaa haqabaatan iyyuu malee, yaada kalaqaa ykn haala nama hawwatuun fakkii wantootaa, xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suuraa kaasuudha. Kun ammoo, namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaa ta'een akka hubatuuf isa gargaara. Sirbi kunis malleen dubbiitti fayyadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kkf gadifageenyaan ibsa. Kana malees,malleen dubbii sirbi tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay'ee murteessaadha.

Gosoota malleen dubbii waraqaan qorannoo kun irratti xiyyeeffate ja'a. Isaanis: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemitiifi fakkoommii fa'i. Gosoota malleen dubbii kana irrattis ibsi beektota garaagaraa akka armaan gadiitti dhihaate.

#### 2.4.3.1 Akkasaa

Akkasaan dorgomsiisaa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, gaha, caala jedhaman gargaaramuun waldorgomsiisa. Meyer,( 2008:10) akkas jedha, "The writer is saying that something is like or the same as some thing else." Yaada kana irraa wanti hubatamu akkasaan yeroo hundumaa jechoota akka ykn fakkaata jedhutti gargaaramuu isaati. Haaluma kanaan, wantootni waldorgomsiifamanis gosaan adda adda, garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta'een ibsa. Karaa biraatiin mala dubbii kan waa lama haala walfakkii muraasaan kan waldorgomsisee dhi'eessuudha. Kana jechuun, walfakkeenyi wantoota waldorgomsiifamanii guutummaa guutuuttiyoo ta'uu baate iyyuu,waa muraasaan kan walfakkaatan ta'uun ibsamuu danda'u. Sababni isaas, wanti guutummaan guutuutti tokko ta'e hinjiru. Kana ilaalchisee, Melakneh

(2006:65), "*Simile is a figures of speech in which a comparison is expressed by the specific use of a word or phrase such as like, as, than, seem or favorite, as if "* jechuun kaa'a.

Akka yaada hayyuu kanaatti, malli dubbii kun jechoota akka,fakkaata, akka,irra jedhaman muraasatti fayyadamuu isaa ibsa. Akkasumas, Addunyaa (2013:208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcina qabuun dhi'eessuudhaan akka salphaatti akka hubatamu kan taasisuudha". Kana jechuun wanti walbira qabnee dhi'eessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta'e ta'uu akka qabu ibsa. Karaa biraatiin, ammoo, dubbii qolaa akkasaa kana yemmuu dorgomsiisnu walitti siqeenya wantootaan walbira qabuun kan madaalaa deemnuudha. Kunis haala dhaggeeffataa hawwachuu danda'uun ta'uu qaba. Kana ta'uu baannaan, dhaggeeffattootni yaada burjaaja'e horachuu danda'u.

**2.4.3.2 Iddeessa**

Iddeessi gosa mala dubbii ta'ee wantoota wal hinfakkaanne lama waldorgomsiisuuf fayyadamuudha. Kana ilaalchisee Kennedy ( 1987:495) akka ibsetti, " Iddeessi wanti tokko wanta wal hinfakkaanne biroon bakka bu'amuu isaa ibsa. Kana jechuun wanti amalaan, bifaan gochaafi kanneen biroon wal hinqabanne bakka walbu'uun kan uumamuudha" jedha. Kana jechuun iddeessi wanti tokko waan biraa ta'uu isaa kan ibsuufi kan barreeffamni sun jedhe akka hintaane lafa kaa'a. Haaluma walfakkaatuun, weellisaan waan tokko bakka waan biroo buusee ykn waanuma sana taasisee waamuun hiika dhokse mul'isa. Akkasumas, jechoota akka, amma, fakkaata, caala jedhamanii hinfayyadamu. Innis dorgomsiisaa wantoota wal hinfakkaanneedha.Yaada kana ilaalchisee hayyuun Hudson. (1980) akkas jechuun ibsa,"*Metaphor isthe transfered senseof a physical word; the personification of anabstraction; the application of a word or collocationto what it does not literally denote*".Yaada kana irraas kan hubatamu iddeessi jecha ykn mala yaada miira qaama keenyaa ittiin ibsinuudha. Karaa biraatiin, iddeessi akkaataa dubbii, himoota,mammaaksotaafi jechamootaatiin ibsamuu danda'uudha.

Fayyadama afaanii keessatti iddeessi amala wanti tokko qabu guutummaan guutuutti wantoota biroof kennuudha. Karaa biraatiin, Ricoever(1975:28) akka jedhutti, "

*Metaphor is possible only because of metaphor presents the polarity of the terms compared in an bridge form".* Akka yaada kanaatti iddeessi wanta wal hinfakkaanne lama walbira qabuun isa tokko ibsuuf isa tokko bakka buusuu akka ta'e ibsa.

### 2.4.3.3 Nameessa

Nameessa kan jennu wantoota nama hintaane bineensota, lubbu qabeeyyii, lubbu dhabeeyyii, waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hunda raawwataniitti gochuun nama fakkeessuun bifa itti dhi'aataniidha. Kunis, dandeettii weellisaan weelluu isaa keessatti calaqqisiisuufi fayyadama jechootaa weellisichi qaburratti hundaa'a. Addunyaa (2014:211) yaada kana yoo ibsu, "*Wantootni akka namaatti beela'anii akka quufan,deemanii akka galan, ijaaranii akka diigan kan taasisu fayyadama afaaniiti*" jedha. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti amala namootaa wantootaafi lubbu qabeeyyii biroof kan kennuudha. Dabalataan, Shaw (1972:283 ) akka ibsetti, "*Nameessi amala dhala namaa bineensa, meeshaa, yaadaafi kanneen biroof kennuudha. Kun kan agarsiisu, wanti nama hintaane akka namaatti ni nyaata, nidubbata,gochawwan adda addaa niraawwata jedhameeti fudhatama.*" Kana irraa wanti hubannu, mala dubbii kana keessatti wantootni nama hintaane amalaafi gocha namootni raawwatan gonfachuun kan dhihaataniidha. Gama biraatiin Meyer, (2008:37), "*Personification is a way of speaking or writing in which inanimate object or obsractions given to human qualities."* Yaada kana irraa wanti hubatamu nameessi wantoota biroof amala namaa kennuun haasaa ykn barreeffama keessatti dhi'eessuudha.

### 2.4.3.4 Arbeessuu

Arbeessuun waa'ee waan tokkoo garmalee gurra guddisanii dubbachuudha. Kineessuun ammoo,faallaa isaati. Kunis waan tokko garmalee xiqqeessanii ykn salphisanii dubbachuudha. As keessatti wantootni garmalee guddifamanii ykn xiqqeeffamanii ibsaman Yeroo baay'ee kan ta'uu hindandeenyeedha. Karaa biraatiin, wanti garmalee guddisnee ykn garmalee xiqqeessinee ibsinu kan gurra dubbisaafi dhaggeeffataa biratti dhugaa hinfakkaanneedha. Yaadotni bifa kanaan ibsaman jechoota wantoota ittiin ibsinu waliin kan deeman ta'uu qabu. Dean (2006:50) akka keessetti "*Hyperbole is exagration that is based in truth*." Yaadni kun kan ibsu dhugaa jiru osoo hintaane olkaasuun dhi'eessuudha. Karaabiraatiin, ogbarruu kam keessatti iyyuu akaakuun mala dubbii waan

fayyadamuuf hiika bifa tokkoo kennuun rakkisaadha. Hayyuudhumti kun dabalee yoo ibsu "Arbeessuun akaakuu mala dubbbii ta'ee gurra guddisuun ykn ukukkubsuun xiyyeeffannoo uumuuf nifayyada" jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, arbeessuun ogbarruu keessatti yaada tokko xiyyeeffannaan akka itti kennamu kan godhu ta'uu isaa irraa hubanna. Walumaagalatti, malleen dubbii kun sirba keessatti bal'inaan waan argamaniif miira dhaggeeffattootaa harkisuufi namootni xiyyeeffannaan isaanii ogbarruu sana irratti akka ta'u  kan godhuudha.

### 2.4.3.5 Fakkoommii

Fakkoommiin mala dubbii wanta ykn dhugaa tokko karaa salphaa ta'een namni hubachuu hindandeenye ykn wanta ifatti mul'atu tokkoon dhoksanii ykn bakka buusanii ergaa dabarsuudha. Kana ilaalchisee, Melakneh (2006:146) irratti yoo ibsu  "*Symbolism is the representation of reality on one level of a reference by corresponding reality it is adominant literary device*" jechuun ibsa. Kana jechuun, malli dubbii fakkoommii jedhamu wanta dhugaa ta'e tokko kan yaada bal'aafi waan bal'aa ta'e bakka bu'uun dhugummaa waan sanaa kan mul'isuudha. Dabalataan, Isuma (2006:65) kitaaba isaa keessatti akka kaa'utti, " *Symbol is a thing could be an object, person, situation or action which stands for some thing else more abstract for example, our flag is a symbol of our country."* Yaada kana irraa akka hubatamutti malli dubbii kun wantoota, namoota, haalotaykn gochawwan kanneen yaadota  hinmul'anne (abstract) ta'aniin kan darbuudha.

Fakoommiin yeroo wanti qabatamaan tokko bakka ykn gocha wanta biraatiif dhaabbachuun wanta bakka bu'e ykn dhimmicha haala gaariin ibsuudha. Yaada kana Malakneh, (1999) akka kaa'utti, "Fakkoommiin meeshaa, nama, haala, gochaafi kkf irra caalaa wanta qabatamaa hintaaneen kan bakka bu'uudha. Fakkeenyaaf, alaabaan keenya mallattoo biyya keenyaati." Yaadni kunis akkuma barreessaan kun ibsetti wantoonni lama akka jiraniidha. Irra caalaa ammoo, kan bakka bu'u sun yeroo baay'ee qabatamaa kan ta'eefi arguu kan dandeenyu ta'ee kan bakka bu'ame garuu, yeroo baayee arguu kan hindandeenyeefi qabatamaa kan hintaane, fakkoomii ogbarruu keessatti kaa'uun kan walqabatuudha.

Walumaa galatti, fakkoommiin meesha,  nama, bakka ykn muuxannoo kan wanta biraa bakka bu'u, kan bakka bu'amu sunis yeroo baay'ee qabatamaa kan hintaaneedha.Fakkoommiin yeroo baay'ee wantoota yaada bal'aafi waan baay'ee ta'an bakka buusuun ittiin ibsinuudha. Akkasumas, weellisaan fakkoommiitti gargaaramee ergaa isaa yoomessaafi kan biroon dabarsachuu danda'a.

#### 2.4.3.6 Eemitii

Eemitii keessatti ammoo, wanti raawwatamu dhugaa qabaatus haalli duubaan jiru faallaa isa jedhamuuti. Wantoota sirriifi sirrii hintaanetu walfaana hiriira jechuudha. Kun ammoo, aadaa Oromoo keessatti fuggisoo jedhama. Gama biraatiin, Shaw(1972:275) "Eemitii keessatti ergaan darbuu barbaadame kallattiin osoo hintaane faallaadhaani. Hima yaada walfaallessu garuu, kan dhugaa ta'eedha" jedha. Kana irraa kan hubatamu, gochi eemitii keessa jiru kan wanta walfaallessu lama ofkeessaa qabu ta'uu isaati.Sirba kana keessaa bakka muraasatti malli dubbii fuggisoo kun nimul'ata.

### 2.4.4 Fayyadama Mammaaksotaa

Mammaaksi afaaniin kan dubbatamu ta'ee ilaalchaafi muuxannoo hawaasa tokkoo kan mul'isuudha. Akkasumas, mammaaksi jireenya uummataa wajjin kan walqabatuudha.Dhimmoota uummata ilaallatan hunda ofkeessaa qaba. Dhimmootni kunis, wantoota naannoo sanatti argaman waliin walqabsiisuun kan mammaakamuudha. "*Mammaaksidhimmoota waliigalaa kanneen akka haala qilleensaa, nageenya uummataa, aadaa,amantii, seeraafi seenaa jireenya maatiifi kaayyoo adda addaaf mammaakama.*" Encyclopedia of America (1985:350).

Yaada kana irraa akka hubannutti, mammaaksihaala salphaan akka qabatamuuf wantoota naannoo keenya jiran waliin walqabsiisuundhimmoota hawaasa keessatti argamankan ofkeessatti qabatuudha. Gama biraan, mammaaksi dubbii gabaabsuuf kan itti gargaaramnu ta'ee muuxannoofi mudannoo,aadaafi duudhaa, siyaasa ibsuuf gargaaramna.Haaluma kanaan, namootni dubbii isaanii gabaabsuuf akkasumas, barreeffamootaogbarruu keessatti mammaaksa nigargaaramu. Weellistootni sirba isaanii keessatti, barreessitootni barruu isaaniikeessatti, mammaaksa dabaluun miidhagina akka qabaatuufi miira namaa akka kakaasu  godhu. Kunis, yaada bal'ina qabu tokkko walitti qabee dimshaashessuunakka dabarfatuuf gargaara. Akkaataan mammaaksi afaan tokko

keessatti itti mammaakamuufi afaaan biraa keessattimammaakamuu qabu tokko miti. sababni isaaergaanmammaaksaa dubbataa afaanichaafmalee, hiika namni kallattiin afaan biraarraa fudhee itti kennu miti.

Walumaagalatti, yaada kanarraa kan hubannu afaan kamiyyuu mammaaksa ofii isaa qabaachuu isaati. Mammaaksi qaama dubbii keessaa tokko ta'ee dhimma dubbatamaa jiru sana deeggaruu kan qabuufi bifaangabaabaa kan ta'eedhaa.

### 2.5 Sakatta'a Barruu Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabantu sakatta'ama. Iftoomina qorannoo isaaf qorataan qorannoo kanaan dura hojjetaman keessaa kanneen mata duree isaan walitti dhiheenya qabu jedhee tilmaame ilaaluu yaaleera. Kanaaf, mataduree sirboota faccisaa: xiyyeeffannoo sirboota Ittiiqaa Tafarii, saaqi saanqaafi itti muddi jedhu irratti qorannoo kallattiin gaggeeffame argachuu hindandeenye. Haa ta'u malee, qorannoo mataduree "Qaaccessa qabiyyee af-walaloo Oromoo waltajjii hawaasummaa haala afwalaloo Salaalee" kan jedhu Yuunivarsiitii Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa ittiin guutachuuf Tigisti Sanbataan adeemsifame mata duree qorannoo kana waliin walbira qabee qorataan ilaaluu yaaleera. Garaagarummaa qorannoo kanaafi qorannoo Tigisti Sanbataa keessaa isaan muraasni warreen armaan gadiiti.

- Qabiyyeen qorannoo Tigist sirboota fuudhaaf heerumaafi sirba daboo yeroo haamaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, qorannoon kun ammoo, sirboota faccisaaIttiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan irratti kan xiyyeeffatuudha.
- Qorannoon Tigist afwalaloo uummata Salaalee kan ibsu yoo ta'u, qorannoon kun ammoo, fayyadama afaanii sirboota faccisaa Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan irratti kan hundaa'eedha.

Qorannoon kun fayyadama afaanii sirboota faccisaa Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u qorannoon Tigist qabiyyeefi gosoota afwalaloo fuudhaaf heerumaafi sirba daboo yeroo haamaa irratti kan xiyyeeffateedha.

Qorannoo biroon qorannoo kana waliin hanga tokko firooma qabaachuu danda'a jedhu "Itti fayyadama Afaan Oromoo mana murtii aanaa Dandii keessatti," mata duree jedhuun Mulgeetaa (2013) barruu eebbaa digirii lammaffaa ittiin guuttachuuf kan dhihaate yoo ta'u, ittifayyadamni afaanii mana murtii aanaa Dandii keessatti maal akka fakkaatu

qaaccessuu kan jedhu kaayyoo qorannoo isaa godhachuun, xiyyeeffannoon isaas jechoota mana murtiitti tajaaajilaman, guraamaleetti dubbachuu, jijjiirraafi afaan waljala fuudhuudha. Argannoon isaa jechootni kun bal'inaan mana murtiitti akka tajaajilan yoo ta'u, jechootni naannoo mana murtii haala garagaraan uumamuu isaanii kaasa. Ittuma fufuun qorannoo biroon qorannoo kana wallin walitti hidhamiinsa qabaatu Kadiraa Alii (2016) "Qaaccessa Asoosama 'Aarsaa' Fayyadama Afaanii irratti Xiyyeeffachuun" mata-duree jedhu irratti digirii lammaffaa Afaan Oromoofi ogbarruu guuttachuuf qorannoo adeemsifameedha. Kaayyoon qorannoo Kadiraa Alii kun asoosama "Aarsaa" fayyadama afaanii irratti xiyyeeffachuun xiinxaluudha.

Giddugaleessummaan qorataan qorannoo kanaa kan inni irratti xiyyeeffate, sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan gama fayyadama afaaniitiin xiinxaluudha. Qorannoowwan armaan olitti akka barruu walfakkiitti dhiyaatan garuu, dhimmoota adda addaa kan giddugaleeffataniidha.

**2.6 Yaaxina Qorannichaa**

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf yaaxina qorannoo sana deeggaru bu'uureffachuun murteessaadha. Yaaxina jechuun adeemsa ogbarruun tokko ittiin xiinxalamu kan calaqqisiisuudha.Yaadni toora interneetii irraa argamanis yaaduma kana yeroo cimsan, akkas jedha, "Theory *is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has, what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment*," www.the free dictionary.com/criticism

Haaluma kanaan, qorannoon kun yaaxinaalee hayyoota adda addaatiin kaa'amankeessaa yaaxina fayyadamummaa gargaaramuun kan dhi'aateedha. Haaluma kanaan, yaaxinni fayyadamummaa kun kan bu'uureffame hayyuu biyya Jarmanii Wittingstein (1953) hiika waan tokkoo beekuuf ergaa ykn fayyadama waan sanaa beekuun barbaachisaa akka ta'e

ibsee jira. Fayyadamni kun ammoo, dhugaa hawaasa keessatti mul’atu waan ta’eef,dhugaa jiruufi jireenya namaa keessa jiru miidhagsee akkajirutti kan dhiyeessuudha. Kunis, kallattii gama siyaasaan, dinagdeen, jireenyahawaasummaafi kanneen dhugummaan hawaasaa keessatti calaqqisuun kan ibsamuudha.

# BOQONNAA SADII: SAXAXAAFI MALAWWAN QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti kanneen ibsaman qorannoo kana geggeessuuf mala qorataan fayyadameedha. Isaanis: saxaxa qorannichaa, mala qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, iddattoo qorannichaa, meeshaalee funaansa ragaalee, adeemsa funaansa ragaalee, mala  qaaccessa ragaalee fa'a.

## 3.1 Saxaxa Qorannichaa

Saxaxa qorannoo ilaalchisee akka Addunyaan (2011:63) barreessetti,“ *Saxaxni qorannoo waliigala qorannichaa to'ata. Kunis, qorannichi maal fakkaata, maal irratti bu'uure gaaffiiwwan jedhan saxaxa kana jalatti deebii argachuu qabu*,'' jechuun kaa'eera. Ibsa kana irratti hundaa'uun, saxaxa qorannichaa murteessuuf qorannichi akkaataa fayyadama afaanii haala sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan kan xiyyeeffatu akkaataa dubbiiwwan qolaa, jechootniifi mammaaksotni dhi'aatan faayidaaf oolanii jiran akkamii isaanii qaaccessuuf waan ta'eef saxaxni qorannichaa addeessaadha. Kan ibsame xiinxala dhaggeeffachuu ta'uu isaa irraa kan ka'e, mala akkamtaatiin (qualitative method) kan ibsameedha.

Qorannoon kun sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti fayyadama afaanii irra caalaatti sirbicha keessatti mul'atan funaanuun mala ittiin dhi'aatu qaba. Haaluma kanaan qorannoon kun akkaataa fayyadamni afaanii itti dhihaateefi madda odeeffannoo irraa xiinxala funaanuun qabata ogbarruutiin walbira qabuun kan xiinxaleedha. Sababni isaa hojiin qorannichaa mala ibsaa (descriptive method)fi xiinxala barruutiin (text analysis) dhimma ba'amee hojjetame. Malleen kanneen filachuun kan barbaachiseefis qorannoo kana gadifageenyaan ibsuuf malleen kunneen waan gargaaraniifidha.

## 3.2 Mala Qorannichaa

Malli qorannoo mata dureen isaa sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keesssatti qorataan qorannoo kanaa kan gargaarame mala akkamtaati. Sababni mala kana filateefis akkamtaan mala qorannoo tokko gadifageenyaan hubachuu irratti ga'ee guddaa kan taphatu waan ta'eefi.

### 3.2.1 IrraawwatamaQorannichaa

Irraawwatamni qorannoo kanaa fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan irratti xiyyeeffate. Filannoo irraawwatama qorannichaa ta'ee kan jiru ragaan barbaachisu sirbicha gadifageenyaan dhaggeeffachuufi sakaatta'a barruu geggeessuudha.

### 3.2.2 Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda ragaa tokkoffaa (primary source of data) irratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaa xiinxala haala fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan irratti kallattumaan sakatta'a geggeessuuniifi kitaabota adda addaa dubbisuun akka ragaatti fayyadameera.

### 3.2.3 IddattooQorannichaa

Qorannoo keessatti iddattoofi iddatteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, sirboota dhiheenya kana ba'an hunda isaanii irratti qorannicha adeemsisuun ulfaataa ta'uurra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo isaa yemmuu geggeessutti odeeffannoo funaanuuf rakkisaa waan taheef iddattoo filatame bu'uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun nidanda'ama,'' jechuun Addunyaa(2011:65) ibseera. Qorataanis sirboota Ittiiqaa Tafarii keessaa sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan mala iddatteessuu mitcarraatiin iddattoo qorannichaa taasifachuun kan filameedha. Akkaataa fayyadama afaanii sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti caalmaan argaman addaan baasuunis qaaccesseera.

Haaluma kanaan, qorataan qorannichaa mala iddattoo mitcarraa keessaa, iddatteessuu kaayyeffataatti dhimma ba'e. Sababni mala kana filateefis, mala iddatteessuu kaayyeeffataan (purposive sumpling) beekumsa dhimmicha irratti qaburraa ka'ee kanneen odeeffannoo irraa argachuu danda'u murteessuu ilaallata. Kanaafuu, qorataan kaayyoowwan isaa fayyadama afaanii adda baasuufi xiyyeeffannoon fayyadama afaanii kun maalirratti akka ta'e kallattii adda addaan xiinxaluuf mala odeeffannoo funaansa sakatta'a sirbaa gochuun qorataan qorannoo isaa geggeesse.

### 3.2.4 Meeshaalee  Funaansa Ragaalee

Qorannoon tokko yoo adeemsifamu odeeffannoon qorannoo bu'uurumaan malaafi meeshaaleen ittiin funaanamu shoora olaanaa qaba.Yaada kanarratti ragaan hayyootaan

deeggaramu, Dastaa (2013:83) “Qorannoon kamiyyuu ragaadhaan deeggaramee geggeeffama. Ragaan bu’uura qorannoo ta’e kun kaayyoo qorannichaa galmaan gahuuf mala ittiin funaanamu qaba.’’jechuun ibseera.Yaada kana bu’uura godhachuun odeeffannoon qorannoo kanaa haala fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul’atan funaanuun waan xiinxaleef meeshaalee funaansa ragaalee keessaa sakatta’a dookmeentii gaggeessuun qoratichi meeshaa funaansa odeeffannoo gargaarame keessaa sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan irra deddeebi’uun gadifageenyaan erga dhaggeeffatee booda ragaalee qorannichaaf gargaaran: fayyadama afaanii sirbicha keessaa irra caalaatti kan weellisichi itti gargaarame hojii isaaf ragaa nita’u kan jedhu adda baasee fudhachuudhaan qorannichaaf dhimma ba’eera.

### 3.3 Adeemsa Funaansa Ragaalee

Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kanaa galmaan ga’uuf qorataan itti gargaarame odeeffannoo madda ragaa duraa irraa funaanameedha. Adeemsa kana raawwachuuf sakatta’a fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul’atan gadi fageenyaan dhaggeeffachuun yaada hayyootaan dhugoomsuun saayinsawaa taasisuun akka dhiyaatu ta’eera. Akkasumas, qorannoowwan mata duree kana fakkaatuun dalagamantu fudhatamee sakatta’ame. Walumaagalatti, adeemsa funaansa ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul’ataniifi sirbootni diddaa biroon yaada hayyootaan deeggaramuun ilaalamaniiru.

### 3.4 Mala  Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen erga funaanamanii booda garee gareetti qooduun hiikamanii ibsa itti kennuun qaacceffamaniiru. Kana keessattis malli filatamu mala akkamtaadha. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanis xiinxala  haala fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhanirratti xiyyeeffate. Walumaa galatti, ragaaleen  funaanaman erga  qaacceffamanii booda dhumarratti, cuunfaa, argannoofi yaboon ibsamaniiru.

# BOQONNAA AFUR: DHI’EESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Boqonnaa kana jalatti: ibsaafi qabiyyeen sirbichaa, fayyadamni afaanii kanneen akka: fayyadama jechaa, jechamootaa, fayyadamni malleen dubbii, fayyadamni mammaaksotaa dhi’aataniiru. Isaan kunis ragaa sirbicha keessaa funaanamaniifi ergaa maalii akka dabarsan adda baasuun kan qaacceffamaniidha. Haala kanaanis, gosa fayyadama afaanii isaatiin kutaa kutaadhaan qoodamuun yaada himoota dhihaataniifi tokko tokkoo himootaa keessatti jechootni haala adda addaan dhimma weellisaan dabarsuu barbaade irratti kan xiyyeeffataniidha.

Haaluma kanaan, jalqaba sirba qorannichaaf filame gadifageenyaan dhaggeeffachuun ragaalee qorannoo kanaaf nagargaaru  jedhu funaanuun himootaafi caqasa keessatti argaman eeruun  erga gadi tarreessinee booda qabiyyee barbaadamutti hiikoon kennamee gama ergaa isaan qabaniin akkaataa fayyadama jechootaafi yaadota weellisaatti ibsa itti kennuun qabiyyeewwan sirbichaa kanneen akka hawaasa hacuucuu, nama rifaasisuu, gootummaaf nama onnachiisuu, eenyummaa ofii akka hindaganne barsiisuu, diddaa gabrummaa dhaamuu, jaalala lammii qabaachuu,amala badaa qeequun jijjiiramni akka dhufu taasisuunfaan kaafamuun xiinxalamaniiru. Akkasumas, falaasama hawaasichaa kan ibsu qabiyyeewwan malleen dubbii sirbicha keessatti argamaniifi fayyadama jechootaa achi keessatti weellisaan dhimma ba’e ibsamaniiru. Haaluma kanaan, barruu sirba mataduree qorannoo ta’e kana keessatti fayyadama qabiyyeewwan adda addaa kan ofkeessatti hammateefi tokko tokkoon qabiyyee keessatti fayyadamni afaanii maal akka fakkaatan qaacceeffameera.

Qaaccessa kana adeemsisuun kan barbaachiseef jechoota waliin hiriiruun fayyadama afaanii uumuu keesssatti tooftaa weellisaan filannoo isaanii keessatti kallattii ergaa dabarfachuu barbaadeen adda baasuufidha. Kunis, gama guddina ogbarruu Oromootiin shoora guddaa kan qabu ta’uu isaati.

### 4.1 Ibsaafi Qabiyyee Sirboota saaqi saanqaafi itti muddii

Sirbootni matadureen isaanii ‘saaqi saanqaafi itti muddi’ jedhaman bara 2016 akka lakkoofsa Awurooppaa weellisaa Ittiiqaa Tafariitiin kan weellifamaniidha. Sirbootni kunneen qabiyyeewwan garaagaraa kanneen akka aadaa, duudhaa, amantii, siyaasa haala jireenyaa ofkeessatti kan qabu yoo ta’u, fuuleffannoon sirboota kanneenii inni guddaan

garuu, hacuuccaa sirni bulchiinsa mootummaa abbaa irree Oromoofi lafa isaa irraan gahaa jiruufi ture kan agarsiisuudha. Kunis loogii sabaatiin guutamuun warri aangoo irra jiran yaada anatu caala jedhuun, uummata hacuucuun abbaan lafaa, lafa isaa gadhiisee akka deemu, dhiiga ilmaan abbaa biyyaa Oromoo kallattii maraan dhangalaasuun gidiraaf saaxiluu irratti kan xiyyeeffateedha. Ragaaleen argaman, kanneen akka fayyadama jechoota faallaafi moggoo, jechoota galumsaa, jechoota safuu, malleen dubbii keessaa ammoo akkasaa, iddeessa, arbeessuu, nameessuu, eemitii, mammaaksa, jechamootni duraa duuba isaanii eeguun qaacceeffamaniiru. Haaluma kanaan, qabiyyeewwan jechoota faallaa agarsiisan malleen dubbii sirbicha keessatti faca'anii jiran akaakuu isaaniitiin qoqqooduun qaacceessuu, filannoo jechootaa kanneen akka jechoota moggoo, faallaa, galumsaa jechamoota, mammaaksota tarreessuun tokko tokkoo isaanii hiikuun fayyadama afaanii qabiyyee dhihaate keessa jiru, akkaataa weellisaan ergaa dabarsuu barbaadeen hariiroo barruu sirbichaan walqabsiisuun kan qaacceeffamaniidha. Qabiiyyeewwan sirbootni saaqi saanqaafi itti muddi jedhan ofkeessatti qabatanii jiran qabiyyeewwan gadda, jaalala, siyaasa, aadaa, amantiifi akkaataa waliin jireenyaa mul'isan armaan gadiitti ibsamaniiru.

### 4.1.1 Qabiyyeewwan gadda mul'isan

Dhalli namaa addunyaa kana irratti haalota garagaraa keessummeessa. Ala tokko yoo gammade, yeroo biroo ammoo nigadda, yeroo tokko nama jiru yoo ta'e, yeroo kaan ammoo du'aadha. Kanaafuu, adeemsi addunyaa kanaa dhimmoota waljijjiiran qabattee kan nama simattu ta'uu isaati. Dhimmotni akka kanaa ammoo: sirba, walaloo, geerarsaafi kkf. Keessatti ifu. Haaluma kanaan gaddaafi dhiphina saba Oromoo irra ga'e haalaan ibsuuf yeedaloo sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti qabiyyeewwan mul'atan:

(61) sobnee sirbina<br>
(62) **keessi keenya madaa** x2<br>
(63) **ijji imimmaani**<br>
(64) mormaaan ragadaa<br>
(291) **hinboo'inaa**<br>
(297) godaansaan **dhumee**

Namni keesssi isaa madaa ijatti imimmaanni jiru boo'ee, wawwaatu waa gadda qaba malee akkasumaan miti. Boo'uufi wawwaachuun, rakkachuun Kun ammoo, hawaasa

Oromoo keessa oolee bubbuleera. Gadda saba Ormoo keessa ture kanas yeedaloon sirba kanaa sobnee sirbina keessi keenya garuu, madaadha. Utuma ijji keenya imimmaan roobsuu ammoo mormaaan niragadna jechuun weellisa. Itti dabaluunis, diddaa Oromoon geggeessaa tureefi geggeesse keessatti warreen ijoolleefi firootni isaanii duraa du'an akka isaan hingaddine jajjabeessuuf hinboo'inaa ya maatii barattootaa hinboo'inaa maatiin wareegamtootaa kuun hidhaa kuun rasaasaaf godaansaan dhumee warri hafne ammoo gumaa isaanii hinuma baafnaa hingaddinaa jechuun weelliseera.

### 4.1.2 Qabiyyeewwan tuffii mul'isan

(38) osoo manni hidhaa
(39) **jarattii** gamoo ta'ee
(147) alagaa fira **fakkaattee**
(148) biyya nu saamuu **dhuftee**

Jecha tuffii jedhu yoo dhageenyu qaamni tuffatuufi tuffatamu jiraachuu isaa nuhubachiisa. Sanuma faanas wanti hubatamu kan tuffatu waan tuffatuuf, kan tuffatamu ammoo waan tuffatamuuf qaba. Eeruu armaan olitti osoo manni hidhaa jarattii gamoo ta'ee jedhee fakkeenyaan dhiyaate kana irrattis, osoo manni hidhaa jarattii gamoo ta'ee wadaroodhaan bu'uu akka Abdiisaa kan jedhu ergaa bakka bu'uufi qaama tuffatuufi tuffatamu ofkeessaa qaba. As irratti mana hidhaa itti nama gidirsan kan qaban jiraachuufi achitti gidirfamuuf akka uumamanitti kan ilaalaman sabni Oromoo akka jirantu mul'ata. Kanaafuu, tuffii kana ibsuuf weellisaan kun jarattii jedhee ergaa akka isaan tuffate bifa icciitawaan dabarse. Kana malees, akkaataa (147)fi (148) armaan olitti taa'een alagaa fira fakkaattee biyya nu saamuu dhufte jechuun jechoota fakkaatteefi dhufte jedhaman gargaaramee akkaataa itti tuffachuu danda'uun eereera.

### 4.1.3 Qabiyyeewwan tokkummaa mul'isan

(45) gamtaan falmachuu
(46) ifa baasaa
(47) qabsoo Oromootu
(48) ifa baasaa
(204) barumaanii jarana barana
(205) yoo tokkummaadhaan
(206) falmanne bilisa ba'uu

Weellistoota Oromoo baay'ee birattis ta'e, saba bal'aa Oromootiin yeroo baay'ee waa'een tokkummaa nidubbatama. Tokkummaan qoricha dhibee Oromootaa akka ta'etti bal'inaan ka'a.Kun ammoo haala qabatamaa jiruun dhugaa hawaasa Oromoo keessa

jiruudha. Oromoon yoo tokkummaa'e gaarri inni hinjigsine hinjiru. Kan sodaatamaa tures kanuma ture. Yaadni tokkummaa ijaaruufi calaqqisiisu kun sirboota Ittiiqaa Tafarii Saaqi saanqaafi Itti muddi jedhan keessatti ifeera. Innis waltakaaluufi walkuffisuu irraa bu'aan nuti argannu hinjiru. Bu'aan nuti waltakaaluufi walkuffisuu irraa argannu yoo jiraate biyya keenyarratti gabrummaa tuttursuufi yeroo bilisummaa saba Oromoo achi bubbutuudha. Ittuma dabaluun qorichi isa kanaa gamtaan falmachuufi gamtaan falmachuu booda kan jiru ammoo ifa ba'iinsa qabsoo uummata Oromooti. Dhuma irrattis yoo tokkummaadhaan falmanne bilisa baana jechuun tokkummaadhaan falmachuun saba Oromootiif dhimma filannoo hinqabne ta'uu kaasa

#### 4.1.4 Qabiyyeewwan murtoo mul'isan

(55) hidhaaf ajjechaan
(56) Oromoo gad hinqabuu
(57) bakka seentanan
(58) arguu jarjeree
(94) kana hinwallaalle
(95) jarri yooba'anii falmatan
(96) saba ofiitiif
(97) aarsaa lubbuu
(98) kennuu filatan
(177) bakka seentu maladhu
(178) kee barri dhumee
(179) yaa gadhee
(243) yoo ejjennoon keenya
(244) kanarraa adda ba'ee

Murtee keessa filannoon hinjiru, filannootu jira taanaan ammoo murteen hinjiraatu. Kana jechuun murteen dhimma tokkittii kan baatu ta'uu isaati. Dhimmootni akka kanaa ammoo sirboota hojii kanaaf filataman keessatti mul'ataniiru. Yaaduma yeedaloo sirbichaa keessatti argamu hidhaaf ajjechaan Oromoo gad hinqabu jedhu yoo fudhanne innumtuu murtoodha. Ergaan isaas isin yoo nu hiitanis dhiistanis nuun mirga keenya falmachuu irraa kan duubatti nudeebisu hinjiru, hinjiraatus yaada jedhu kaasa. Itti dabaluun warri dhiiga Oromoo dhuganii baran gaafa dhugaan Oromoo jirtu bakka dhokattee baatee mul'attu abbaa dhugaa isa ta'e saba Oromoo ija isaa jalaa dhokachuuf kan jiran ta'uu isaa murtoo godhee kaa'uun sirbicha keessatti bakka seentanan arguu jarjere warra dhiiga Oromoo dhuguu bare jechuun eereera. Falmattootni haqaa dhugaa isaanii falmachuuf ba'an haqa isaanii falmachuun duuba rakkoon isaan mudatu akka jiru nibeeku. Utuma isa

kana beekanii garuu, dhugaa isaanii falmachuu irraa duubatti hindeebine, hindeebi'anis. Yaada kana ammoo weellisaan kana hinwallaalle jarri yoo ba'anii falmatan saba ofiitiif aarsaa lubbuu kennuu filatan jechuun ibseera. Kana malees, mo'ichi Oromoofi Oromiyaa hinhafu gaafa sana warri uummata Oromoo irratti shira xaxxu lafa lixxu hinqabduunis ergaa weellisaa kanaa bakka seentu maladhu kee barri dhumee yaa gadhee yaa re'ee ati baala malee qeerransa hinagarree jedhuun kan ifeedha. Ejjennoo qabaachuun murteessaa akka ta'es yeedaloo sirboota kanaan yeroo eeramu yoo ejjennoon keenya kanarraa adda bahee dhiigni hamma har'aa gatii malee lola'ee daandii haqaa qabadhuu kan qarqara kaattu ofirraa qoladhuu jechuun ejjjannoon jiruuhfi jiraachuu qabu tokko akka ta'e ibsa.

**4.1.5 Qabiyyeewwan obsa mul'isan**

(71) danda'i malee x2
(72) dhimmi sabaa
(73) nama hinraffisuu

Obsi danda'uudha. Danda'uun ammoo daangaa qaba. Hamma danda'amu obsuutu ta'a. Obsi daangaa darbe sodaataa nama fakkeessuun isaa waan hinhafneef hamma obsamuun itti jiru qofa obsuutu gaarii ta'a. Kanumaaftu, Oromoon hamma qaban darbannaan sodaataa hinta'an jedha. Yaadni kun yeedaloo sirba kanaatiin yoo ifus, danda'i malee x2 dhimmi sabaa nama hinraffisuu falmataa kiyyaa yoo du'anuu ekeraatu iyyaa jechuun lafa yaadaan ga'uuf aarsaa barbaachisu kaffaluuniifi obsuun barbaachisaa akka ta'e kaasa.

**4.1.6 Qabiyyeewwan abdii mul'isan**

(83) mana hidhaatti
(84) hinhafanii
(85) falmattoota koo
(86) ifa arguuf jirtu
(156) alagaa fira fakkaattee
(157) biyya nu saamuu dhuftee
(158) fira fakkaatanii
(159) dha'anii biyyoo nyaachisanii

Abdiin mul'ata borii of fuulduratti ilaaluudha.Bor kanatu ta'a jedhanii tilmaamuun waan har'a keessa jiraniin dhiphachuufi yaada kennuu dhiisanii kan borii of fuulduratti ilaaluun jabaachuudha. Kun ammoo ooltee bultee dhala namaa keessatti murteessaadha. Haala borii ilaalee dhiphina har'aa mataatti banana jechuudha. Kana jechuun ammoo teenyeedhuma naa darba jennee samii irraa eegganna osoo hintaane aarsaa kaffaluun

barbaachisu kaffaluudhaan obsuutu barbaadama. Yeedaloo sirboota kanaa keessattis dhimmootni kana fakkaatan

- ✓ mana hidhaatti hinhafanii falmattoota koo
- ✓ ifa arguuf jirtu gaaf tokko
- ✓ alagaa fira fakkaattee biyya nu saamuu dhuftee fira fakkaatanii dha'anii biyyoo nyaachisanii jechuun ibseera

**4.1.7 Qabiyyeewwan haaloo baafachuumul'isan**

(147) alagaa fira fakkaattee
(148) biyya nu saamuu dhuftee
(149) fira fakkaatanii
(150) dha'anii biyyootti makanii
(151) harimaamoo bisingaa
(152) keessa marge
(153) maaloo yaa jaranaa
(154) wajjumaan muranii
(155) harimaamoo keessaa gubanii
(156) alagaa fira fakkaattee
(157) biyya nu saamuu dhuftee
(158) fira fakkaatanii
(159) dha'anii biyyoo nyaachisanii

Haaloo baafachuun harka gatii nama kaffalchiise gatii kaffalchiisuudha. Gatiin haaloo ammoo karaa adda addaa kaffalamuu danda'a. Kaan rukkutuun, kaan gaarii ooluufiin, kaan nyaachisuun, kaan ammoo obaasuunis haaloon nibaafama. Yeedaloo kana keessattis alagaa fira fakkaattee biyya nu saamuu dhuftee fira fakkaatannee dhoofnee biyyootti makna jec huun akkaataa haaloo baafannaa ibsa. Akkuma harimaamoo bisingaa keessa marge wajjumaan muranii harimaamoo keessaa guban alagaa fira fakkaattee biyya nu saamuu dhufte fira fakkaatanii dha'anii biyyoo nyaachisanii jechuun fakkaachuun haaloo baafachuun akka danda'amu ibsa.

**4.1.8 Qabiyyeewwan oromummaa mul'isan**

(186) yoo namaa gamtee
(187) orma hinwaammatanii
(188) qomoo dubbisanii
(214) kottumee yaa yaaddo
(215) yaa yaaddessaa
(216) nutu waliif dhiiga
(217) numat waljabeessa
(222) yaa shimala
(223) yaa ibidda lafaa marguu

(224) gubbaa nama ilaalan
(225) madaa keessaa
(226) ormi namaa hinarguu
(239) gaaffiin Oromootaa
(240) durii hamma har’aatti
(241) mirga ofbulchuu
(242) gaafii abbaa biyyummaatii

Oromummaan dhiiga. Bittaafi gurgurtaadhaan kan argamu miti. Kanaaftu, Oromoo hunda kan tokkummmeessu Oromoo ta’uu isaa irraa kan madde Oromummaan nileellifama. Gaafa gaddaas, gaafa gammachuus waliif ga’a. Bakka Oromoofi Oromummaan barbaadametti waliin dhaabata. Dhimma waloos ta’e, dhimma dhuunfaa irratti walcina dhaabbatee waldeeggara. Dhimmoota siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti waliin dhaabatee morkata. Isa mormamu mormee, isa deeggaramu ammoo deegggaree ga’ee isaa ba’ata.Dhimmi kunis sirba kanaan yoo ifu, waraantii margee bira hindhaabbatanii hundee buqqisanii yoo namaa gamte orma hinwaammatanii qomoo dubbisanii jechuun qomoon Oromoo ta’uu isaa kaa’eera. Qomoon walii isaa waljajjabeessuu akka qabus yoo kaasu kottumee yaa yaaddo yaa yaaddessaa nutu waliif dhiiga numat waljabeessa jechuun itti dabaluun ibseera. Kana malees, dhiphinaafi icciitii keessoo ofii illee aantii ofiitti akkuma himatan gubbaa nama ilaala ormi madaa keessaa namaa hinarguu kanaaf lammiin lammiif qoricha kan jedhu kaasa.

### 4.1.9 Qabiyyeewwan dhaamsa dabarfachuun walqabatan

(311) naa jajjabaadhu
(312) sabbata dachaa hidhadhuu
(313) diinan waraanuu deema
(314) Rabbi naa kadhadhuu

Sirbaan dhaamsa dabarfachuun nidanda’ama. Dhaamsa sirbaan darbu keessa ammoo fayyadama jechootaan walqabatee ergaa dhokataafi mul’ataatu jira. Kan armaan olitti naa jajjabaadhu sabbata dachaa hidhadhuu diinan waraanuu deema Rabbi naa kadhadhu jedhu keessattis ergaa dhokataafi halaalaan mul’atu agarra. Haaluma kanaan dhaamsi dhaamamaa jiru haadhatti yoo ta’u, haati ammoo Oromiyaadha. Sabbatni dachaan ammoo humna cimaa diina fonqolchuu danda’uudha.

### 4.1.10 Qabiyyeewwan irraa jalummaa aangoo mul’iasan

(1) falmattoota haqaa
(2) harkaafi miila hiitee
(3) maali dantaan addaa

(4) ati nuun hawwitee
(7) dhiigni siif lola’uu
(8) hara’as adda hincinnee
(11) imimmaan Oromoo
(12) har’as adda hincinnee
(31) ati isa kuffistee
(32) inni san kuffisee
(33) yoo lafaan walgeessan
(37) saaqi saanqaa x2 saaqi x2
(57) bakka seentanan
(58) arguu jarjeree
(61) sobnee sirbina
(62) keessi keenya madaa x2
(63) ijji imimmaani
(64) mormaaan ragadaa
(65) saaqi saanqaa x2 saaqi x2
(75) yoo du’anuu
(147) alagaa fira fakkaattee
(148) biyya nu saamuu dhuftee
(149) fira fakkaatanii
(150) dha’anii biyyootti makanii
(169) maali keessummaan
(170) nama nyaatee
(171) qe’ee dhuunfatuu
(172) roorrisaan bara baraan
(180) yaa re’ee
(181) ati baala malee
(182) qeerransa hinagarree
(196) ruumichi qe’ee simarsee
(199) cabsii seen karaa foddaa
(205) yoo tokkummaadhaan
(206) falmanne bilisa ba’uu
(207) ykn ilmaanshee
(291) hinboo’inaa
(292) ya maatii barattootaa
(293) hinboo’inaa
(295) kuun hidhaa
(296) kuun rasaasaaf
(297) godaansaan dhumee

Aangoon adeemsa dhimma raawwii hojii tokkoo keessatti iddoo tokkotti raawwii tokko akka rwwatuuf itti gaafatamummaa qaama tokkoof kana raawwadhu, kana ammoo hinraawwatin jechuun laatamuudha. Dhimma kana irratti toorri interneetii https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=authority jedhamu yoo ibsu, “*the right to act in a specified way, delegated from one person or organization to another.*

*For example military forces have the legal authority to arrest drug traffickers*". Aangoon dandeettii namni tokko nama biroorratti dhiibbaa geessisuuf qabu kan agarsiisuudha. Aangoon qaamota siyaasaa, geggeessitoota waajjiroota mootummaafi miti mootummaa uummata isaan jala jiran akka ittiin bulchan kan itti kenname yoo ta'u karaa inni ittiin calaqqisu keessaa tokko ammoo fayyadama afaaniitiin. Afaan aangoo ibsa, aangoo uuma. Hojiirra ooluusaas agarsiisa.Yaada kanas Holmes (1992:57) "People use or choose certain language according to the influence of sociolinguistic dimentions of solidarity, status, formality and function" jedha. Akka yaada kanaatti namootni hawaasa keessatti aangoo qaban haala dhiibbaa geessisuu danda'uun afaan fayyadamanii jechoota filachuun dubbatu. Aangoon, to'annoofi sadarkaan walcaaluun namoota gidduutti dhiibbaa qabaachuun walqixa akka hinilaalamne godha. Aangoon walcaaluun kun ammoo kan ibsamu karaa fayyadama afaaniitiin ta'a. Haalli fayyadama afaanii yeedaloo sirbootaa keessatti mul'atus akkaataa qusannaa jechootaafi jechoota muraasa qofaan ergaa bal'aa dabarsuu danda'uun walqabata. Irraa jalummaa aangoo ammoo mul'isuun ifa. Irraa jalummaa aangoo keessattis,tokko bitaa yoo ta'u, kaan ammoo bitamaa ta'a. Tokko fayyadamaa, kaanis miidhamaa, kaan qulqulluu, kan biroon shakkamaa, ta'eetu kaan gubbaa jiraachisee isa kaaniif jala ooda. Sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessattis dhimmootni irraa jalummaa aangoo mul'isuuf yeedaleeffaman nijiru.

Aangoo qabutti fayyadamee Kan haqa tokkoo dhoksee, soba isa kan biraa ammoo dhugaa fakkeessee olkaasee mul'isu gara hinqabu. Yeroodhaaf haalaan yoo daangoftes, dhugaan mul'achuun ishee waan hafu hinta'u. Sirboota hojii qorannoo kanaatiif filaman lamaan keessattis dhimmi kun baay'inaan mul'ata. Fakkeenyaaf falmattoota haqaa harkaafi miila hiitee yoo jedhu kan haqni duraa bade haqa isaa falmatuufi haqa abbaa dhugaa jalaa saamee kan ofii isaa kan godhatu jiraachuu isaa agarra. Ija kanaan yoo ilaallus haqa isaa dhabee falmataan saba Oromooti. Inni dhugaa saba Oromoo nyaatee kansaa godhate ammoo humna gabroomfataa aangoo qabuun gargaaramee saba Oromoo hacuuceedha. Maali dantaan addaa ati nuun hawwitee kan jedhus waanti hawwame, qaamni hawweefi qaamni hawwameef jiraachuu isaa hubanna.

Gama biraatiin qaamni dhiiga dhala namaa dhangalaasuufi qaamni dhiigni isaa dhangala'u jiraachuu isaatu yeedaloo kana keessatti dhiigni siif lola'uu hara'as adda

hincinne jechuun taa'ee jira. Walumaa galatti sirboota kana keessatti yeedaloowwan argaman harki caalaan qaama aangoo qabuufi aango dhabeessa tokko gidduutti bifa walaleeffamaa jiru waan fakkaatuun dhiyaate. Kan imimmaanni ija isaa irraa roobu, kan saba Oromoo dararu, isa kufuufi isa kuffisu, isa saanqaa cufeefi isa saanqaan itti cufame, isa baqatuufi isa ari'u, isa madeessuufi isa madaa'u,  isa ajjeesuufi isa du'u, isa saamuufi isa saamamu, isa qe'ee nama irraa fudhatuufi qe'een isaa jiraatti irraa fudhatamu, kan namatti roorrisuufi kan itti roorrifamu, kan balbala cabsuufi kan balballi itti cabu, kan gabroomuufi gabroomfatu, kan boo'uufi boossisu, kan hidhuufi kan hidhamu, kan rasaasa tokkosee ajjeesuufi kan rasaasa tokka'een du'u, kan godaanuufi kan godaanssisu fa'a kaasa. Isaan kun hundumtuu irraa jalummaa inni tokko isa biro aangoo itti laatameen caalee yeroon ayyamnaaniif waan yeroon ayyameef raawwate.

Dhimmi kun irruma darbee iyyuu namaafi nama mitii, bineensiifi bineensi iyyuu aangoofi humna qabuun akka walmiidhu yaa re'ee ati baala malee qeerransa hinagarree jechuun ibseera. Kun ammoo namni aangoo qabu kamiyyuu caalaa nama fayyaduufis ta'e miidhuuf carraa bal'aa akka qabu hubachiisa. Kanaafuu, sirboota kana keessatti dhimmootni ka'an kunneen irraa jalummaa aangoo gareen gabroomfataa jaarraa tokkoo oliif saba saba Oromoo irratti kallattiifi alkallattiin kaa'aa ture sana bal'inaan kan hubachiisuudha.

Walumaa galatti Wantoota hawaasicha keessatti jibbaman aadaafi safuu hawaasaa cabsan yeedaloo sirba kanaa dhaggeeffachuun  irraa baruun nidanda'ama. Gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaan  ogbarruun waa'ee hawaasaa ibsa, kan hawaasaatis.  Hawaasni ogbarruu malee aadaa, duudhaa, safuu isaa calaqqisiisuu hindanda'u. Duudhaafi safuu hawaasichaa kabajuun jiruufi jireenya guyyuu keessatti ogbarruun  barumsa nikenna. Hawaasni Oromoo yeedaloo sirba kanaa dhaggeeffachuun jiruufi jireenya keessatti kan isa mudatan ittiin barsiisa. Gama biraatiin ammoo, ogbarruun gadda, gammachuu, ilaalchaafi amantii, wantoota hawaasa biratti jibbamaniifi aadaa hawaasichaa cabsan balaaleffachuun dhimma nibaasa. Sirbootni kunneenis, keessumaa dhimma siyaasa Oromoofi Oromummaa irratti ergaa hindabarre kaa'eera.

### 4.2 Ga'umsa afaaniifi yaada ibsuu sirboota filataman keessatti

Addunyaa kana irra hamma jirutti fedhiin dhala namaa bal'aadha. Akkuma fedhiin dhala namaa bal'aa ta'e, yaadni inni afaaniin fayyadamee dabarfachuu barbaadus bal'aadha. Adeemsa ergaa dabarfachuu kana keessatti ammoo yeroo tkko tokko keessumaa hojiilee ogbarruu keessatti yeroo jechootni afaan keessatti argaman ergaa guutuu weellistootaafi barreessitootaaf dabarsuuf hanqatantu mul'ata. Yaada kana toorri interneetii https://en.wikipedia.org/wiki/Language_and_thought jedhamu akka itti aanutti kaa'a.

> The main use of language is to transfer thoughts from one mind, to another mind. The bits of linguistic information that enter into one person's mind, from another, cause people to entertain a new thought with profound effects on his world knowledge, inferencing, and subsequent behavior. Language neither creates nor distorts conceptual life. Thought comes first, while language is an expression. There are certain limitations among language, and humans cannot express all that they think.

Yaada armaan olii irraas kan hubannu faayidaan afaanii inni olaanaan yaada nama tokko irraa gara nama birootti ceesisuudha. Yaadni nama tokkoo gara nama isa birootti yoo ce'u ammoo haalota garagaraan gufachaa deemuun akkaataa namni dhiyeesse sun itti hubateefi dhiyeesseen hubatamuu yeroo dhabu nijiraata. Haaluma kanaan afaan meeshaa ittiin yaada nu keessa jiru baasnee ittiin mul'isnu ta'uufi yaada nu keessa jiru kana guutummaa guutuutti ibsuuf afaan kan hindandeenye ta'uun ergaa yaada armaan oliiti.Ittuma dabaluun toorri interneetii kun "*Thoughts are "sentences in the head", meaning they take place within a mental language*," jechuun yaadni himoota sammuu keessaa ta'anii sammuudhuma keessatti ammoo hiika qaban jechuun lafa kaa'a. Kunis, yaadni hiika qabeessa ta'eefi sammuu keessaa baasanii ibsuun ammoo rakkisaa ta'e jiraachuu isaaniiti.

Yeroo haalawwan akka kanaa keessumaa walleewwan keessatti weellisaan ofii uumee yeroo fayyadamutu mul'ata. Sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhaman keessattis dhimmootni kana fakkaatan nimul'atu.

(195) **a! ha’aa** x2
(319) wadaroonii **hii’ii** x2
(325) wadaroonii **hu’u’uu**
(328) lafarra harkiste **a’aa**

Akkaataa (195) a! ha’aa, (319) hii’ii x2, (325) hu’u’uu jechuun taa’een hiikni qabatamaan nuti kana jechuudha jennee laatnu hinjiru. Haata’u malee,weellisaa kanaaf ergaan akka dabarsuuf barbaadee jechootni inni itti gargaaramuufi yaada isaa ittiin ibsachuu ‘a! ha’aa’ jedhu rukuttaafi hacuuccaan saba Oromoo irra ga’eefi ga’aa ture yeroo isa dhukkubsu yaadicha ibsuuf jedheeti. ‘Hii’ii x2’ yeroo jedhu ammoo wadaroon gootota Oromoo mukatti fanniste kam isheen jedhee adda baafachuuf iyyaafachuu fakkaata. Itti dabaluun ‘hu’u’uu’ yeroo jedus iyyee miidhama kana qaamni dhaga’ee furmaataaf mannaagu yoo jiraate akka kakaasuuf iyyachuu isaati.

### 4.3 Fayyadama Afaanii Sirboota filataman keessatti

Qo’annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanii qorachuudha. Haala fayyadama afaanii ilaalchisee, Cooper (1976:184) akka ibsutti “*Itti fayyadama afaanii jechuun garaagarummaa afaan ykn looga tokkoofiafaanota ykn loogota adda addaa gidduutti uumamuudha*” jechuun ibsa. Fayyadamni afaanii calaqqee hawaasaa ta’uu isaa, Coulmas (1997) Labov (1976) wabeeffachuun ibseera. Fayyadamni afaanii haala sadarkaa hawaasaafi amala gosa hawaasaa calaqqisiisa. Haaluma kana fakkaatuun, Clark (1996) gama isaatiin, itti fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasni waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa. Itti fayyadamni afaanii, adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan haammatuudha. Haaluma walfakkaatuun, Wolff (2000) fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maalif, akkamitti, maaliin, eenyuuf kkf. gaaffilee xinqooqa hawaasaan walqabatan kaasuun hubachuun akka danda’amu addeessa.

Haaluma kanaan maalif afaan sana fayyadamna dhimma jedhu waliin walqabsiisnee gaafa ilaallu hijiilee ogbarruu keessatti akkaataa afaan itti gargaaramnu fayyadama afaanii jedhamuu isaati. Kunis, weellisaan tokko walleen isaa jaallatamaafi hawwataa akka ta’u yoobarbaade afaan inni gargaaramu murteessaadha. Kanaaf, weellistootni qabiyyee isaan irratti hunda’anii weellisaniifi fayyadamni afaanii isaan gargaaraman addatti eenyummaa weellisaa sanaa ibsuu danda’a. Yaaduma kana gadi fageenyaan

Addunya (2014:211) yoo ibsu, *"Wantootni akka namaatti beela'anii akka quufan, adeemanii akka galan, ijaaramanii akka diigaman kan taasisu fayyadama afaaniiti,"* jechuun lafa kaa'a. Haaluma kanaan, barruu sirboota kanaa keessatti fayyadama afaanii weellisaan gargaaramu kanneen akka filannoo jechootaa, malleen dubbii, mammaaksotaafi kkf. lafa kaa'uun nidanda'ama. Kanaaf,weellisaan tokko fayyadama afaanii qabiyyee isaan ofkeessatti hammatan waliin walqabsiisee weellisuutu irra jira. Kun kan gargaaru, dhaggeeffataan yeedaloo isaa miira gaariin akka dhaggeeffachuu danada'uufidha. Miira kana kan fiduuf ammoo jechoota weellisaan itti fayyadameedha. Haaluma kanaan, sirbaan dhugaan hawaasa tokkoo kan calaqqisu ta'ee dhugaan hawaasichaa jechoota weellisaan gargaarameen kan ifatti ba'uudha.

### 4.3.1 Fayyadama Jechootaa

Amala walaloon yeedaloo sirba tokkoo ittiin beekamu keessaa inni olaanaan filannoo jechootaati. Filannoo jechootaa kana keessatti ammoo jechoota muraasa ta'aniin yaada bal'aa ta'etu dabarfama. Filannoon jechootaa walaloo barreessuu keessatti bakka guddaa qaba. Afwalaloo keessattis jechootni filataman jechoota hiika dachaa (connotative)fi mul'ataa (denotative) ta'e qabaniidha. Kanumaan walqabatee Kennedy, (1987:127) "*Filannoo jechootaa keessatti walaloon ogbarruuwwan akka asoosamaafi diraamaa caalaa beekamaadha"* jechuun ibsa. Kana malees, Isuma, (1987:127) "*Filannoo jechoota walaloo keessatti ofeeggannoon kan raawwatamuudha,"* jedha. Itti dabaluun Fedhasaa (2013). Filannoon jechootaa qusannoo jechootaati jechuun lafa kaa'a. Yaada hayyoota kanaarraa wanti hubannu filannoon jechootaa walaloo barreeffamaa kessatti qalbii dubbisaafi miira dhaggeefataa harkisuuf baay'ee murteessaa ta'uu isaati.

> Walaloon ergaa tokko, bifa miidhagaafi namatti toluun nama biraan ga'uu keessatti qooda guddaa qaba. Walaloo yeroo jennu garuu waa'ee qubeen isaa dhuma irratti walfakkaachuu qofaa osoo hintaane, dhangala'iinsiifi ciminni ergaa sanaa iddoo guddaa qabaachuufi ilaalamuu kan qabuudha. Walaloon akkaataa jechaa (dhikkisa yeedaloo) humna jabaa qabuun hubatama," Fedhasaa (2013:85)

Yaada sammuu keenya keessa jiru dhaggeeffattootaafi dubbistoota keenyaaf kan dabarsinu jechoota yaada keenya bakka bu'an filachuudhaan. Haala kanaanis jechootni

nuti fayyadamnu yaada nutti dhaga’ame karaa guutuu ta’een ibsu danda’uu qabu. Fayyadama jechooaa kana keessattis karaa idileefi alidilee gargaaramnuu keessatti fayyadamni afaan ogbarruu sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti maal akka fakkaatu akka armaan gadiitti qaacceffamuun dhiyaateera.

(61) sobnee sirbina
(62) keessi keenya madaa x2
(63) ijji imimmaani
(64) mormaaan ragadaa
(65) saaqi saanqaa x2 saaqi x2
(88) as hiiqii hinqabuu
(89) achi hiiqii hinqabu
(90) manni hidhaa

Yeedaloo kana keessatti jechootni qusatamoo ta’anii ergaa dachaa ittiin dabarsuuf dhiyaatan jechoota sobnee sirbina, madaa, ijji imimmaani, mormaaan ragadaa, saaqi saanqaa, as hiiqii, achi hiiqi jedhan dhaggeeffattootaaf bifa sirbaatiin dhiyaachuun ergaa dabarsuun itti jiru dabarsaniiru. Afaan tokkoo keessatti garaagarummaan sadarkaalee afaanii garagaraatti mul’atu looga jedhama. Kun ammoo guddina afaanichaa saffisiisuu irratti danqaa ta’uu waan danda’uuf ofeegganoo fayyadamuun barbaachisaadha.

Fayyadama jechootaa karaa adda addaan ibsuun nidanda’ama. Akka Addunyaan (2014:167) ibsetti “*Irra deddeebiin dhamsagootaa (dubbachiiftuufi dubbifamaa), irra deddeebiin jechootaafi caasaalee wal qoomanii, filannoo jechaafi kkf. bakka guddaa qabu*” jechuun ibsa. Haata’u malee, xiyyeeffannoon qorannoo kanaa fayyadama jechootaa kanneen sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti caalmaan argamaniidha. Isaan kanas, jechoota filatamoo weellisaan karaa adda addaan gargaarame akkaataa hiika irra keessaafi dhokataa isaan dabarsan irratti hundaa’uun jechoota kanneenakka:jechoota moggoo, faallaa jechootaa,jechoota galumsaa, jechoota safuu, jechamoota akkaataa garagaraan sirbicha keessatti dhimma ba’amaniin xiyyeeffannoo hiikaafi dhaamsa isaan dabarsuu barbaadan irratti hundaa’uun armaan gadiitti hiika itti kennuun qaacceffamaniiru.

### 4.3.1.1 Jechoota Faallaafi moggoo

Jechootni faallaa walitti dhufeenya jechootaa akkaataa yeedaloo sirba kana keessatti galuun ergaa ykn dhaamsa barbaadame dabarsuu danda’een kan dhi’aateedha. Waa’ee

jechoota faallaafi moggoo Palmer (1981:153) yoo ibsu, ”*Jechootni hiika walfakkaatan ykn walfaallessan qabaachuu nidanda'u*” jedha. Haaluma kanaan, jechootni yeedaloo sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti argamanis akkaataa ibsameen kan faallaafi moggoo ofkeessaa qabaniin guutamee kan dhiyaateedha. Jechoota faallaa kanatti gargaaramuun akkaataa isaan dhaamsa dabarsan irratti hundaa'uun akkaataa armaan gadiitti qaaccessi isaanii akkaataa itti aanuun dhi'aateera.

(35) **gabrummaa** daraaree
(36) **bilisummaan** eessaan
(39) jarattii **gamoo** ta'ee
(44) isaanii **lafa jalaa**
(88) **as** hiiqii hin qabuu
(89) **achi** hiiqii hin qabu
(137) sobnee **sirbinaa**
(138) keessi keenya **madaa** x2
(139) ijji imimmaani
(140) mormaan ragadaa
(139) ijji **imimmaani**
(140) mormaan **ragadaa**
(121) **mana hidhaa**tti
(124) **ifa** arguuf jirtu
(142) **inkirdaada qamadii**
(147) **alagaa fira** fakkaattee
(151) **harimaamoo bisingaa**
(152) keessa marge
(180) yaa **re'ee**
(181) ati baala malee
(182) **qeerransa** hinagarree
(193) **orma** hinwaammatanii
(194) **qomoo** dubbisanii
(198) balballi **tolaa** hinjiru
(203) **gibira** gabbbartii
(216) nutu waliif **dhiiga**
(126) **ormi** namaa hinarguu
(247) daandii **haqaa** qabadhuu
(248) kan **qarqara** kaattu
(249) ofirraa qoladhuu
(258) **qabdee** maaf **gadhiista**
(255) kan **dura**ttii caalaa
(256) ofirratti goobsitanii
(259) garagallaan **booda**
(260) ija kee si balleessa

Yaadotni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda'u. Addunyaa (2014:112) "*Jechoota faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jiruudha,*" jedha. Jechoota kanas, karaa adda addaan arguu dandeenya. Yeroo tokko tokko sirba

keessatti bifa dhokataa ta'een yeroo itti gargaaramu yeroo kaan ammoo haala iftoomina qabuun yeroo dhimma itti ba'amutu mul'ata. Weellisaan sirba isaa keessatti jechoota adda addaa waan adda addaaf itti gargaaramuu danda'a. Jechootni kun kallattiin ykn alkallattiin ergaa dabarfamuuf barbaadame kan mul'isaniidha. Jechootni siyaasaa yemmuu weellifaman sirriitti hubannoodhaan ilaalamuu danda'uu qabu. Sababni isaas, yeroo tokko tokko yaadni weellisaan dabarsuu barbaaduufi akkaataa dhaggeeffataan itti hubatu walunachuu dhabuu waan danda'uufidha.

Akkaataa fakkeenya (35)fi (36) keessatti ka'een jechootni gabrummaafi bilisummaa jedhan faallaa waliiti. Jechoota faallaas waliif ta'u. Gabrummaan qaama olaantummaa qabu tokkoon cunqurfamuu yoo ta'u, bilisummaan ammoo faallaa isaatiin qaamni cunqurfamaa ture tokko cunqursaa sana jalaa ba'ee walaboomuudha.Yeroon turmaataa umurii gabrummaafi bilisummaa gidduu jiraatuufi jiraachuu malus dheeraa ta'uu isaa irraa kan ka'e gabrummaatu daraaree bilisummaan eessaani jechuun dabalataan umurii turmaata gabrummaa uummata Oromoo dheerate sana ibse.

Jechootni eeruu (39)fi (44) keessatti jechoota faallaa jedhamanii eeraman ammoo gamoofi lafa jala. Jechootni kunneen caasaadhaan walsimuu baatan illee jechoota faallaa waliif ta'aniidha. Yaadni jechoota kana faallaa walii taasisus gamoon ol fagoo ta'uufi lafti jalli ammoo gadi fageenya qabaachuu isaati. Kanaafuu, faallummaan jechoota kanneenii kallattii waliin kan walsimu ta'a.

Eeruu (88)fi (89) keessatti ammoo 'as'fi 'achi' kan jedhu jechoota faallaati. Jechootni kun faallaa bakkaati. Kana jechuun as kan jennu yoo ta'e bakka nutti dhiyoo ta'e tokko waamuu keenya yoo ta'u, achi yoo jenne ammoo bakka nurraa hiixuu ta'e tokko waamuu keenya ta'a. Haala kanaanis, weellisaan jechuu kan barbaade as hiiqii hinqabuu achi hiiqii hin qabu manni hidhaa kan jedheef iddootu naga'e, naga'uu dide jechuun akka hinjirre kaasuu barbaadeeti.

Keessoon namaa madaa kan qabu yoo ta'e, sirbuuf nama hinkakaasu. Imimmaan ijattii haxaa'achaas ragaduun hindanda'amu. Haata'u malee fakkeenyi armaan olitt (137)fi (138) irratti laatame isa kana kan faallessu fakkaata. Haala kanaan nisirbina garuu, sobnee sirbinaa keessi keenya ammoo madaadha jechuun kaasa. Yaada kana irraa kan

arginu dhimmootni walii faallaa ta'an kun walfaana deemuu isaaniiti. Ibsi weellisaan fayyadame (121)fi (124) irra jirus waanuma kana fakkaatuudha. Iji imimmaani mormaan niragadna yaada jedhu arganna. Haala kanaan ammoo ija irraa imimmaan ilaalaa ragaduun haala qabatamaa jiruun waan ta'u miti. Hata'u malee, eeruu kana keessatti waan nita'a jedhamee hinyaadamne kana arganna. Adeemsa kana keessattis weellisaan kan jechuu barbaade hacuucamuun keenya bakkeettuu nimul'ata ilaalamuu dide malee, nuti ammoo akka argamuuf ija keenyaan booyaa mormaan sirbinaa nuu baraa yaada jedhu qaba.

Akkaataa (180)fi (182) irra taa'ee jiruun ammoo manni hidhaafi ifni jechoota faallaati. Akkaataan itti manni hidhaafi ifni jechoota faallaa walii ta'uu danda'an ammoo manni hidhaa keessi dukkanaan kan guutame ta'uu isaafi yoo keessa dhaabbatan ilaalanii waa addaan baafachuun iddoo hindanda'amneedha. Ifni ammoo hundaaf ilaalaniis waa adda baafachuun kan keessatti danda'amuudha.

Inkirdaadaafi qamadiin jechoota faallaati jechuun kan danda'amu inkirdaadi ija gadhee nyaataaf hintaane kan magarfatu yoo ta'u, qamadiin ammoo ija gaarii nyaataaf oolu godhachuu isaatiini. Fakkeenya (142) irraa kan fudhatames, inkirdaada qamadii keessa marge maaloo yaa jaranaa Wajjin haamanii inkirdaada keessaa gubanii jechuun yeedaleessee kaa'eera. Yaadni kunis inkirdaadaafi qamadiin walumaan guddatanii gaafa maasaa irraa walitti qabuun dhufu inkirdaada keessaa gubuun akka ta'u kaasa, malee ta'e jedhamee waanuma inkirdaadi qamadii keessatti margeef itti ba'anii keessaa hinhaaman. Bu'uurri yaada kanaa ammoo utuu inkirdaada buqqisuuf yaalamuu, qamadii buqqisuun waan mudatuuf haamaan eeguun barbaachisaa ta'uu kaasa.

(147) irrattis halagaafi fira jechootni jedhaman kallattumaan jechoota faallaa ta'uun isaanii ifatti mul'ata. Halagaan nama mo'achuu kan dan da'u yoo firafakkaatee dhufeedha. Sana hingoone taanaan diina ta'uu isaatu shakkama waan ta'eef ofibsuu hinfedhu. Halagaa firafakkaatee biyya nu saamuu dhufe kana nus fira fakkaannee dhoofnee biyyootti makna jechuun weellise.

Ittuma fufuudhaan yoo ilaalle (151) irratti jechoota faallaa harimaamuufi bisingaa arganna. Akkaatuma inkirdaadaafi qamadii kaasnetti harimaamuufi bisingaanis firii

laataniin adda ba'u. Kanumaaf fakkaata mukti gaariin ija isaatiin beekama kan jedhameefis. Weellisaa Ittiiqaa Tafariis kanuma giddugaleeffatee harimaamuu bisingaa keessa marge maaloo yaa jaranaa wajjumaan muranii harimaamuu keessaa gubanii jechuun akkaatuma bisingaa muranitti harimaamuus muranii boodarra garuu harimaamuu keessaa gubuun barbaadamaa akka ta'e kaasa.

Re'eefi qeerransaan jechoota faallaati jechuun kan danda'ameef qeerransi nyaataaf re'ee bulee ka'ee barbaaduu irraa ka'eeti. Diinaan loluu erga eegaltanii irraa deebi'uu hinqabdan. Lola eegaltanii irraa kan deebitan yoo taatan ammoo kan duraa caalmaatti kan ofitti cimsitan ta'a. Keessoo keessan yoo argate booda isin balleessuuf carraa bal'aa argata waan ta'eef diinaan lola eegaltanii duuba keessan hinmil'atinaa. Kana kan gootan yoo ta'e ija keessan isin balleessa jechuun jechoota faallaatti gargaarame. Kanaaf jechootni kun waliif faallaadha. Yoo walitti dhufan re'een qeerransa nibaqatti malee wajjin hinsossootu. Sababni isaa ammoo qeerransi nyaachuuf re'ee barbaada, re'een ammoo du'a jalaa baraaramuuf qeerransa baqatti. Akkaataa yeedaloo kanaatiinis, diinaan lollaan irraa maalif deebitanii kan durattii caalaa ofirratti goobsitanii qeerrensa eegee qabdee maaf gadhiista garagallaan booda ija kee si balleessa jechuun diina lolanii duuba deebi'uun ykn afuura laachuufiin qophaa'ii na eeggadhu jechuu waan ta'uuf ykn diinaan loluu eegaluu dhiisuudha malee eegallaan biraa deebi'uun gaarii akka hintaane kaasa.

Fakkeenyota tartiiba (193), (194), 126fi (216) ormaafi qomoo, akkasumas dhiigaafi orma kanneen jedhan jechoota faallaa ta'uu isaaniitu mul'ata. Namni qomoo tokko keessaa dhalate waliif orma hinta'u. Waliif sanyii dhiigaafi qomoo ta'a malee. Haala kanaan yeedaloon kun mammaaksa Oromoo nyaaddhuu nyaaddhuu gara fira keetiitti garagalii liqimsi isa jedhu nama yaadachiisa. Kanumaaftu weellisaan yoo namaa gamte orma hinwaammatanii qomoo dubbisanii nutu waliif dhiiganumat waljabeessa gubaa nama hidaa lafuma hidaa keessaa ormi namaa hinarguu jechuun weellise.

Tartiiba itti aanu (198)fi (203)  dhaan ammoo balballi tolaa hinjiru cabsii seeni karaa foddaa Oromiyaanii ihihii…Oromiyaanii dhiiga ilmaanshee gibira gabbbartii barumaanii jechuudhaan jechootni faallaa tolaafi gibira gabbbaruu kan jedhan mul'ataniiru. Tola kan jedhu kaffaltii wayiituu kan hinqabne ta'uu yoo ibsu, gibira kan jedhu ammoo kaffaltiin kaffalamu jiraachuu isaa ibsa. Kanaafuu, jechootni kun walii isaaniitiif faallaa ta'u.

Yeedaloo kana keessatti gaafa ilaalamu kan weellisaan jedhe balballi tolaa hinjiru cabsii seeni karaa foddaa Oromiyaan dhiiga ilmaanshee gibira gabbbartii barumaanii jechuudhaan kan yeedaleeffame dhiigni ilmaan Oromoo dhangala'uun yoo yakka miti ta'e foddaa cabsanii seenuunis yakka akka hintaane ibsuu barbaade.

Haqni yoomuu haquma. Qarqara deemuu kan jedhame ammoo haqa irraa maqanii xurree sobaa mararfachuun xurree sobaa qabatanii irra adeemuudha. Kanaaftu, jechootni kun walfaalleessu. Fakkkeenya (247)fi (248) irraas kanuma arganna. Haqni kun ammoo haqa sabni Oromoo qabuudha. Utuu waan hundumaa qabuu akka saba gadaanaatti ilaalamee eenyummaan isaa duraa miliqfamee kan isaa ta'uun hafee wayyaa ergisaa uffatee bara lakkoofsise. Turtiiwwan kana keessattis Oromoon iddoo adda addaatti qoodame. Kaan halagaa jala lixee raroo halagaan itti uwwiste uffatee eenyummaafi ebelummaa isaa dhiisee maqaa isaa moggaasaniin owwaachaa, kan godhi jedhan gochaa, kan nyaadhu jedhan nyaachaa ture. Kaan ammoo didee barbaacha haqaa itti fufe. Garuu, haqni addunyaa kana irra jiraa laata?

Qabuufi gadhiisuunis (258) irratti eeramee jira. Qeerrensa eegee qabdee maaf gadhiista garagallaan booda ija kee si balleessa jedhee qeerransa qabnaan gadhiisuun akka hinbarbaachisne, qeerransis qabamee kan gadilakkifamu yoo ta'e kan namaa hinhille ta'uu isaa hubachiisa.

Haaluma kanaan (255)fi (259) irrattis kallattii bu'uurefachuun Kan durattiicaalaa ofirratti goobsitanii garagallaan booda ija kee si balleessa jechuudhaan duraafi booda fayyadamee weellisaan yeedaleesseera.

Jechootni moggoo ammoo jechoota hiika wafakkaataa qabaniidha. Moggummaan kunis kan walitti dhihaataniidha malee guutummaatti tokko ta'uu hindanda'an. Addunyaa (2014:112) O'Grady (1996:234) wabeeffachuun akka ibsetti,"Synonyms are words or expresions that have the same meaning in some contexts. Although , it is easy to think of contexts words have the same meaning and there are also contexts in which their meanings diverge at least slightly." jedha. Yaadni kun akka mul'isutti jechootni hiika walfakkaatu qaban waan hundaan tokko ta'uu akka hindandeenye agarsiisa. Haaluma kanaan, jechoota galumsa tokko keessatti hiika walfakkaatu qabaatan iyyuu, unki

jechoota sanaa tokko ta'uu dhiisuu mala. Isaan kunis akkaataa armaan gadiitti fakkeenya waliin dhiyaachuun qaacceffamaniiru.

(3) maali **dantaan** addaa
(15) maal **faayidaan** addaa
(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) **muka** rabbi
(206) falmanne **bilisa** ba'uu
(211) falmanne **walaba** ba'uu
(220) **gadi galootuu**
(221) maqaa nama balleessaa
(229) **hayyalaallattuu**
(230) balleessina of keessaa
(233) **nama yartuu**tuu
(234) qe'ee nama balleessa
(235) yaa **shimala**
(326) yaa **ibidda lafaa marguu**
(241) mirga **ofbulchuu**
(242) gaafii **abbaa biyyummaa**tii
(306) yaa **aayyolee**
(307) **haadha** koo
(315) yaa **Rabbi** yaa **uumaa**

Akkaataa (15)fi (3) irra taa'ee jiruun jechootni dantaafi faayidaa jedhaman jechoota moggoo ta'u. Adeemsa siyaasaa yeroon siif eyyame keessatti warra dhugaaf jecha ba'anii dhugaa isaanii falmatanoo harkaafi miilla hiitee kana caalaa wanti ati nuu gootu, nuu gochuufis hawwitu dantaan (faayidaan) maaltu jira? jechuun gaaffii dhiyeessa. Jechootni kun jechoota moggoo yoo ta'anis guutummaa guutuutti tokko jechuu hindandeenyu. Ka'umsi kanaa ammoo bu'uurumaan yoo ilaalle faayidaan waan qaamni tokko waan raawwate tokkoof argatuudha. Dantaan ammoo dhimma waliin walqabsiifamee yeroon inni itti ilaalamu nijiraata. Kanaafuu maali dantaan addaa ati nuun hawwitee maal faayidaan addaa ati nuun hawwitee jedhee yommuu weellisaan weellisu yaadni achi keessaan ifu atoo dhimma keenya hinqabduu waa nuu hawwuufi siin waanti walitti fidu hinjiru jechuun yaada isaa ibse.

Odaan muka Oromoon kabaju, ulfina qabeessa. Haata'u malee, jechootni Odaafi muka jedhan guutummaatti kan bakka walbu'uufi waliif moggoomuu danda'an miti. Sababni isaa muki waan walii galaa yoo ta'u, Odaan ammoo gosoota mukaa keessaa tokko malee, kan bakka walbu'an miti. Dhugaan kun sirba kana keessattis (160)fi (161)irrattiYaa Odaa eebbifamtuu muka Rabbi eebbise hundarraa jechuun ka'eera. Muka Rabbi eebbise Odaa

jalatti sabni Oromoo seera tumatee gaarii jajee hamaa ceepha'a. Akkaatuma kanatti sabni kun Odaa jala taa'ee Keessummaa qabeenya Oromoo nyaatee dhugee qe'ee dhuunfachuun dhiiga lammii dhangalaasee dhuguu hojii isaa godhate yoo abaare hinqaqqabsiisuu gaaffii jedhu of keessaa qaba.

Fakkeenya (206)fi (211) armaan olii keessattis jechootni bilisaafi walaba jedhan jechoota walii isaaniitiif moggoo ta'aniidha. Yaada yeedaloo kanaa irraa gaafa fudhannee ilaallu yoo tokkummaadhaan falmanne bilisaba'uu ykn ilmaanshee hunda fixattee taa'uu yoo tokkummaadhaan falmanne walaba ba'uu ykn ilmaanshee hunda fixattee taa'uu jechuun bilisaba'uufi walaba ba'uu walcinatti gargaarame. Kun ammoo weellisaa kana maal gargaare, maal gargaaras jennee yoo ilaalle jechootni kun moggoo garagaraatiin yoo irra deddeebi'amanii dhageessifaman yaada sana sammuu dhaggeeffataa keessa bulchuu keessatti ga'ee olaanaa qabaata. Dabalataanis, walitti fufiinsaan jechuma tokko irra deddeebi'uu caalaa jechoota moggoo ta'an waljala fuudhanii gargaaramuun ergaa yeedaloo sanaa fixachiisuu keessatti ga'ee olaanaa qaba.

Yaada (220), (229)fi (233) armaan olii irratti ammoo gadi galoo, hayyallaallatuufi nama yartuu kan jedhan jechoota dhimma walfakkaatuuf dhaabbataniidha. Eeruu olii keessattis gadi galootu maqaa nama balleessa, nama yartuutu qe'ee nama balleessa kanaafuu, hayyalllaallatuu kana balleessina of keessaa jechuun weellifameera. Gadigaltuun maqaa borii hinyaadne, namni qomoofi eenyummaan ishee yartuu maqaas qe'ees nama balleessitii kottaa ofkeessaa balleessinaa waltaanee ergaa jedhu dabarsa.

Fakkkeenyi (235)fi (326) irratti eerame ammoo shimalaafi ibidda lafaa margu jechoota moggoo taasisee dhiyeesse. Haala kana keessattis shimalliifi ibiddi lafaa margu gocha isaaniitiin walbira qabaman. Akkuma beekamu sabni Oromoo bara dheeraaf didda gabrummaa geggeessaa ture keessatti abbaa biyyummmaa isaa kan falmachaa ture meeshaa waraanaa qabaatee waan loleef osoo hintaane kaan isaa harka qullaa kaan ammoo waanuma qabu qabatee itti duulaa ofirraa faccisaa ture. Meeshaa ittiin sabni kun diina ofirraa ittisaa ture keessaa tokko shimala. Maarree kanumaaf mitiiree kan Oromoon jedhuuf kan harkaa qaban darbannaan sodaataa hinta'an kan jedhamuuf. Akka meeshaa ammmayyaattis sabni kun shimaluma gargaaramee diina iddoo isaatii buqqisuuf ga'e

yaada jedhu kaasuu gaafa barbaadu, yaa shimala yaa ibidda lafaa marguu jedhee weelisaan wallee isaa keessatti ibseera.

Ofbulchuufi abbaa biyyummmaa mirkaneeffachuunis yaadaan tokko. Kanaafis, moggoo ta'u. Akkaataa (241)fi (242) irratti ka'eenis mirga ofbulchuu gaafii abbaa biyyummaa saba Oromooti. Kun mirga keenyaadha waan ta'eef nuuf haa laatamu. Biyya ofuma keenyaa haa bulchanna. Mirga keenya hiree keenya dabarsinee nama biroof hinlaannu, kanaafuu, keenya keenyumaa irratti abbummaa keenya haa mirkaneeffannuun yaada ijoo yeedaloo kana keessaan mul'atuudha.

Aayyoofi haadha kan jedhus jechoota moggoodha. Caqasa kanaan garaagarummaan jiru yoo jiraates aayyolee kan jedhu danuu kan bakka bu'u yoo ta'u, haadha kan jedhu ammoo lakkoofsa qeenxeedha. Yaada kana keessatti ammoo wanti hubatamu yaa aayyolee yaa deessee dhala Oromoo biroofi ishee ana deessee haadha koo akka gootuu jedheetu dhaamsa itti dhaammate. Akkaataa kanaan dhaamsi weellisaa kan haadha isa deesse qofaa akka hintaane, aayyolee biroofis akka oolu cimsatee darbeera. Fakkkeenyi (306)fi (307)Yaa aayyolee haadha koo akka gootuu jechuun yaada kana ibsa.

Rabbi uumaa Waaqaafi lafaati. Caasaa kanaan yoo ilaalleRabbiyoo jennes Uumaa yoo jennes jarri kun yaadaan tokko bakka walbu'u. Moggoodha jechuudha. Kanaaftu, (315) irratti yaa Rabbi yaa uumaa kan akka ofii falmatuuf uume sumaa jchuun weellisaan yaada isaa calaqqisiiseera.

#### 4.3.1.2 Jechoota Galumsaa

Jechi tokkichi himoota adda addaa keessa galuun hiika ykn ergaa garagaraa dabarsuu danda'u.Haaluma kanaan, sirba kana keessatti weellisaan jechoota bifa garaagaraan himaafi yeedloo isaa keessatti akkaataa qabiyyeefi ergaa dabarsuu danda'uun armaan gadiitti qaacceffameera.

(5) waa'een kee nuun gallee
(6) **dubbadhuu** Finfinnee x2
(35) gabrummaa **daraaree**
(36) bilisummaan eessaan
(37) <u>**saaqi** saanqaa x2 saaqi </u>x2
(57) bakka seentanan
(58) arguu jarjeree
(59) warra dhiiga Oromoo

(60) **dhuguu** baree
(74) falmataa kiyyaa
(75) yoo du'anuu
(76) ekeraat **iyyaa**
(142) **inkirdaada qamadii**
(143) keessa marge
(145) wajjin haamanii
(146) **inkirdaada** keessaa gubanii
(151) **harimaamoo** bisingaa
(152) keessa marge
(154) wajjumaan muranii
(155) **harimaamoo** keessaa gubanii
(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) **muka** Rabbi
(162) eebbise hundarraa
(163) **gaaddisa** kee jalatti
(164) Oromoonni seera tumatuu
(202) dhiiga ilmaanshee
(203) **gibira** gabbbartii
(235) yaa shimala
(326) yaa ibidda lafaa **marguu**
(309) otoo ilaalluu
(310) **waraabessi** nun nyaatuu
(319) wadaroonii hii'ii x2
(320) **wadaroon**ii
(326) wadaroonii **wadaroon**
(327) Eebbisaa Addunyaa
(328) lafarra harkiste a'aa

Finfinneen maqaa magaalaati. Magaalaan ammoo hindubbatu. Haata'u malee, dhiibbaawwan biyya Oromoo Finfinnee irratti jabeessee akkaataa sammuu namaatti haalaan dhaga'amuu danda'utti cimsee ibsuuf jecha dubbadhu Finfinne jedhee akka waan Finfinneen dubbattuu godhee dhiyeesse. Galumsi kunis, kanuma ibsa malee, dubbachuu isa dhugaa Finfinneen qabatamaan dubbattu ibsuu barbaadee miti. Galumsa kanaan dabalataan waanti ilaalamu nuti Oromootni bara bara baay'ee waa'ee keetiif dubbannee garuu, bara baay'ee kana keessatti homaa furmaata tokko iyyuu hinarganne. Mee ati ammoo altakkaa ofii keetiif dubbatadhu jechuun ofii akka harka irraa fudhacuufi abdii kutachuu yaada jedhus ofkeessatti kanhaammateedha. Yaadni (6) irratti Waa'een kee nuun gallee dubbadhu Finfinnee jedhus nuti xaarre, dhiigni ilmaan Oromoo baay'ees waa'ee keetiif dhangala'e, dhangala'aas jira maal ta'a atumti kun dhugaa kee kanaaf yoo sagalee kee dhageessifatte jechuun illee dabalee weellisaan kun yaadicha utuba.

Kan daraaruu danda'u waan lafaa biqiluudha. Haata'u malee, Ittiiqaan akka gabrummaan daraarutti kaase. Kan daraare ammoo ija godhachuun isaa hinhafu. Qooda kanaanis, gabrummaan daraaree ija godhata jechuun barbaadamee osoo hintaane, gabrummaafi dararri saba Oromoo irra ture hagam akka ulfaatu ibsuu barbaadeeti. Ittuma dabaluun eeruun (35)fi (37) jala jiru Saaqi saanqaa kan jedhuudha. Saanqaan ammoo haala qabatamaa beekamuufi hiika ifaa bakkeetti mul'atuun balbala ittiin mana cufataniidha. Hata'u malee haala galumsaatiin jecha kana yoo ilaalle saanqaan waan baay'eedhaaf bakka bu'ee bakka waan baay'ee galuu danda'a. Saanqaan saaqamu, gama dinagdee, siyaasaafi hawaasummaan warri saba Oromoo ariitanii gabaa keessaa baaftan balbala sana saaqaatii saba Oromootiif mirga abbaa biyyummaa karaa hundaan irraa mulqitan deebisaafii yaada jedhu qabatee jira.

Namni dhiiga namaa hindhugu. Kun kan agarsiisu garuu, du'aatii ilmaan Oromoo haqa isaanii falmatanii ibsuuf jedhameeti. Warreen dantaa dhuunfaa isaaniitiif jedhanii ajjechaa ilmaan Oromoo irratti abuurratan ammoo ilmaan Oromoo ajjeesuun amala ta'eeraaf. Sana duukaa haqa ofii argachuun ifaajee cimaa kan gaafatu ta'uun isaas kanuma jalatti ifeera. Kanuma ibsuufis, fakkeenya (60) irratti Warra dhiiga Oromoo dhuguubare jechuun akka dhiigni namaa dhugamutti godhee kaase.

Haala barameen ekeraan nama du'eedha. Namni du'e ammoo hiniyyu. Hata'uutii garuu, yaada (76) irratti eerameen falmataa kiyyaa yoo du'anuu ekeraatiyyaa kan jedhuun ibsamuun kan barbaadame ati falmataan inni mana hidhaa keessa jirtu jabaadhu dhimmichi si isa lubbuun jiru mitiitii isa du'ee iyyuu lafeesaatu lafa keessa taa'ee waa'ee kanaa haasa'aa ittiin jechuun barbaadameeti.

Haala (142)fi (146) keessatti ifeen ammoo inkirdaadatu qamadii keessatti marge jechuun kallattumaan waan barreeffame kana jechuu miti. Firiin inkirdaadaa nyaataaf hintolu. Qamadiin garuu, faallaa isaa sanyii filatamaa nyaataaf ta'uudha. Haaluma kanaan inkirdaadis, qamadiinis waan bakka bu'an kan ofii isaanii qabu. Akkuma beekamu sabni Oromoo baroota dheeraaf sirna gabrummaa jalatti hacoocamee eenyummaa isaa dhabee qaama jalatti hogganamuu hinbarbaanneen hogganamee bulaa tureera. Kana keessattis qaamni achis fakkaatee asis fakkaachaa ittiin bulinnnaadhaaf dhama'u hindhabamne. Kaansaa ammoo dhugaadhaaf bitameen yoon carroome ilmaan dhugaa sana argun ta'a,

hinta'u taaneen dhugaa koo seenaaf kaa'een darba kan jedhanis hindhabaman. Akkaataa kanaan qaamni achis fakkaatee asis fakkaachaa ittiin bulinnnaadhaaf dhama'u sun inkirdaadaan bakka buufame. Kan dhugaadhaaf bitameen yoon carroome ilmaan dhugaa sana argun ta'a, hinta'u taanaan dhugaa koo seenaaf kaa'een darba kan jedhan ammoo qamadiidhaan warra bakka buufamaniidha. Egaa goolabni yaada ijoo yeedaloo kanaatis, inkirdaadas, qamadiis waluma faana  haamanii inkirdaada keessaa gubuun achi kaataafi as kaataa Oromootiifi Oromoo isa dhugaa adda baasuun walqabata.

Harimaamoo dhiiga bisingaa xuuxa. Waan dhiiga midhaan kanaa xuuxu ammoo akka bisingaa sanaa nyaataaaf hinoolu taanaan jalaa haramuun murteessaadha. Jalaa hinharamamne yoo ta'e, dhiiga midhaan sanii xuuxee midhaan sana qallisee ofii isaatii gabbata. Akkuma kana Oromoon garaaf qofa bulus, Oromticha dhugaa huqqisee obboleessa isaatti diina ta'ee, orma waliin taa'ee shira irratti xaxee, obboleessa isaa kuffisuuf kiyyoo itti qopheessa. Kun dhugaadha. Dhugaa yeroo dhiyoo yoo barbaanne Oromoon akka kanaa duguugamee badeera jechuun hindanda'amu. Yeroo ammaas darbee darbee waan dhabamu hinta'u. Ibsi kunis kutaa yeedaloo kanaa (151)fi (155) keessatti harimaamuubisingaa keessa marge maaloo yaa jaranaa wajjumaan muranii harimaamuu keessaa gubanii jechuun kaa'ameera.

Odaan muka Rabbi eebbise fakkaattii galma ammayyaa gaaddisa saba Oromooti. Dhugaan kun ilma Oromoo nama ta'e kamiin duraayyuu dhokataa miti. Odaan hundi muka. Muki hundi garuu, Odaa ta'uu hindanda'u. Kanaaftu sabni Oromoo Odaa nijaal'ata, akka agartuu ija isaatiittis ilaallata. Odaa jalattis seera tumata. Odaa jala taa'ee kan yakke adabatee kallattiitti deeffata. Dhugaan kun dhugaa hawaasa Oromooti. Dhugaan hawaasa Oromoo kun ammmoo kutaa yeedaloo kanaatiin  (160), (161)fi (163) irratti yaa Odaa eebbifamtuu muka Rabbi eebbise hundarraa gaaddisakee jalatti Oromoonni seera tumatuu jechuun taa'ee jira. Kanaafuu, ajechootni kunneen bakka galan kanaan hiika kana qabu.

Waan (203) irratti yeedaleeffameen Oromiyaan dhiiga ilmaan ishee gibira gabbarti yoo jedhu walii galtee idileetiin hinta'u. Haata'u malee, ija ogbarruutiin waan kana ilaallee kan hubannu yoo ta'e, bara keessatti Oromoon haqa isaa falmachuu hindhiisu,  dantaa dhuunfaa isaaniitiif warri socho'an ammoo Oromoo ajjeesuu hindhiisan yaada jedhu

ofkeessaa qaba. Kunis, gibiruma waggaadhaan namni waan hojjetuuf kaffalutti fakkeeffama osoo hintaane lubbuu ilmaan Oromoo qaalii ta'an sababa mirga isaanii falmataniif yakkamoo ta'uun ajjeeffaman bakka bu'ee hiika kanas qabaata.

Ibiddi lafaa hinmargu. Kan margu sanyii lafatti faca'ee jiidha argateedha. Akka yaada (326)tti garuu, ibiddatu lafaa marga. Ibiddi lafaa margu kun ammoo shimala. Dhugaattuu gaafa ilaallu shimalaan erga ibidda jennee, ibiddi sun ammoo lafaa marga erga jennee lafumatu shimala biqilchee shimalli sun ammoo ibiddatti fakkeeffamee argame. Ibiddummaan isaa ammoo kan inni ittiin safaramu akkuma ibiddi yoo dhaqna namaa irra bu'e baay'ee nama gubu shimallis yoo ittiin nama rukutan baay'ee dhaqna namaa bilcheessa. Haaluma beekamuun ammoo sabni Oromoon meeshaa ammayyaa osoo hinqabaatin shimaluma isaatiin diina isaa ofirraa ittisaa tureera.

Waraabessi bineensa. Namas ta'e horii dabatti argannaan ninyaata. Carraa argateen namaafis ta'e, horiidhaaf hinhilu. Kun ammoo hojiidhuma isaati. Kan inni nyaatee bulus akkuma kanaani. Kana hingoone taanaan hagabuu bula waan ta'eef kun hojiidhuma isaati. Kanaaf, jechi kun akkaataa (310) irratti yaa aayyolee haadha koo akka gootuu otoo ilaalluu waraabessi nun nyaatu kan jedhu hiika akkka kanaa qabaata.

Wadaroon funyoodha. Funyoon ammoo waa hidhuuf gargaara. Horii, nama maraate, wanta walitti hidhamuun isaa barbaadame mara walitti hidhuuf oola. Ittiiqaanis, wadaroo waan kanaaf oolu keessaa fakkeenya (320)fi (326) keessatti wadaroo gootota Oromoo mukatti fannisteefi wadaroon Ebbisaa Addunyaa lafarra harkise abaaruu barbaadee weellise. Haala kanaanis, galumsa jalqabaan wadaroon waa fannisuuf waan gargaaru ta'uu isaatu ife. Galumsa lammataan ammoo wadaroon waan waa harkisu ta'uutu ifatti kaa'ame.

#### 4.3.1.3 Jechoota Safuu

Jechootani safuu jechoota hawaasa biratti lagatamaniidha. Hawaasni Oromoos akkuma saba biro jechoota laguu bartee hawaasaa waliin hindeemne niqaba. Jechoota kana fayyadamuutu hinbarbaachisu jedhameeti malee jechootni bakka bu'uu malan dhabamnaan miti. Fakkeenyaaf, 'Urgeen fincaan fincoofte' jechuu irra,'Urgeen mana boolii deemte'yoo jedhame irra caalaatti kan hawaasa biratti safuu eeggate ta'a. Haaluma

kanaan, jechoota safuu ta'an kan weellisaan sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti dhimma bahe akka armaan gadiitti qaaccefamanii dhiyaataniiru.

(59) warra **dhiiga** Oromoo
(60) dhuguu baree
(169) maali keessummaan
(170) **nama nyaatee**
(171) qe'ee dhuunfatuu
(172) roorrisaan bara baraan
(173) **dhiiga** lammii
(174) **dhangalaasee** dhugaa
(198) balballi tolaa hinjiru
(199) **cabsii seen karaa foddaa**

Dhalli namaa dhiiga namaa hindhugu. Kun aadaa saba Oromoo keessattis ta'e, kan biroo keessatti waan barame miti. Kanaafuu, sabni Oromoo yeedaloo dhiiga Oromoo dhuguu jedhu kana yeroo dhaga'u ninaha. Kunis kan ta'uuf, dhiiga namaa dhuguun sabichaafis ta'e, saba biroo biratti yaadrimee haaraa waan ta'uufidha. Kanaafuu, yaadrimeen kun saba Oromootiif safuudha, ofiis hinjedhu, yoo utuu jedhamuu dhaga'es itti hintolu. Yaadni kun (59) irratti hacuuccaa haalaan gabroomfataan saba Oromoo irraan ga'aa ture ulfaataafi jabaa ta'uu isaa ibsuu barbaadee Warra dhiigaOromoo dhuguu bare jedhee weellise.

Ibsituun (170) irratti argamu ammoo Keessummaan nyaatee dhugee yoo bules bariidhaan galamaali keessummaan nama nyaatee qe'ee dhuunfatu kan jedhuudha.Wantoota birootu nyaatama malee namni hinnyaatamu. Eeruu kana keessatti garuu, akka namni nama nyaatutti kaa'a. Yaadni kunis hawaasicha biratti baramaa ta'uu dhiisuu isaa irraa kan ka'e namatu nama nyaate kan jedhu yoo dhaga'u niqoollifata.

Akka seera Makkoo Biliittis ta'e, seera ittiin bulmaata saba Oromootti dhiiga namaa dhangalaasuun daba. Dabni kun ammoo Waaqa birattis ta'e, fuula namaatti jibbamaadha. Wanta safuudha jennu kana ammoo sabni kun yoo dhaga'u niciiga'a, safuu jedhee bira tara. Akkaataa kanaan gabroomfataan saba Oromoo kun itti fufee aangoo irra kan bubbulu yoo ta'e dhiiga lammii Oromoo dhangalaasuun isaa kan itti fufu ta'a. Oromoon ammoo baruma baraan gabroomaa ta'a jechuu barbaadee fakkeenya (173)fi (174) irratti bor isaan bara baraan dhiiga lammii dhangalaasee dhuga jechuun yeedalicha ibse.

Eeruu (199) Balballi tolaa hinjiru cabsii seen karaa foddaa jedhu keessatti ammoo kan seenamu karaa foddaa, inni iyyuu banaa miti cabsameeti. Gocha akka kanaa ammoo Oromoon niciiga'a. Gocha sirrii miti dabdeetti jedhee kan dabsetti daba mura.

### 4.3.2 Jechamoota

Jechamni jechoota adda addaa lama irraa kan uumamuufi jechoota qindaa'an keessaa jechoota hiika addaa qabaatee yaada addaafi dubbiin kan ibsamu fayyadama afaaniiti. Kana ilaachisee, Addunyaa (2014:122) akka ibsetti,

> Jechamni jechoota, gaaleewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf fayyaduu danda'u. Baay'een jechamoota Afaan Oromoo ergaa dhuunfaatti jechootni walitti dhufan qaban irraa adda. Jechamoota kana hubachuufis beekumsa aadaafi afaanichaa qabaachuun barbaachisaadha

Kana malees, jechamni qaama gubbaaratti hiika ifa ta'e, qaama keessaatti ammoo hiika dhoksaa ta'e qabuudha. Jechootni kunniin kaayyoo tokko icciitiin itti fayyadamuudhaan dhuunfaan ykn gareen galmaan ga'uu kaayyeeffatu. Naannoo tokko tokkotti ammoo yaada icciitii ibsachuuf hojjettootni, barattootni, dhiiraafi dhalaan, dargaggoo, hojidhabdootaafi kashalabbeewwan illee ofuma isaaniitii uumuudhaan kan itti walii galuu danda'aniidha jechuun Geetaachoo (2011:58) ibseera. Haaluma kanaan, jechamootni odeeffannoo sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti argaman qabiyyeewwan: roorroo, sodaa, cinqiifi injifannoo fa'a agarsiisan haala itti aanuun qaacceffamaniiru.

(2) **harkaafi miila hiitee**
(42) silaa manni hidhaa
(44) isaanii **lafa jalaa**
(47) qabsoo Oromootu
(48) **ifa baasaa**
(220) **gadi galoo**tuu
(221) maqaa nama balleessaa
(233) **nama yartuutuu**
(234) qe'ee nama balleessa
(222) yaa shimala
(223) yaa **ibidda lafaa marguu**
(224) **gubbaa nama ilaalan**
(239) gaaffiin Oromootaa
(241) mirga ofbulchuu
(242) gaafii **abbaa biyyummaa**tii
(255) kan durattii caalaa
(256) **ofirratti goobsitanii**
(245) dhiigni hamma har'aa

(246) **gatii malee** lola'ee
(257) qeerrensa **eegee**
(258) **qabdee** maaf gadhiista
(259) garagallaan booda
(260) **ija** kee si **balleessa**
(276) diinummaa isaanii
(277) ofitti **ragaa bahanii**
(278) jarri qotanii qotanii
(279) **albee ittiin**
(280) **qalaman** baafatanii
(306) yaa aayyolee
(307) **haadha** koo
(308) akka gootuu
(309) otoo ilaalluu
(310) **waraabessi** nun nyaatuu
(311) naa jajjabaadhu
(312) **sabbata dachaa** hidhadhuu

Fakkeenya (2) irratti falmattoota haqaa harkaafi miilahiiteekan jedhu keessatti jechamoota lama arganna. Isaaninis: harka hiite kan jedhuufi miila hiite kan jedhuudha. Namni harkaafi miilli isaa hidhame ammoo sochii kamiyyuu keessatti qooda hinqabaatu. Miillaan deemanii lafa yaadan ga'uun harkaan qaqqabatanii waa maayessuun hindanda'amu. Bu'uuruma kanaan harkaafi miila hidhuun hiika qabaata. Hiikoon kunis,

- Warra mana hidhaa keessa jiran kallattiidhumaan harkaafi miilla isaanii hiite
- Warra mana hidhaa hinseenin jiran dhugaa isaaii ammoo utuu falmatanii fedhan akka isaan yaada isaanii hinibsanne uggurte
- Karaa biraa harkiifi miilli jireenyuma dhuunfaa namtokkeefuu barbaachisummaa olaanaa qabaata. Bakka tokkoo ka'anii bakka biroo ga'uun kan danda'amu yoo miilla qabaataniidha. Harki ammoo isuma qophaa'ee nyaataaf dhiyaate iyyuu afaan nama kaa'a. Yoo hintaane isuma qophaa'ee nyaataaf dhiyaate kana iyyuu soorachuutu hindanda'amu. Egaa falmattootni haqaa alaafi mana hidhaa keessa jiran akkaataa kanaaf kanneen biroon miidhamaa turan. Kun ammoo dhugaa kaleessa tureefi har'as darbee darbee mul'atuudha.

Osoo manni hidhaa Oromoon itti hidhamu gamoodha ta'ee silaa akka Abdiisaa wadaroodhaan bu'uun nidanda'ama ture. Garuu, manni hidhaa Oromoon itti hidhamu lafa jala ta'uu irraa kan ka'e, dhuunfaan jalaa ba'uun waan hindanda'amneef gamtaadhaan falmachuutu fala ta'a kan jedhu ibsa. Gama biraatiin lafa jala iddoo dhokataatti

ugguramuu isaanii irraa kan ka'e hidhamuudhuma falmattoota haqaa kana iyyuu namni hinbeeku. Gamtaan falmachuun saba Oromoo ammoo isa kana ifatti baasuuf humna qaba yaada jedhuun fakkeenya (44)fi (48) irratti Silaa manni hidhaa isaaanii lafa jalaa gamtaan falmachuun ifa baasa qabsoo Oromoo ifa baasa yaada jedhuun ifoomsee agarsiisa.

Gadi galoon fixata. Fixatni ammoo nama duraas duubaas homaa tokko iyyuu hinqabneedha. Deemsa gartokkee nama deemu jechuudha. Eeruun (220)fi (233) irratti gadi galootuu maqaa nama balleessaanama yartuutu qe'ee nama balleessa jechuun ka'es yaaduma kana gabbisa. Namni akka kanaa ammoo ofii isaa irrattis ta'e, nama biroo irratti tarkaanfiin wayiituu yoo fudhatame kan isa dhibu hinta'u. Kanumaafuu, yaadni kun Ormoon kansaa irratti nama hindhiisu. Kansaa barbaaddachuuf ammoo karaa nagaa yoo gaafatu hinlaatamuuf yoo ta'e, namaan walitti bu'uun isaa kan akka hintaanetu mul'ata. Haqa falmachuu kana keessa ammoo lubbuu galaafachuutu dhufa isa jedhuun weellisaan gadi galootu maqaa nama balleessa jedhee yeedaleesse. Nama yartuu jechuun ammoo nama qomoofi sanyii hinqabne, yooqabaattes baay'inaanis yoota'e, yartuu taateedha.

Fkkeenya (223)fi (224) keessatti ammoo Yaa shimala yaa ibidda lafaa marguu jechuun weellisaan kan weellise qabatamaan ibiddatu lafaa marga miti. Ibiddi yoomuu lafaa hinmargu. Ibidda kan jedhame dachaan isaa shimala. Shimalli ammoo gosa mukaa ta'uu isaatiin dhugaattuu lafaa marga. Isaan ammoo diina ofii reebu. Shimalli gaafa qaama diinaa reebu kana ammoo niguba. Ibiddis akkuma kana waan irra bu'e niguba. Kanaaftu, shimalaan ibidda lafaa ba'u jedhame. Itti dabaluunis, gubbaa nama ilaalan jechama jedhu eeruu kana keessaa arganna. Gubbaa nama ilaalan jechuunis, xiyyeeffannoo malee jechuudha.

Abbaan biyyaa qaama mirga guutuu biyya tokko keessatti qabuudha. Mirgi guutuun ammoo mirga uumamaafi diimokiraasiiti. Qaamni mirga kana biyya tokko keesssatti qabu abbaa biyyaati jechuun nidanda'ama. Kanaaftu, Oromoonis biyya koo irratti ofiin ofbulchee abbaa biyya Oromoo ta'uutu narra jira jedhee gaafachaa turee abjuufi gaaffii isaa kana qabatamaan mirkaneeffate. Irrayyuu darbee saba Itoophiyaafi Afriikaa, Addunyaaf illee saba abdatamu ta'aa jira. Kun ammoo dhugaa qabatamaan har'a lafa jiruufi jireenya guyyuu keessatti argaa jirruuhdha. Yaadni kunis fakkeenyota sirba kana

keessaa fudhataman keessaa (242) irratti Gabiin Oromootaa durii ammarrattii mirga ofbulchuu gaafii abbaa biyyummaatii kan jedhuun ibsamee jira.

Falli lafa amma jirru kanaan nu ga'e tokkummaadha. Tokkummaa deemsa karaa dheeraa ittiin deemnee as geenye kana tikfachuu danda'uutu nurra jira. Tokkummaa deemsa karaa dheeraaf qorsa ta'e, dhiisnee, karaa dhuunfaa keenyaa deemuuf kan karoorsinuufi kan deemnu yoota'e dhiiga ilmaan Oromoo tokkummaa kana fiduuf kanaan dura dhangala'e akka waan faayidaa hinqabneetti ilaalle yaada jedhu ibsuuf haala (256)fi (246) irratti eerameen diinaan lollaan irraa maalif deebitanii kan durattii caalaa ofirratti goobsitanii dhiigni hamma har'aa gatii malee lola'ee jedhee weellise. Itti daluunis goobsuun moosisuudha. Kan mo'aa ta'u ammoo namatu namarratti, horiitu horii irratti, bineensatu bineensa irratti mo'aa ta'a. Kun ammoo calliseedhuma waan ta'u miti. Adeemsaafi yeroo gaafata. Carraa argametti fayyadamuunis nimilkaa'ama. Kan weellisaan diinaan lollaan irraa maalif deebitaniikan durattii caalaa ofirratti goobsitanii jedheefis, diinni isiniin loltee bakka hanqinaafi cimina keessanii bartee jennnaan isin mo'uuf carraan isheen qabdu nibal'ataaf yaada jedhu qaba.

Qeerransa eegee qabuun diinatti karaa inni nama hinagarreen itti dhaquudha. Eegeen duuba. Duubaan ammoo iji hinjiru. Karaa iji hinjirreen waa arguunis gonkumaa hindanda'amu. Eega karaa iccitii qabuun diina ofiitti adeemanii biraa hafuun diinaan qophaa'i jechuu ta'a. Diinni qophaa'ee yoo nama eeggate ammoo mo'achuun hindanda'amu. Furmaatni isaa qabnaan itti muddduudha malee itti laaffisnaan boodaan gaabbbuunis kan hafu hinta'u. Diinnis carraa argateen gargaaramee yoo nuti karaa laateef gara galee ija keenya balleessuu danda'a jechuu barbaadee (258)fi (260) irratt qeerrensa eegee qabdee maaf gadhiista garagallaan booda ija kee si balleessa jedhee yeedaleesse. Iji baduun ammoo tasa dhabamuudha.

Ragaa bahuun afaaniin dubbachuun dhugaa jiru tokko qaama barbaaduuf ibsuudha. Eeruu kana keessatti garuu, afaaniin dubbachuun bakka qabatamaafi idilaa'aa tokko dhaabbachuun osoo hintaane gochaan rawwatee kan mul'ate ibsuu isaati. Aalbeen meeshaa waa qaluuf oolu ta'uun isaa beekamaadha. Gitootni abbaa irreefi fakkaattotni isaanii yeroo Oromootti gidiraa jabeessan isaan fayyadamaa jirra se'anii itti jabeessan. Duubaan diddaan gaafa jabaatu garuu, osoo hinbeekin Oromoon Galaana Abbayyaa ta'ee

erga irra garagalee argan. Boolli isaan qotaa turan martuu kan isaanii ta'ee argan. Aalbee ittiin qalaamanis offuulduratti ilaalan. Dhugaan aalbee kanaa haala (277)fi (279) irra taa'een diinummaasaanii ofitti ragaa bahanii jarri qotanii qotanii aalbee ittiin qalaman baafatanii bifa jedhuun kan ibsame kanuma.

Biyyi ofii, haati nama deesse haadha ofiiti. Eeruu (307) irrattis yaa aayyolee haadhakoo akka gootuu jechuun weelliseera. Haadha kan jedhus Oromiyaadha. Oromiyaan ammoo biyya saba guddaa Oromoo jedhamuun beekamuuti. Kanaafis, weellisaan yeedaloo kana keessatti akkaataa 5(I) irra ta'een Yaa aayyolee haadha koo akka gootuu jechuun biyya isaa Oromiyaatti dhaamsa dhaammate.

Waraabessi bineensa. Bineensi ammoo nama nyaata. Bineensa nama nyaatu waraabessa jalaa ooluuf yaa biyya koo yaa Oromiyaa naa jabaadhu sabbata dachaa naaf hidhadhu jedhee Oromiyaatti dhaammata. Sabbata dachaan ammoo hidhannoo guutuu walaboomuuf barbaachisuufi diina ittiin qolataniidha. Kunis, (310)fi (312) iraatti Otoo ilaalluu waraabessi nun nyaatuu naa jajjabaadhu sabbata dachaa hidhadhuu isa jedhuun ifee jira.

**4.3.3 Fayyadama Malleen Dubbii**

Malleen dubbiitti gargaaramuun altakkaa ergaa lamaafi isaa ol walfaana dabarsuudha. Maalummaa malleen dubbii kana ilaalchisanii hayyootni yaada bal'aa dhiyeessu. Addunyaa (2014:208) maalummaa malleen dubbii yoo ibsu, "*Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta'een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsudha*," jedha. Akkasumas Kennedy (1987:128) "*Malleen dubbii yeroo waan tokko kallattiin dubbannu wanta biraas faallaan ibsuudha*" jechuun kaa'a.

Akkuma Birhaanuu Maatiwoos (1999:82) "*Malleen dubbii dalgaatiin waan tokko waan biraatiin walbira qabuun walmorkachiisuu, fakkoommii uumuu, namoomsuu, raajeffannoofi kkf.*" jechuun gosoota malleen dubbii eere sirboota 'saaqi saanqaafi itti muddi' jedhan keessattis dubbiiwwan qolaa adda addaa tajaajila garaagaraaf dhimma ba'aman nijiru. Dubbiiwwan qolaa kanneen gama qabiyyee isaaniitiin ergaa maalii akka dabarsuu barbaadaniin kan dhi'aataniidha. Gosootni malleen dubbii yeedaloo sirboota kanaa dhimmoota garaagaraa kanneen akka gadda, gammachuu, aarii, garajabina,

hacuuccaafi roorroo, ilaalcha olaantummaa, aadaa, duudhaafi k.k.f agarsiisuu danda’aniin ibsamaniiru. Malootni kunis, akkasaa, iddeessa, arbeessuu, nameessa, eemitii, fakkoommii fa’i. Malleen dubbii kanas tokko tokkoon akkaataa eeruu armaan gadiitti duraa duubaan qaacceffamanii dhiyaataniiru.

#### 4.3.3.1 Akkasaa

Akkasaan jechoota akka, dorgoma, walgitaafi fakkaata jedhaman gargaaramee wantoota lama walbira qabee kan ibsuudha. Maalummaa akkasaa ilaalchisee Addunyaan, (2014:208) yoo ibsu, “Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta’e tokkoon walbira qabuun dhiyeessuudha,” jechuun kaa’a. Itti dabaluun, Birhaanuu Maatiwoos (1999:82) “Walmorkiin wantoota lama kan adda adda ta’an jechoota: akka, yookaan, wal” jedhuun fayyadamuun walmorkisiisuudhaan nimul’ata” jedha. Haaluma kanaan, yeedaloon sirba kanaa keessatti mala dubbii akkasaatti fayyadamuun, weellisichi yaadni isaa maal akka fakkaatuufi ergaan inni dabarsuu barbaade maal akka ta’e agarsiisuuf kan yaalame yeedaloo barruu kanaa iddoo muraasa keessatti nimul’ata akka armaan gadiitti qaacceffamanii dhiyaataniiru.

(40) wadaroodhaan bu’uu } x2
(41) **akka Abdiisaa**
(147) alagaa **fira fakkaattee**
(148) biyya nu saamuu dhuftee
**(149) fira fakkaatanii**
(150) dha’anii biyyootti makanii
(273) **fira fakkaachaa**
(274) tokkummaa

Yaada (41) irratti osoo manni hidhaa jarattii gamoo ta’ee wadaroodhaan bu’uu akka Abdiisaa jechuun ibsame irraa waanti mul’atu hawwiidha. Manni hidhaa sun osoo abbaa gamoo ykn abbaa darbii ta’eera ta’eetii akka Abdiisaatti bu’uun nidanda’ama ture yaada jedhu of keessaaa qaba. Dhibbeentaan bakka bu’ummaa mul’atus guutuu hinta’u. Sababni isaa akka malee, guutummaa guutuutti waan sana ta’uu miti. Haala kanaanis, fakkeenya kana irraatti osoo manni hidhaa jarattii gamoo ta’ee wadaroodhaan bu’uu akka Abdiisaa jedhamuun yeedaloo kana keesstti ifee jira.

Halagaanis fira nifakkkaata malee, fira ta’uu hindanda’u. Fakkaachuun ammoo ta’uu miti. Biyya saamuuf akka ta’utti fira fakkaachuun waan barbaadameef garuu, tooftaa

fakkaachuutti fayyadamuun yeroodhaaf danda'ameera, fayyadeeras. Garuu, duuba gaafa mataan dhugaa bakkeetti ba'uu eegaltu kan isaan miidhe ta'uu isaa ibsuuf (147)fi (149) irratti halagaa fira fakkaattee biyya nu saamuu dhufteefira fakkaatanii dha'anii biyyootti makanii yaada jedhuun ifee jira.

#### 4.3.3.2 Arbeessuu

Malli dubbii kun waan tokko garmalee olkaasuu ykn gadi buusuun kan dhi'eessuudha. Mala dubbii kanas Addunyaa (2014:214) yoo ibsu, "*Waan tokko guddisanii hamma arbaa, kineessanii immoo hanga huubaa taasisuu jechuudha*" jedhee kaa'a. Fayyadama afaanii sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul'atan keessattis malli dubbii arbeessuu dhimma itti ba'ameera. Haaluma kanaan, 'sirboota saaqi saanqaafi itti muddi' jedhan keessatti malleen dubbii arbeessuu argaman akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

(31) **ati isa kuffistee**
(32) **inni san kuffisee**
(33) **yoo lafaan walgeessan**
(59) warra **dhiiga Oromoo**
(60) **dhuguu** baree
(61) sobnee sirbina
(62) **keessi keenya madaa** x2
(63) **ijji imimmaani**
(64) **mormaaan ragadaa**
(114) **ekeraatu iyyaa**
(129) **hirribni hinjiru**
(130) **teessumni hinjiru**
(131) **dhaabbiidha**
(159) dha'anii **biyyoo nyaachisanii**
(169) maali keessummaan
(170) **nama nyaatee**
(171) **qe'ee dhuunfatuu**
(202) **dhiiga ilmaanshee**
(203) **gibira gabbbartii**
(223) yaa **ibidda lafaa marguu**
(257) **qeerrensa eegee**
(258) **qabdee** maaf gadhiista
(260) **ija kee si balleessa**
(271) diinni **guyyaa takkaayyuu**
(272) **hinbeeku rafee**
(310) **waraabessi** nun nyaatuu

Ati isa kuffistee inni isa kuffisee yoo lafaan walgeessan biyya keenyarratti gabrummaa daraaree bilisummaan eessaan jechuun (31), (32)fi (33) irratti haala ibsame kanaan ilaalchi

ba'ee mul'atu foon lafa jiru culullleen muka irraa wallolti isa jedhan fakkaata. Haala kanaanis kan barbaadame Oromoon Oromoo akka isaatii cunqursuu osoo hintaane dagatee ykn walleelee bakka dhaabbachuun isa irra hinjirre kan dhaabbateefi isa bakka dhaabbachuun isa irra jiru dhaabbatetu jira. Qaamotni kun lamaan ammoo qaama rakkoo wal irraan ga'uuf walbarbaadu osoo hintaane warra rakkina walirraa qoluun walcina dhaabbatuudha. Baroota dheeraaf isa kanatu hafee, Oromoon Oromoo akka isaatiitiif boolla qopheessuutu babal'achaa ture. Kun ammoo Oromoofi Oromummaa baay'ee kan dhiibe ture. Kanaaftu, yaadni kun walkuffisuu irrayyuu darbee lafaan walga'uudhaan yeedaleeffame.

Haala baramaa ta'een dhalli namaa dhiiga nama akka isaatii hindhugu. Hata'u malee yaada kanaan qabatee waanti akka ibsamuuf barbaadame hacuuccaan saba Oromoo irra ga'aa ture sun hammam akka ulfaatu ibsuudhaaf jedheetu weellisaa Ittiiqaa Tafarii fakkeenya (59)fi (60) irratti warra dhiiga Oromoo dhuguu bare jedheeti weellise.

Yoomuu taanaan madaan namni keessa isaatti madaa'u ba'ee nama biraadhaaf hinmul'atu. Madaan keessa namaa kun keessumaa gidiraan saba Oromoo haalaan ba'ee akka mul'atuuf Sobnee sirbina malee keessi keenya madaadha. Keessa keenyatti madaa baannee ija keenyaan imimmaan roobsaa mormaaan ammoo niragadna jedhee yaaddoofi gadadama dhala Oromoo irra ga'u haala ibsuu danda'uun fakkeenya (62), (63)fi (114) irratti haala taa'een Sobnee sirbina keessi keenya madaa iji imimmaani mormaaan ragadaa falmataa kiyyaa yoo du'anuu ekeraatiyyaa jechuun yeedaleesse. Ittuma dabalee ammoo ekeraatu iyya jechuun waan ta'umsi isaa nama mamsiisu kaase. Kun ammoo irra darbuu hinbarbaadamne osoo hintaane irra darbuu tooratti ilaaluun danda'amuudha. Tooratti ilaaluun nidanda'ama kan jedhameefis qabatamaan ekeraan hiniyyu. Hata'u malee, dhimma siyaasa Oromoo keessatti warreen kamiinuu caalaa miira olaanaa qaban yoo du'anuu lafeen isaanii waa'ee cunqurfama Oromootiif nidhiphatti calhinjettu isa jedhutu ittiin ibsame malee dhuguma ekeraan qabatamaan iyyiti jechuu miti.

Rakkoon mana adabaatti namoota irra ga'u danuudha. Ta'us garuu, rafuufi taa'uun tasuma hinjiru hinjechisiisu. Garuu, eeruu yeedaloo kanaa (129), (130), (131)fi (159) keessatti hirribni hinjiru teessumni hinjiru dhaabbiidha jedhamee ka'e. Bu'uurri yaada

kanaa rakkoo ulfaataan humnaa olii mana adabaa keessatti kan namarra ga'u ta'uu isaa ibsuuf jedhee weellisaan yaadrimee kana fayyadame.

Yaadni kun alaa dhufee manaa nama baasa isa jedhu ibsuu barbaadeeti. Bu'uura kanaanis Oromiyaa irratti abbaa biyyaa Oromoo ta'uun kan irra ture saba Oromoo ta'uun osoo irra jiruu yeroon ayyyamnaan sun hundumtuu hafee waanti ta'uuf hinmalle ta'e. Sunis abbummaa biyya Oromoo irratti qaamni fudhachuuf malu hafee kan biraan irratti abbaa ta'uudha. Kun ammoo jaarraa lakkoofsise. Jaarraas halakkaa'u malee Oromoon abbaa biyyummmaa biyya isaatiif bultee hinbulfanne. Bultee bariitee gaaffii abbaa biyyummaa gaafachaa, jaarraa lakkaa'e. Dhiibbaa abbaa biyyummaa isaan isa irra ga'e kana ibsuuf akkaatuma (170)fi (171) irratti ifeen maali keessummaan nama nyaatee qe'ee dhuunfatu jedhame malee namni nama qabatamaan nama qalatee foon isaa murmuratee nyaatee jennaan miti.

Seenaa mootummaa kamii keessattiyyuu mootummaan dhiiga gibira fudhatuufi uummatni gibira jedhee dhiiga kaffalu hinjiru. Wanti jechuun barbaadame garuu, Oromoon Oromiyaa keessa jiraachuuf wareegamuun akka dirqama ta'etti waan ilaalamaa tureef sana ibsuun barbaadamaa taanaan weellisaan yaadrimee kana gargaaramee hacuuccaan hamma kanatti ga'u hawaasa kana irra jiraachuu ibsuu barbaadee (202)fi 203) irratti Oromiyaanii(3) ihihii…Oromiyaanii(3) dhiiga ilmaanshee gibira gabbbartii barumaanii jedhee weellise.

Maal yoo ta'e iyyuu ibiddi lafaa hinmargu. Kan lafaa margu biqiloota. Shimalli ammoo bu'aa biqilootaa irraa kan argamu waan ta'eef gosa biqilootaati. Shimalaan ibidda lafaa margu kan jedhameef ammoo akkuma ibiddi yoo nama irra bu'e dhaqna namaa gubu shimallis yoo nama rukute nama guba isa jedhu ibsuuf yaadamee (223) irratti yaa shimala yaa ibidda lafaa marguu jedhamee weellifameera.

Qeerransa eegee qabuun ulfaataadha. Waan hindanda'amneedhas. Yoo danda'ames garuu, akkamitti kan jedhu gaaffii duubaan dhufuudha. Kan ibsuun barbaadames waa'ee eegee qeerrensaa qabuufi dhiisuu osoo hintaane diinatti hinbu'in itti buunaan hindhiisin duuba deebi'eetu si nyaataa isa jedhu ibsuuf barbaadamee (257)fi (258) dhaanqeerransa eegee qabdee maaf gadhiista jechuun yeedaleeffame.

Ija balleessa kanjedhu kallattiidhumaan ija ykn agartuu keenya isa ittiin ilaallu kana balleessa jechuu miti. Suuta suuta dhiibbaa geessisee booda keessa dhiibbaan sun jabaattee hanga nama sanaafi saba sana dhabamsiisuutti deemti kan jedhu of keessaa qaba. Kanaafis, (260) garagallaan booda ija kee si balleessa jedhame.

Diinni guyyaa tokko iyyuu hinbeeku rafee jechuun tokkummaan Oromoon eenyummaa isaa barbaaduuf yoo duulu naasuufi yaaddoon diina irra ga'u olaanaa ta'uu isaa ibsuuf yaadamee (271)fi (272) irratti diinni guyyaa tokko iyyuu hinbeeku rafee fira fakkaachaa tokkummaa keenya jibbanii jechuun ibseera.

Waraabessa kan jedhame garee gabroomfataa saba Oromooti. Sabni eenyummaa, aadaafi amantii ofii isaatii osoo qabuu kan isaa dhiisee kan ormaan yoo oolee bulu waraabessaan nyaatamuun kana caale hinjiru isa jedhu ibsuuftu (310) irratti otoo ilaalluu waraabessi nun nyaatu jedhame malee kallattumaan waraabessa guuguun nyaatamuu miti kan eerame.

#### 4.3.3.3 Nameessa

Nameessi mala dubbii amala namootaa wantootaafi lubbu qabeeyyii biroof kennuudha. Haaluma kanaanmaalummaa mala dubbii kanaa Addunya (2014:211) yoo ibsu "*Wantoonni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaaramanii akka diigaman kan taasisu fayyadama afaaniiti,"* jechuun kaa'a.Akkaataa sirba kana keessatti mul'atuunis malli dubbii kun qabiyyee dabarsuun akka armaan gadiitti duraa duubaan qaacceffamaneera.

(6) **dubbadhuu Finfinnee** x2
(76) **ekeraatu iyyaa**
(201) Oromiyaanii x3
(202) dhiiga ilmaanshee
(203) **gibira gabbbartii**
(310) **waraabessi** nun nyaatuu
(321) wadaroon gootota
(322) oromoo **mukatti fannistee**
(326) wadaroonii wadaroon
(327) Eebbisaa Addunyaa
(328) **lafarra harkiste** a'aa

Dubbachuu kan danda'u, afaanittis dhimma ba'uu kan danda'u dhala namaa qofaadha. Uumamootuma lubbuu qaban yoo ta'an illee sagalee dhageessisan qabu malee akka dhala namaatti afaan dubbii hinqaban. Gochi kun gocha dhala namaa qofaaf laatame ture

jechuudha. Hata'u malee, akka Finfinneen dubbattee rakkoo ishee irra ga'e ibsattutti (6) irratti waa'een kee nuun galleedubbadhuu Finfinne jedhamee bifa yeedalootiin dhiyaate. Nu'i baay'ee waa'ee keetiif xaarree, dadhabnee, mee ala tokko ati ammoo dubbatadhuu rakkoo kee ibsadhu. Kan keenya kan nuti waa'ee keetiif dubbatne yeroo inni itti deebi'u ni turee mee ati ofii dubbatadhu jedhee carraa laateef.

Ekeraan sagalee hinqabne iyyee hinwawwaatu. Kan iyyee mirga isaa falmatu dhala namaati. Waan dhalli namaa raawwatu lubbu qabeeyyiifi lubbu dhabeeyyii biroof laachuun ammoo nameessa. Ekeraatu iyya yoo jedhame miirri inni nama lubbuun addunyaa kana irra jirutti horu olaanaadha isa jedhuun fakkeenya (76) keessatti falmataa kiyyaa yoo du'anuu ekeraatiyyaa jechuun akkanatti yeedaloon ibsame malee ekeraan dhuguma lubbuu godhatee kan iyyu taanaan miti.

Gibira kan gabbaru dhala namaati. Kan gibira sana kaffalchiisu ammoo qaama mootummaa biyya sana hogganuudha. Kanaafuu, gibirri kan kaffalamuuf biyya sanaaf ta'ee, hojii misoomaa biyya sanaaf kan ooluudha. Akkaataa kanaan gaafa ilaallu gibirri kan kaffalamuuf misooma  biyyaatiif ta'uun isaa utuu ifee jiruu garuu, akka Oromiyaan gibira kaffaltutti ka'e. Kan gibira gabbaru uummata, kan gabbaramu ammoo mootummaadha. Gocha namni raawwatutu akka biyyi raawwatutti dhiyaate jechuudha. Yaadni kunis fakkeenyota yeedaloo sirba kann keessatti ifan keessaa (203) irratti Oromiyaanii(3) ihihii…Oromiyaanii(3) dhiiga ilmaanshee gibira gabbbartii barumaanii yaada jedhuun ifeera.

Waa fannisuuf aboofi beekumsa kan qabu dhala namaati. Wadaroon ofii isaatii nama hinfannisu. Kan gocha sana raawwatu dhaluma namaati jechuudha. Hata'u malee gocha fannisuu kana akka waan wadaroon raawwateetti fakkeenya (310)fi  (322) irratti wadaroon goototа Oromoo mukatti fanniste jechuun dhiyaateera. Kanaafuu, gocha raawwachuuf aboo namaa ta'etu akka waan wadaroon raawwateetti wadaroodhaaf laatamuun dhiyaate jchuudha. Kana malees, waraabessa kan jedhame dhala namaa isa nama akka isaatii du'aaf dabarsee laatuudha malee waraabessaa guuguu miti. Akkuma kana akkaataa (328) irratti dhiyaateenis, wadaroon Ebbisaa Addunyaa lafarra harkise yeedaloon jedhu mul'atee jira. Lafarra waa harkisuuf humna kan qabu ammoo dhala namaati. Eeruu kana

keessatti garuu, akka waan wadaroon ofii isaatiin gocha harkisuu raawwateetti fakkaatee kan dhiyaateedha.

#### 4.3.3.4 Fakkoommii

Fakkoommiin gosa malleen dubbii keessaa tokko ta'ee jechoota waan bal'aa ta'e tokko baka bu'anii ibsuu danda'anitti gargaaramuun bakka bu'ummaa waan sanaa kan dhi'eessuudha. Fakkeenyaaf, Finfinnee, saanqaa, mana hidhaa, Odaa, shimala, marga, aalbee, haadhaafi sabbata kanneen jedhaman sirba kana keessatti yemmuu arginu waan isaan ibsuu barbaadan karaa mala dubbii kanaan adda baasuu nidandeenya. Haaluma kanaan akkaataa malli dubbii kun sirba kana keessatti ergaa dabarsuun ilaalamee akka armaan gadiitti qaacceffamanii dhiyaataniiru.

(6) dubbadhuu **Finfinnee** x2
(37) <u>saaqi **saanqaa** x2 saaqi</u> x2
(38) osoo **manni hidhaa**
(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) muka Rabbi
(162) eebbise hundarraa
(163) gaaddisa kee jalatti
(164) Oromoonni seera tumatuu
(222) yaa **shimala**
(223) yaa ibidda lafaa marguu
(222) yaa shimala
(223) yaa ibidda lafaa **marguu**
(306) yaa aayyolee
(307) **haadha** koo
(311) naa jajjabaadhu
(312) **sabbata** dachaa hidhadhuu

Magaalaan Finfinnee uummata Oromootiif fakkoommii guddaa bakka bu'ummaa hinqabne qabdi. Yeroo kamittuu sabni Oromoo sammuu isaa keessattis ta'e seenaa isaa keessatti waan magaalaa Finfinneetiif jecha ta'eefi isarra ga'e hindagatu. Kun ammoo yaadannoo dhiigaan dabaalameedha, hindagatamu. Kanaaftu Finfinneedhaan fakkoommii qabdi jechuun danda'ama. Yeedaloo weellisaa Ittiqaa keessattis fakkeenya (6) irratti ibsameen Waa'een kee nuun gallee dubbadhuu Finfinne kan jedhameef kanaafidha.

Saanqaan cufaa manaati. Qaama mana sana akka seenuu danda'uuf eyyamameef qofaan akka manicha seenu godhee kaan ammoo kan gad ittisuudha. Sirba kana keessatti ammoo saanqaan fakkoommii hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa qabaata. Hawaasummaa,

dinagdeefi siyaasni saba tokkotti cufame taanaan sabni sun har'aaf jira malee, du'aadha. Sabni tokko hawaasummaa, dinagdeefi siyaasni isaa uggurame yoo ta'e boriin sabichaa abdi dhabeessaafi saba mogolee hinqabne ta'a. Saanqaan saaqamuun itti jiru isa kanaadha. Oromootti saanqaan cufame banamee Oromoon hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa biyya isaa keessatti hirmaachuu danda'uutu irra jira. Waanti saanqaan kun fakkaatus (37)fi (38) irratti saaqi saanqaa kan jedhame isa kana ta'uutu mul'ata.

Manni hidhaa saba Oromootiif diina. Yakkaafi badii tokko malee dhiibbaan hagana hinjedhamne mana hidhaa keessatti isa irra ga'aa ture. Kanaaftu sabni Oromoo mana hidhaa akka diina isaatiitti ilaala. Yaadni kun ammoo manni hidhaa jiraachuu hinqabuu bakka bu'a osoo hintaane nama yakka dalagetu yakka dalagerraa akka baratuuf keessatti to'atamee amala isaa fooyyeffata malee nama dhugaa gaafateefi falmate miti. Sabni Oromoo garuu, dhugaa qabu waan gaafateef mana hidhaa keessatti gidirfamaa ture. Kanarraa ka'uudhaan sabni Oromoo mana hidhaatiif fakkoommii akka kanaa mataa isaa keessa kaawwate. Fakkoommii kana mataa saba kanaa keessa kaa'uun waggaa dheeraa fudhate. Akkuma kana ammoo fakkoommii kana mataa saba kanaa keessaa bal'eessuun waggaa dheeraa fudhata. Caqasni armaan olii (38) irratti osoo manni hidhaa jarattii gamoo ta'ee wadaroodhaan bu'uu akka Abdiisaa jedhus yaaduma kana eera.Odaan muka Rabbi eebbiseedha. Kun ammoo Odaa mukeetii biroo irraa adda godha.Maalummaa Odaa kana toorri interneetii Https://om.wikipedia.org/wiki/Odaayoo ibsu, akka itti aanutti kaa'a.

> Aadaafi seenaa Oromoo keessatti Odaan akka madda nagaafi mallattoo eenyummaa, tokkummaa uummata Oromootti ilaalama. Faayidaa amantii fi siyaasa Oromoo keessatti qaburraa kan ka'e Odaan mukoota jiran keessa baay'ee kabajamaafi eebbifamaadha. Guddinni isaa hanga tokko ol ka'ee dameen isaa waan wagga waggaan dalga dagaaguuf bal'atee gaaddisa ta'uun namaafi loonii madda qabbanaati. Gaaddisni Odaa iddoo itti Ayyaanni Muudaa raawwatuufi miseensonni Gadaa sirna Ayyaana ce'umsaa itti sirneeffatanuudha. Galmi Abbaa Muudaafi teessoon Abbootii Gadaa Odaa jalatti ijaarama.

Odaafi saba Oromoo gidduu walitti hidhamiinsa cimaatu jira. Walitti hidhamiinsa Odaafi saba Oromoo ammoo kutuun hindanda'amu. Odaan bakka tumaa seeraa, bakka araaraa fakkaaattii galma ammaayyaati. Kanaaftu, Odaan Oromoof fakkoo ta'uu isaa fakkeenya (160) irratti haala taa'een yaa Odaa eebbifamtuu muka Rabbi eebbise hundarraa jedhamuun weellifame.

Sabni Oromoo biyya kana keessatti saba hacuucamaa tureedha. Sabni hacuucamaa ture kun ammoo gabrummaa isa irra ture jalaa ba'uuf waan harkaa qabu hundaan mirga isaa falmachuuf ciisee bulaa hinturre, ciisee bulaas hinjiru. Meeshaa waraanaa ammayyaan waraanee diina isaa injifachuuf carroomuu baatus shimalaafi kan shimala fakkaatu maratti gargaaramaa turan. Kanaafuu, fakkoommiin shimalli saba Oromoo biratti qabus meeshaa waraanaa ta'uu isaa (222) yaa shimalaa yaa ibidda lafaa marguu jechuun yeedaloo sirba kanaa keessatti mul'ata.

Margi uummata Oromoo biratti kabaja guddaa qaba. Kunis, marga qabachuun irreeffachuuf, araara ittiin buusuuf, ittiin durba gaafachuu fa'iif gargaara. Kanaaf, margi hawaasa kana biratti iddoo olaanaa kan qabu ta'uu isaa ibsuuf (223) yaa shimala yaa ibidda lafaa marguu jedhee weellise. Akka sirba kanaatti weellisaan akkaataa yaada isaa ibsetti yaa shimala yaa ibidda lafaa marguu jechuun margi sun margee guddatee ittisa diinaa illee ta'ee gargaaruu isaa ibsuuf itti gargaarame. Kanaaf akka yaada weellisaatti margi duudhaa, amantiifi kabaja Oromoo agarsiisuuf gargaarame.

Jechi haadha jedhu fakkoommii garagaraatiin beekama. Ala tokko biyya, ala biraa haadha nama deesse, yeroo kaan ammoo haadha buddeenaan fakkoomuu danda'a.. Haati nama deesse, haati buddeenaas nijirti. Haati waan baay'ee fakkaatti. Kanuma irraa ka'uun weellisaa weellisaa Ittiiqaa Tafariis akkaataa (307)fi (312) irra taa'een yaa aayyolee haadha koo akka gootuu otoo ilaalluu waraabessi nun nyaatuu naa jajjabaadhu sabbata dachaa hidhadhuu jedhee Oromiyaa guutuutti dhaamsa isaa dhaammate. Sabbatni ammoo mudhii jabeessa. Ittuu sabbata dachaa ta'uun isaa ammoo akka sabbatni sun hincinne gargaara. Fakkoommiin dachaa ta'uu isaatii ammoo akka hincinne ibsuudha.

### 4.3.3.5 Eemitii

Malli dubbii kun fayyadama afaanii jechoota eeyeefi miti jedhan irraa kan argamu yoo ta'u, wantoota yaadaan walfaallessan ibsa. Addunyaa (2013:212) ibsetti, "*Jechi eemitii jedhu jechoota eeyeefi miti jedhan irraa kan ijaarameedha. Jechootni kunneen faallaa waliiti. Maalummaa jechootni kun dhuunfaan qaban faana bu'uun akka wantootni faallaa walfaana dubbataman taasisuun kan itti fayyadamnuudha.*" Akkuma yaada kana irraa hubatamutti yaadni tokko irra keessaan dhugaa fakkaatee soba kan ta'u, soba fakkaatee ammoo dhugaa kan ta'u mul'isa. Haaluma kanaan, sirba kana keessatti malli dubbii eemitii baay'inaan jiraachuu baatanis kanneen jiran hariiroo jechootaatiin akka armaan gadiitti qaacceffamaniiru.

(61) sobnee **sirbina**
(62) keessi keenya madaa x2
(63) **ijji imimmaani**
(64) mormaaan ragadaa
(113) yoo du'anuu
(114) **ekeraatu iyyaa**
(129) **hirribni** hinjiru
(130) teessumni hinjiru
(131) **dhaabbii**dha
(167) yoo **bules**
(168) bariidhaan **galaa**
(187) **orma** hinwaammatanii
(188) **qomoo** dubbisanii
(204) barumaanii jarana barana
(205) yoo **tokkummaadhaan**
(206) **falmanne bilisa ba'uu**

Haala qabatamaa jiruun sirbuudha taanaan ijatti imimmaanni hinjiru. Hat'u malee, Ittiiqaan yeedaloo kana keessatti fakkeenya (61)fi (63) irratti yoo ilaallu Sobnee sirbina keessi keenya madaa iji imimmaani mormaaan ragadaa jedhee sirbe. Haala kanaan sirbaafi imimmaan akka walfaana dhufaniif sababa kan ta'e gadda, rakkoofi dhiphina cimaa keessallee yoo jiraanne sirbaan rakkoo keenya kana niibsannaa gammadanii sirbu nu hinse'inaa yaada jedhu ibsuufi. Kanaafuu, nama gammade qofatu sirba hinse'inaa kan gaddes nisirbaa kan jedhus ergaa dabalataati.

Kan du'e ekeraa iyyuuf sagalee hinqabneedha. Kan lubbuun jirutu iyya, sagalees qaba. Kanaafuu, iyyuufi ekeraa waanti walitti fidu hinjiru. Eeyyee, miti akka jennuuf, waa akka xiinxalluuf yaadotni walfaallessan kunneen (114) irratti danda'i malee dhimmi sabaa

nama hinraffisuu falmataa kiyyaa yoo du’anuu ekeraatiyyaa kan jedhu walfaana yeedaloo kana keessatti dhiyaatan.

Hirribaafi dhaabbiinis dhimmoota gamaa gamana dhaabbataniifi faallaa ta’aniidha. Hirriba yoo jenne namni rafu ciiseedhuma rafa. Dhaabbiin ammoo silayyuu ijaajjuudha. Jarreen kunis warra walargan miti. Kan akkasitti dhiyaataniifis rakkinaafi dhiphina mana adabaa keessatti nama sana mudatu akkaataa itti haalaan ifuu danda’u giddu galeeffatameeti. Haala kanaanis, eeyyee (mitii) kan nama jechisiisus (129)fi (131) irratti as hiiqii hinqabuu achi hiiqii hin qabu manni hidhahirribni hinjiru teessumni hinjiru dhaabbiidha jechuun yaada ifeedha.

Keessummaan keessummummaaf gara mana namaa gaafa deemu buluus, yeroodhuma sana deebi’ee galuus nidanda’a. Dhimma kana ibsuufis yaadrimeen buluufi galuu jedhu walfaanadhufe. Kunis ormi dachee Oromoo irraa nyaatee dhugee, oolee bulee gaafa itti tolu kan eegalame abbaa qe’ee isa ta’e Oromoo qe’ee isaa keessaa gadi ari’achuudha. Lafa isaa irratti, qe’ee isaa irratti Oromoon akka galaatti ilaalame. Kanumaaftu (167)fi (168) keessummaan nyaatee dhugee yoo bules bariidhaan gala maali keessummaan nama nyaatee qe’ee dhuunfatuu jedhee weellisaan yaada isaa ibseera.

Fakkeenya (187), (188)fi (205), (206) yoo ilaalle ammoo yaadota itti aanan kaasa.Yoo namaa gamte orma yoo namaa gamte qomoo kan jedhu yaada walfaalleessu fakkaata. Keessa isaa garuu, dhugaa tokkotu jira. Dhugaan keessoo yaada kanaatiin mul’atu kun kan namaaf dhimmu kan namaaf oo’u aantiin gaafa rakkoo orma miti qomoodha malee ejjennoo jedhu qaba. Bu’uurri yaada kanaa tokkoon bilisa ba’uu hintaane yoo ta’e ammoo waan qabnu waan itti abdannu hundumaa iyyuu fixannee harka laadhanneetaa’uun qoricha kan jedhuudha. Isa kanaaf ammoo tokkummaan kallattii mo’ichaa ta’uutu irra deebiin eerame.

**4.3.3.6 Iddeessa**

Malli dubbii iddeessaa bakka waan tokko kan biraa buusuun sammuu dhaggeeffataa keessatti suuraa kaasuudha. Addunyaa (2014:210) “Iddeessi fayyadama afaanii karaa dhokataa ta’een wantoota waldorgomsiisa,’’ jechuun ibsa. Haaluma kanaan, dubbii qolaa

kana keessatti qabiyyeewwan sirba kanaa haala adda addaan kan mul'atan adda baasuun qaacceessi isaanii dhiyaateera.

(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) **muka** Rabbi
(162) eebbise hundarraa
(235) yaa **shimala**
(326) yaa **ibidda** lafaa marguu
(326) wadaroonii wadaroon
(327) Eebbisaa Addunyaa
(328) **lafarra harkiste** a'aa

Oromoon waa keessaa waa jaallata. Kanumaaftu Oromoon muka keessaa Odaa jaallate. Sababa kanaafis Ittiiqaan Odaan muka, muka keessaa ammoo muka Rabbi eebbise saba Oromoo biratti kabajaafi ulfina qabuudha jedhee akkaataa fakkeenya (160)fi (161) irratti yaa Odaa eebbifamtuu muka rabbi eebbise hundarraa jchuun isaa keessatti ibse. Ittuma dabaluun sirba kana keessatti dubbiin qolaa iddeessaa nuti sirba kana keessatti argannu(235)fi (326) yaa shimala yaa ibidda lafaa marguu jechuun kan dhiyaateedha. Haala barameen ibiddi lafaa marguun hindanda'amu. Hata'u malee, jajuu shimalaa ibsuuf weellisaan shimalaan ibidda, isa iyyuu ibidda lafaa margu yoo dhaamsan hindhaamneedha jedha. Fakkeenya (328) irratti ammoo wadaroon Eebbisaa Addunyaa lafarra harkiste kan jedchame qabatamaadhaan wadaroo osoo hintaane kan Eebbisaa Addunyaa dhala namaa akkasaatii ajjeese eenyu inni isa jedhuudha.

### 4.4.4 Fayyadama Mammaaksotaa

Mammaaksi damee afoolaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma dameewwan afoolaa kaawwanii afaaniin dhalootarraa dhlootatti darbaa kan as gaheedha. Mammaaksi jireenya hawaasaa waliin kan walitti hidhata qabuufi ummatnis waan jireenya isaa keessatti isa qunname gadda, gammachuu, jaalala, jibbaafi ta'iiwwan garagaraa kan ittiin ibsatuudha. Akka waligalaatti mammaaksi hunda galeessa waan ta'eef faayidaan inni qabus hedduudha.

(28) **namni mana tokko**
(29) gamtaadhaan **ijaaruu**
(30) **citaa wal hinsaamuu**
(187) **orma** hinwaammatanii
(188) **qomoo** dubbisanii
(257) **qeerrensa eegee**

(258) **qabdee maaf gadhiista**
(278) **jarri qotanii qotanii**
(279) **albee ittiin**
(280) **qalaman baafatanii**
(25) **himaan dubbii himee**
(26) **malli abbaatti hafaa**

Manni tokko manuma tokko. Namni lama walta'ee mana tokko kan ijaaru yoo ta'e ammoo mana sana ijaaruuf citaa walsaamuu hinqabu. Sababni isaa Badhaasaas hata'u, Tolaan citaa sana yoo haaman kan ijaaruuf adeeman manichi tokko taanaan walsaamuu isaan hinbarbaachisu. Kan barbaadamu ebeluu citaa sana haame osoo hintaane ijaaramuu mana sanaati. Dubbiin ijoo fakkeenya (28), (29)fi (30) irratti namni mana tokko gamtaadhaan ijaaru citaa wal hinsaamu jedhu keessa jirus eenyu iyyuu haqabsaa'uu eenyu kan barbaadamu walabummaa saba Oromooti. Oromoo walaboomsuuf kaachuu keessatti ammoo faayidaa dhuunfaa itti makuu hinqabnu. Faayidaa dhuunfaatu itti makama yoo ta'e waa'ee bilisummaa saba kanaa yaaduun hafee dhimma ofii irra goruufi walkuffisuuf yaaluutu dhufa yaada jedhutu yaada kana keessatti mul'ata.

Yaadni eeruu (187)fi (188) yoo namaa gamtee orma hinwaammatanii qomoo dubbisanii waraantii margee bira hindhaabbatanii hundee buqqisanii jedhu keessa jiru mammaaksa 'Nyaadhuu nyaadhuu gara fira keetti gara galii liqimsi' jedhu fakkaata. Lammiin lammii waliin dhaabatee qoraattii diinni magarse nibuqqisa yaadni jedhu dabalataan yaada kana keessa jira.

Hindaanqoon qottee qottee aalbee ittiin qalamtu bakkee baaste akka jedhamu diinni shira osoo xaxuu osoo hinbeekin shirri sun isuma irratti xaxame. Kanaaf mitiiree yeroo boolla namaaf qottu badaa gad hinfageessin abbaa itti awwaalamu hinbeektu kan jedhamuuf. Fakkeenyi (257), (258), (278), (279)fi (280) irratti eerames qeerrensa eegee qabdee maaf gadhiista garagallaan booda ija kee si balleessa jarri qotanii qotanii aalbee ittiin qalaman baafatanii jedhee kan weelliseef kanumaaf ta'uu isaati. Akkaataa fakkeenya (25)fi (26) irra taa'een mammaaksota Oromoo lamatu walfaana mammaakame. Isaanis: Fardi nigeessa malee, hinlolu isa jedhuufi Abbaatu ofmara jedhe bofi isa jedhanii mammaakan ta'a. Yaadni kunis akkaataa yeedaloo sirba kanaa keessatti ifeen yoo taa'u "himaan dubbii himee malli abbaatti hafaa" isa jedhu ta'a. Mammaaksotni akka fakkeenyaatti taa'an kunneen baay'een isaanii kan mammaakaman akkaataa Oromoon

qabatamaan itti beekuufi mammaakutti miti. Kun ammoo kan madde afoolli namaa namatti, yeroodhaa yerootti jijjiramaaf saaxilama isa jedhu mirkaneessa. Kanaafuu, mammaaksotni akka fakkeenyaatti dhiyaatan kunneen bifa yeedaloo sirbaa keessatti ittiin taa'aniifi akkaataa Oromoon beekuun walcinatti yoo taa'an akka armaan gadii ta'u.

**A. Akkaataa yeedaloo sirbaa keessatti weellisaan dhiyeesse**

- Namni mana tokko gamtaadhaan ijaaruu citaa walhinsaamuu
- Orma hinwaammatanii qomoo dubbisanii
- Qeerrensa eegee qabdee maaf gadhiista
- Jarri qotanii qotanii albee ittiin qalaman baafatanii
- Himaan dubbii himee
- Malli abbaatti hafaa

**B. Akkaataa Oromoon itti mammaakuun**

- Namni mana tokko ijaaru citaa walhinsaamu
- Nyaadhuu, nyaadhuu gara fira keetiitti garagalii liqimsi.
- Baddu hinbaddi malee saree ija hindhiqan
- Handaanqoon kotaatee, kotaatee albee ittiin qalamtu bakkee baafte
- Fardi nigeessa malee, hinlolu
- Abbaatu ofmara jdhe bofti

# BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Kutaan kun kutaa yaadni cuunfaa qorannoo kanaa gabaabinaan itti cuunfamanii kaa'amaniidha. Kana malees kutaa kaayyoon qorannichaa, ka'umsi qorannichaafiyaadni dimshaashaa itti ibsamuudha. Argannoo kan jennu ammoo, hojii qorannoo kanakeessatti qorataan ragaawwan funaanuun erga qaaccessee booda argannoon qorannichairraa argame kaa'amuun yaboon qorannichaa ibsameera. Haaluma kanaan, boqonnaakana jalatti cuunfaa, argannoofi yaboon walduraaduubaan dhihaataniiru.

## 5.1 Cuunfaa

Weellisaan tokko dhaggeeffattootaaf sirba isaa ergaa isaa wajjin yemmuu gumaachu ergichisirriitti darbuufi dhiisuu isaatiif shoora olaanaa kan taphatu afaan. Kanaaf, weellisaanyeedaloo isaa dhaggeeffattootni harkaa akka fuudhan yoo barbaade fayyadama afaanii irrattixiyyeeffachuutu irra jira.Sababni isaa, fayyadama afaanii xiyyeeffatameen malee hojiin ogbarruu kamiyyuu lubbuu hingodhatu. Kana irraa ka'uun, qorannoo kana keessatti qorataan akka ilaaluu yaaletti Ittiiqaa Tafarii sirba isaa saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti haala fayyadama afaanii inni gargaarame irratti hundaa'uun kan qaaccesseedha.Akka mata dureen kun mul'isutti weellisaan hojii isaa keessatti kanneen fayyadama afaanii qabiyyeewwan sirbaa bal'inaan mul'atan irratti xiyyeeffachuuni. Kanas,akkuma boqonnaa tokko keessatti tuqamuuf yaalametti kaayyoon qorannoo kanaaqaaccessa sirba fayyadama afaanii irratti xiyyeeffateedha. Barruunsirba kanaa dhaggeeffattootaaf bu'aagaarii kan buusu waan ta'eef, sirbii jiruufi jireenyahawaasa tokkookan ibsu dhugaa hawaasa tokkoo kan calaqqisiisu, rakkoofi quuqqaa jiru yeedaloon mul'isuu danda'uudha.

Ka'umsi qorannichaas, Sirni bulchiinsaafi siyaasa Itoophiyaa yeroo dheeraadhaaf sirna bulchiinsaafi siyaasa irraa gadee ta'uu irraa kan ka'e aangoon siyaasaa qaama biyya hogganuuf laatamu uummata qaama siyaasaa sana jala bulurraa kan maddu hinturre. Bara moototaatii eegalee hanga har'aatti uummatni Itoophiyaa siyaasa ofii barbaaduun bulaa hinjiru. Kun ammoo sabaafi sablammoota hedduu miidhuyyuu, Oromootti garuu, qarriffaa jabeeffate. Oromoon sirna bulchiinsaafi siyaasaa diimokiraatawaa ta'e sirna Gadaa baree kan birootti baruu dadhabuun irra caalaa miidhamaa isa taasise.Haa ta'u

malee, Oromoon dhiibbaa isarra ga'u tole jedhee hinfudhanne. Gariin sirbaan, gariin ammoo barreessuun diddaa isaa mul'isaa har'a ga'e. Kanneen fuulleen bahanii gabroomfataa dura dhaabbachuun aarsaa taasifamaa turan, taasifamaas jiran hedduudha. Qorannoon kun sirboota diddaa keessaa kan Ittiiqaa Tafarii xiinxaluu yaala. Sirbi kun diddaa gabrummaa Oromoon taasise keessatti ga'ee olaanaa taphate. Keessumaa naannoo bara 2008 A.L.I. irraa eegalee uummanni Oromoo sirba kana mana daldalaa, geejjibaafi moobaayila irratti fe'achuun qabsoo itti fufaa ture. Kanaafuu, jijjiirama amma dhufeef tumsi sirba kanaa guddaadha. Hanga ani beekutti ammoo namni sirbicha irratti qorannoo geggeesse hinjiru. Ka'umsi koo inni guddaanis kanuma. Dabalataanis qorannoo kana adeemsiisuuf ka'umsa kan ta'e jijjiiramoota sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii hordofuun mul'ataniidha. Egaa qorataan jijjiiramootni sirboota diddaa Ittiiqaa Tafarii hordofuun mul'atan kun bu'uuraan maalirraa maddan isa jedhu addaan baasuuf fayyadamamni afaanii sirba kana keessatti kallattii dubbii haalawaa, looga, mammaaksa, jechama, ennaa, lakkoofsa, akkasumas ilaalchaafi abdii mul'isuuf akkamitti akka ibsaman adda baasuuf qorataan qorannoon kana geggeesseera.

Galma kaayyoo qorannoo kanaatiifis, qorataan mala qorannoo akkamtaa kan gargaarame yoo ta'u, sababni isaas, sirba saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti fayyadamajechootaa,malleen dubbii, jechoota filatamoofi yaadota weellisaan gargaarame sakatta'uun kan dhimma itti bahameedha.Mala ibsaatti gargaaramuun odeeffannoon barbaachisoo ta'an ammoo, madda ragaa tokkoffaakallattiin barruu sirba saaqi saanqafi itti muddi jedhan gadifageenyaan sakatta'uufi yaada hayyootaa ittidabaluun qorataan akka ragaatti fayyadameera. Fayyadamni afaanii sirbicha keessatti mul'atan ibsa kennuun boqonnaa afur keessatti qaacceffamaniiru. Isaanis: malleen dubbiifi gosoota isaanii, filannoo jechootaa, jechamootaafi mammaaksota ibsaafi xiyyeeffannaa isaan kennaniin kan kaa'amaniidha.Isaanis, yaadota waldorgomsiisuun dhaamsa dabarsuu irratti kan xiyyeeffatan, akkaataajechoonni sirbicha keessatti galaniifi yaada isaan irratti xiyyeeffataniin ibsa kennuun kaa'aman.

Gama yaadotaafi filannoo jechootaa fayyadama afaanii sirboota qaacceffaman kana keessatti kan akka ciminaatti ilaalamuu danda'an jechoonni bakka barbaachisaattigaluun fayyadama afaanii isaa sirriiti kan hawaasni Oromoo jiruufi jireenya isaakeessatti

ittifayyadamu ta'uu isaati. Akkasumas, haala yeroo isaa wajjin walqabachuun jechoota filatamoo weellisaan sirba kana keessatti gargaarame baay'ee ciccimoofi sirriitti waan akka ibsamuuf barbaadame ibsuu danda'anitti gargaaramera.Karaa biraatiin, yoo ilaalamu sirba kanakeessatti jechoonni,malleen dubbii tokko tokko dandeettii gadifageenyaafi kallaattii addaaddaatiin yaaduu waan gaafataniif ergaa isaa hubachuuf dirqama dandeettii ogbarruuiddoon itti barbaachisu nijira. Kan akka hanqinaatti ilaalamuu danda'an ammoo, weellisichi darbee darbee iddoon inni itti jechoota safuu fayyadame nijira.

Yaadota sirba kana keessatti calaqqisan  gama siyaasaan yoo ilaalaman, olaantummaa abbaa irreefi gadaantummaa Oromoogama aadaan,amantiin, siyaasaan , dinagdeen, jiruufi jireenyaanhacuucamee jiraachuu isaa agarsiisa.

Walumaagalatti, fayyadama afaanii sirba saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti mul'atan dhaggeeffattoota sirbaas ta'e barreessitoota ogbarruu biroof bu'aa guddaa waan buusuuffuuleffannoon fayyadama afaaniis ta'e hojii barumsa afaaniif gumaacha isaan buusanguddaadha. Itti dabalees, qabiyyeen sirbbichaa irra caalaan kan fuuleffatu ergaa isaa irratti waan ta'eef, jechootaafi himoota inni gargaarame akka salphaatti kan ilaalamanosoo hintaane, gadifageenyaan xiixaluun kanibsamaniidha. Kun ammoo, xiinxaltota sirna siyaasaafi bulchiinsa biyya tokkoof ka'umsa ta'uu waan danda'uuf ciminni weellisaa Ittiiqaa Tafarii kanmararfatamuudha.

## 5.2 Argannoo

Kaayyoon qorannoo kanaa sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan qaaccessuu yoo ta'u, qorataan ragaawwan adda addaa funaanuun gama adda addaan erga qaaccessee booda argannoowwan armaan gadii kaa'eera.

- Fayyadamni afaanii sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhaman keessatti mul'atan qabiyyeewwan gadda, tuffii, tokkummaa, murtoo, obsa, abdii, haaloo baafachuu, Oromummaa, dhaamsa dabarfachuun walqabataniifi irraa jalummaa aangoo mul'iasan ofkeessatti qabata.

- Fayyadamni afaanii sirboota saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessatti argaman irraa jalummaa aangoo haala garagaraa keessatti agarsiisuu danda'aniiru.

- Afaanni yaada dhala namaa karaa ogbarruu ibsuu keessatti guutummaa guutuutti jechootni dhabamuun sirboota kanneen keessatti mul’ateera.

- Akkaataa sirba kana keessatti mul’atutti weellisaan fayyadama afaanii garagaraa kanneen akka malleen dubbii, jechamoota, mammaaksotaafi jechoota irra caalaatti yaada sirbichaa ifa godhanii ibsanitti fayyadameera.
- Fayyadamni jechootaa, malleen dubbii, jechamootaa, mammaaksotaafi yaadotni weellisaan gargaarame dhaamsa weellisaan dabarsuu barbaadeefi miidhagina sirbichaatiif gumaacha olaanaa taphachuun isaanii hubatameera.
- Weellisaan fayyadama malleen dubbii keessatti jechoota adda addaa walbira qabee dorgomsiisuun ergaa dhokataafi irraa jalummaa aangoo ibsan fayyadameera.

## 5.3 Yaboo

Xiinxala sirboota diddaa, xiyyeeffannoon fayyadama afaanii sirboota Ittiiqaa Tafarii saaqi saanqaafi itti muddi jedhan keessattimul’atu sakatta’a dookimentii geggeeffame bu’uura godhachuun argannoowwan gurguddoota’an isaan armaangadiiti.

- Ergaa sirbaan dabarsuun barbaadame keessatti fayyadamni afaanii ga’ee olaanaa waan qabuuf weellistootniifi dubbistootni akkasumas, barreessitootni ogbarruu biroon fayyadama afaanii irratti osoo xiyyeeffatanii gaarummaa qaba.
- Fayyadamni afaanii sirboota keessatti mul’atan dandeettii dhaggeeffattootaa, dubbistootaafi barreessitootaa cimsuu keessatti qooda olaanaa waan qabaniif dhaggeeffataa, dubbisaafi barreessaa kan jennu ammoo mana barumsaa keessaa waan madduuf kitaaba barnootaa keessatti illee galuun waa’een fayyadama afaanii sirbootaafi hojiilee ogbarruu biroo keessatti mul’atu baruu barsiisuuf akka oolu osoo godhamee murteessummaa niqabaata.
- Sirboota kana keessatti seenaa, aadaa, amantiiniifi duudhaan siyaasa saba Oromoo fayyadama jechootaa weellisaan waan dhihaataniif osoo Gumii Dagaagina Ogbarruufi Afaan Oromoo manneen barnootaa keessatti barattoota hirmaachisanii barumsa dabarsuu danda’a.
- Weellisaan fayyadama jechoota safuu irratti xiyyeeffachuun yoom, eessaafi akkamitti fayyadamuu akka qabu irratti osoo adda baafatee gaariidha.

- Sirbootaafi hojiilee ogbarruu biroo keessatti yeroo waan hawaasni jedhu fudhatnu akkaataa hawaasni sun jedhuufi beekutti fudhachuun osoo itti fayyadamanii gaariidha.
- Fayyadama jechootaa keessatti weellisaan jechoota safuu hawaasaa eeganiifi fudhatama qabanitti utuu gargaaramee aadaa, eenyummaafi duudhaa saba afaanicha dubbatuu waan ibsuuf guddina afaanichaatiif bu'uura buusuu danda'a.
- Jechootaafi yaadota walfakkaatan iddoo tokko tokkotti irra deddeebi'uu dhiisee haala adda addaan jijjiiree utuu dhi'eessee caalaatti sammuu dhaggeeffattoota sirbichaa hawwachuu danda'a.

## Wabiilee


Addunyaa Barkeessaa .( 2014). Semmoo. Finfinnee: Far East Trading plc.

__________________.(2011). Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo. Finfinnee

Asafaa Tafaraa. (2009). Eela. Seenaa Oguma Oromoo. Finfinnee: Far-East trading Press.

Ayub Ismael.(2008).Language use of the Jamaican and Rastofarian Community ina socio linguistic study.

Berhanu Mathewos.(1999).Fundamentals of Literature.3rd Edition Addis Abeba.Addis Abeba Univarsity Press.

Biiroo barnoota Oromiyaa .(2005).Kitaaba Afaan Oromoo Qajeelcha barsiisaa kutaa 12ffaa

Clark, H. (1996). Using Language. Cambridge: Cambridge University Press.

Cooper, R. (1976). The Study of Language Use.In M.L.

Coulmas, F. (1997).The Handbook of Sociolinguistics. UK: Blackwell Publishers.

Dastaa Dassaalany. (2013). Bu'uura Qorannoo.Maxxansa 2ffaa.Addis Ababa: Far east trading plc.

Dean .N.(2006). Discovering Voice. Florida: libraryof congress catalog in publication data.

Dorson.(1972). *Folklore and Folklife*. An introduction.Chicagoand Londan: The university of Chicago press.

Encyclopedia of America, 1985 volume 11 university of chicago press.

Encyclopedia of Birtanica. (1993). Vol.19 chicago: Encyclopedia Inc.

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). Suubii. Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Mana maxxansaa: Suubii

Fekade Azeze .(1991). Introduction to oral Litereture Artistic Printing Enterprise. Finnegan.R.(1977).Oral Poetry :It is Nature, Significance and Social context.Cambridge: Cambridge University Press.

Geetaachoo Rabbirraa.( 2008). *Furtuu*: Seerluga Afaan Oromoo. Finfinnee Africa LanguagePrinting P.L.C.

Gemechu Bekele.(2003). *Astudy of major themes in game selected songs of Ilfinash Keno*. Unpublished AM Thesis Addis Abeba University.

Harcourt Brace and C.(1994). Harbrace Collage Hand Book (12th ed.)

Hayiluu Bantii. (1997). CORAA AADAA. Jimma-Oromiyaa

https://en.wikipedia.org/wiki/Language_and_thought

https://melodyful.com/types-of-songs

Https://om.wikipedia.org/wiki/Odaa

https://www.google.com/search?client=firefox-b-d&q=authority

Jireenyaa Ayyalaa.(2008). Yaad-Hiddama Aartiifi Qajeeltoowwan Ogummaa Dizaayinii Waliigalaa (jildii 1ffaa) : Biiroo Barnoota Oromiyaa

John .E. Warrinner (1982). English grammar and composition (4th ). Orlando United state of America.

Kadiraa Alii.(2016) Qaaccessa Asoosama Aarsaa Fayyadamna Afaanii irratti xiyyeeffachuun (Kan hinnmaxxanfamin)

Kennedy. X.J ( 1987). Literature . An introduction to fiction, poetry and drama.Boston languages in Tanzania: A case study of Ekinata. Bayreutn African studies. press.

Labov, William and Joshua Waletsky.1967."Narrative Analysis: Oral Versions of Personal Experience" in Essays on the Verbal and Visual Arts, ed. June Helm, pp. 124. Seattle: University of Washington Press.

Lyons, John,(1995), Linguistics and Semantics . combridge University presss Stanstanford

Melakneh Mengistu.(1999). Fundamentals ofliterature. Addis Ababa: Branna Printing press.

Melakneh Mengistu.(2006). Fundamentals ofliterature. Addis Ababa: Adis Ababa University.

MeyerR.E. ( 2008). Figures of speech. Astudy and oracticing guide. USA:teaching and learning campany.

Misgaanuu Gulummaa.(2011). *Dilbii*: Bu'uura afoola ogafaaniifi Afwalaloo Oromoo.

Finfinnee.

Mulugeetaa Warquu. (2013). Itti Fayyadama Afaanii Mana Murtii Aanaa DaandiiKeessatti. Addis Ababaa Qorannaa Digirii Lammaffaa (kan hinmaxxanfamne).

O'Grady,W.and Dobrovolsky,M.(1996). Contemporary Linguisics Analysis, an Introduction. 3rd (ed.) Toronto:copp Clark LTD.

Okephewo.(1992). *African Oral Literature*: Back ground, character and continuity Blomingtonand Indianapolis: Indian University press.

Palmer. R.F. (1981).Semantics.Cambridge Univarsity Press (2ed ed.).Stanford A. Scheme.

Richard,B.(1992).*Folklore Cultural performances popular Enterainment*. New York: Oxford University press.

Ricoever .(1975). The Rule of Metaphor. United Kingdom:Tylor&Trancis group.

Ruth Finnegan. (1970). *Oral Literature in Africa.* Oxford: Oxford University press.

Shaw .H.( 1972). Dictionary of literature terms. Newyork:Mc Grawn Hill Book campany. Harvard University Press.

Stockwell, P.( 2002). Sociolinguistics: A Resource book for Students. London and New

Sumner Claude.(1997). Oromoo Wisdom(vo.2)Songs collection and Analysis. Addis Ababa: Guddinaa Tumsaa Foundation.

Tigisti Sanbataan .(2015). Qaaccessa qabiyyee afwalaloo Oromoo waltajjii hawaasummaa haala afwalaloo Salaalee" Finfinneetti waraqaa digirii lammaffaa (kan hinmaxxanfamne).

Wasanee Bashaa .(1995**).** Qorii Hambaa. Finfinnee Oromiyaa.

Wiirtuu, (1995) Barruulee qormaata waaltina Afaan Oromoo, Finfinnee Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa.

Wolff, E. (2000). "Language and Society". In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages: an Introduction. Cambridge University Press.

**DABALEEWWAN**

**DABALEE A: BARRUU SIRBOOTAA**

**A.1 Saaqi saanqaa**

(1) falmattoota haqaa
(2) harkaafi miila hiitee
(3) maali dantaan addaa
(4) ati nuun hawwitee
(5) waa'een kee nuun gallee
(6) dubbadhuu Finfinnee x2

(7) dhiigni siif lola'uu
(8) hara'as adda hincinnee
(9) waa'een kee nuun galle
(10) dubbadhu Finfinnee x2
(11) imimmaan Oromoo
(12) har'as adda hincinnee

(13) falmattota haqaa
(14) harkaaf miila hiitee
(15) maal faayidaan addaa
(16) ati nuun hawwitee
(17) waa'een kee nuun gallee
(18) dubbadhu Finfinnee x2

(19) dhiigni siif lola'uu
(20) har'as adda hincinnee
(21) waa'een kee nuun gallee
(22) dubbadhu Finfinnee x2

(23) imimmaan Oromoo
(24) har'as adda hincinnee
(25) himaan dubbii himee
(26) malli abbaatti hafaa
(27) dhaga'i waan sii himuu
(28) namni mana tokko
(29) gamtaadhaan ijaaruu
(30) citaa wal hinsaamuu

(31) ati isa kuffistee
(32) inni san kuffisee
(33) yoo lafaan walgeessan
(34) biyya keenyarratti
(35) gabrummaa daraaree
(36) bilisummaan eessaan
(37) <u>saaqi saanqaa x2 saaqi </u>x2

(38) osoo manni hidhaa
(39) jarattii gamoo ta'ee
(40) wadaroodhaan bu'uu
(41) akka Abdiisaa x2
(42) silaa manni hidhaa
(44) isaanii lafa jalaa
(45) gamtaan falmachuu
(46) ifa baasaa
(47) qabsoo Oromootu
(48) ifa baasaa

(49) osoo manni hidhaa
(50) Oromoo gadi qabee
(51) bara Maammoofi
(52) Agarii san ture
(53) du'a Aanoleefi
(54) Calanqoo san ture

(55) hidhaaf ajjechaan
(56) Oromoo gad hinqabuu
(57) bakka seentanan
(58) arguu jarjeree
(59) warra dhiiga Oromoo
(60) dhuguu baree

(61) sobnee sirbina
(62) keessi keenya madaa x2
(63) ijji imimmaani
(64) mormaaan ragadaa
(65) saaqi saanqaa x2 saaqi x2

(66) falmataa kiyyaa x2
(67) si hidhan
(68) yaa falmataa kiyyaa x2
(69) si hidhan
(70) yaa falmataa kiyyaa

(71) danda'i malee x2
(72) dhimmi sabaa
(73) nama hinraffisuu
(74) falmataa kiyyaa
(75) yoo du'anuu
(76) ekeraatu iyyaa

(77) falmattoota koo x2
(78) sin hidhan
(79) yaa falmattootakoo x2
(80) sin hidhan
(81) yaa falmattootakoo

(82) yoo du’aa malee x2
(83) mana hidhaatti
(84) hinhafanii
(85) falmattoota koo
(86) ifa arguuf jirtu
(87) gaaf tokkoo

(88) as hiiqii hinqabuu
(89) achi hiiqii hinqabu
(90) manni hidhaa
(91) hirribni hinjiru
(92) teessumni hinjiru
(93) dhaabbiidha

(94) kana hinwallaalle
(95) jarri yooba’anii falmatan
(96) saba ofiitiif
(97) aarsaa lubbuu
(98) kennuu filatan

(99) sobnee sirbinaa
(100) keessi keenya madaa x2
(101) ijji imimmaani
(102) mormaan ragadaa
(103) saaqi saanqaa x2 saaqi x2

(104) falmataa kiyyaa x2
(105) si hidhan
(106) yaa falmataa kiyyaa x2
(107) si hidhan
(108) yaa falmataa kiyyaa

(109) danda’i malee x2
(110) dhimmi sabaa
(111) nama hin raffisuu
(112) falmataa kiyyaa
(113) yoo du’anuu
(114) ekeraatu iyyaa

(115) falmattoota koo x2
(116) sin hidhan
(117) yaa falmattootakoo x2
(118) sin hidhan
(119) yaa falmattootakoo
(120) yoo du’aa malee x2
(121) mana hidhaatti
(122) hinhafanii
(123) falmattoota koo
(124) ifa arguuf jirtu
(125) gaaf tokkoo

(126) as hiiqii hinqabuu
(127) achi hiiqii hinqabu
(128) manni hidhaa
(129) hirribni hinjiru
(130) teessumni hinjiru
(131) dhaabbiidha

(132) kana hinwallaalle
(133) jarri yooba'anii falmatan
(134) saba ofiitiif
(135) aarsaa lubbuu
(136) kennuu filatan

(137) sobnee sirbinaa
(138) keessi keenya madaa } x2
(139) ijji imimmaani
(140) mormaan ragadaa
(141) <u>saaqi saanqaa x2saaqi</u> x4

**A.2 Itti muddi**

(142) inkirdaada qamadii
(143) keessa marge
(144) maaloo yaa jaranaa
(145) wajjin haamanii
(146) inkirdaada keessaa gubanii

(147) alagaa fira fakkaattee
(148) biyya nu saamuu dhuftee
(149) fira fakkaatanii
(150) dha'anii biyyootti makanii

(151) harimaamoo bisingaa
(152) keessa marge
(153) maaloo yaa jaranaa
(154) wajjumaan muranii
(155) harimaamoo keessaa gubanii

(156) alagaa fira fakkaattee
(157) biyya nu saamuu dhuftee
(158) fira fakkaatanii
(159) dha'anii biyyoo nyaachisanii
(160) yaa Odaa eebbifamtuu
(161) muka rabbi
(162) eebbise hundarraa
(163) gaaddisa kee jalatti
(164) Oromoonni seera tumatuu

(165) keessummaan
(166) nyaatee dhugee
(167) yoo bules

(168) bariidhaan galaa
(169) maali keessummaan
(170) nama nyaatee
(171) qe'ee dhuunfatuu

(172) roorrisaan bara baraan
(173) dhiiga lammii
(174) dhangalaasee dhugaa
(175) barumaan x2 baraan
(176) bara lakkaa'aa turree

(177) bakka seentu maladhu
(178) kee barri dhumee
(179) yaa gadhee
(180) yaa re'ee
(181) ati baala malee
(182) qeerransa hinagarree

(183) waraantii margee
(184) bira hindhaabbatanii
(185) hundee buqqisanii
(186) yoo namaa gamtee
(187) orma hinwaammatanii
(188) qomoo dubbisanii

(189) waraantii margee
(190) bira hindhaabbatanii
(191) hundee buqqisanii
(192) yoo namaa gamtee
(193) orma hinwaammatanii
(194) qomoo dubbisanii

(195) a! ha'aa x2
(196) ruumichi qe'ee simarsee
(197) lafa cite kam gooddaa
(198) balballi tolaa hinjiru
(199) cabsii seen karaa foddaa

(200) Oromiyaanii x3 ihihii
(201) Oromiyaanii x3
(202) dhiiga ilmaanshee
(203) gibira gabbbartii
(204) barumaanii jarana barana
(205) yoo tokkummaadhaan
(206) falmanne bilisa ba'uu
(207) ykn ilmaanshee
(208) hunda fixattee taa'uu

(209) jarana barana
(210) yoo tokkummaadhaan
(211) falmanne walaba ba'uu

(212) ykn ilmaanshee
(213) hunda fixattee taa'uu

(214) kottumee yaa yaaddo
(215) yaa yaaddessaa
(216) nutu waliif dhiiga
(217) numat waljabeessa

(218) diina kee booressi
(219) yaa booressaa
(220) gadi galootuu
(221) maqaa nama balleessaa

(222) yaa shimala
(223) yaa ibidda lafaa marguu
(224) gubbaa nama ilaalan
(225) madaa keessaa
(226) ormi namaa hinarguu

(227) kottumee yaa yaaddo
(228) yaa yaaddessaa
(229) hayyalaallattuu
(230) balleessina of keessaa

(231) diina kee booressi
(232) yaa booressaa
(233) nama yartuutuu
(234) qe'ee nama balleessa

(235) yaa shimala
(326) yaa ibidda lafaa marguu
(237) gubbaa nama ilaalan
(238) madaa keessaa
(126) ormi namaa hinarguu

(239) gaaffiin Oromootaa
(240) durii hamma har'aatti
(241) mirga ofbulchuu
(242) gaafii abbaa biyyummaatii

(243) yoo ejjennoon keenya
(244) kanarraa adda bahee
(245) dhiigni hamma har'aa
(246) gatii malee lola'ee
(247) daandii haqaa qabadhuu
(248) kan qarqara kaattu
(249) ofirraa qoladhuu

(250) itti muddi x2
(251) itti muddi x2
(252) itti muddi x2

(253) diinaan lollaan
(254) irraa maalif deebitanii
(255) kan durattii caalaa
(256) ofirratti goobsitanii

(257) qeerrensa eegee
(258) qabdee maaf gadhiista
(259) garagallaan booda
(260) ija kee si balleessa

(261) gaafa san
(262) furmaatni hinjiruu
(263) ammuma irree kee
(264) jabeessi giruu

(265) itti muddi x2
(266) itti muddi x2
(267) itti muddi x2

(268) erga
(269) amantaadhaaf kutaadhaan
(270) walqoqqooduun hafee
(271) diinni guyyaa takkaayyuu
(272) hinbeeku rafee

(273) fira fakkaachaa
(274) tokkummaa
(275) keenya jibbanii
(276) diinummaa isaanii
(277) ofitti ragaa bahanii

(278) jarri qotanii qotanii
(279) albee ittiin
(280) qalaman baafatanii
(281) itti muddi x2
(282) itti muddi x2
(283) itti muddi x2 dinnee x5 hinkenninu jennee dinnee
(284) itti muddi x2 dinnee x4 hirree tokkummaatiin dinnee
(285) itti muddi x2 dinnee x4 handhuura Oromiyaa
(286) itti muddi x2 diinaaf murree
(287) itti muddi x2 hinlaannu Finfinnee
(288) itti muddi x2
(289) itti muddi x2
(290) itti muddi x2

(291) hinboo’inaa
(292) ya maatii barattootaa
(293) hinboo’inaa
(294) maatiin wareegamtootaa
(295) kuun hidhaa
(296) kuun rasaasaaf

(297) godaansaan  dhumee
(298) kanuma hafetu
(299) gumaasaanii baasa falmee

(300) kaayyoo jaallan keenyaa
(301) barana shakkii hinqabnu
(302) galmaan geenyaa

(303) itti muddi x2
(304) itti muddi x2
(305) itti muddi x2

(306) yaa aayyolee
(307) haadha koo
(308) akka gootuu
(309) otoo ilaalluu
(310) waraabessi nun nyaatuu

(311) naa jajjabaadhu
(312) sabbata dachaa hidhadhuu
(313) diinan waraanuu deema
(314) Rabbi naa kadhadhuu

(315) yaa Rabbi yaa uumaa
(316) kan haqa ofii falmatuuf
(317) humni sumaa

(318) itti muddi x48
(319) wadaroonii hii'ii x2
(320) wadaroonii
(321) wadaroon gootota
(322) oromoo mukatti fannistee

(323) rasaasni gootota
(324) oromoo karaatti hambistee
(325) wadaroonii hu'u'uu
(326) wadaroonii wadaroon
(327) Eebbisaa Addunyaa
(328) lafarra harkiste a'aa
(329 wadaroon Eebbisaa Addunyaa
(330) lafarra harkistee

(331) dhiiga isaanii qabdaa
(332) karaa isaanii irra jirtaa
(333) sin ajjeesa jettee
(334) anaan kan doorsistu

(335) du'eetan bada malee
(336) halagaan doorsifamaa
(337) mirga koo falmachuurraa
(338) duubatti nan hambistu

## DABALEE B: Qabiyyeewwan Sirbaa

### B.1 Qabiyyeewwan gadda mul'isan

(61) sobnee sirbina
(62) **keessi keenya madaa** x2
(63) **ijji imimmaani**
(64) mormaaan ragadaa
(291) **hinboo'inaa**
(297) godaansaan **dhumee**

### B.2 Qabiyyeewwan tuffii mul'isan

(38) osoo manni hidhaa
(39) **jarattii** gamoo ta'ee
(147) alagaa fira **fakkaattee**
(148) biyya nu saamuu **dhuftee**

### B.3 Qabiyyeewwan tokkummaa mul'isan

(45) gamtaan falmachuu
(46) ifa baasaa
(47) qabsoo Oromootu
(48) ifa baasaa
(204) barumaanii jarana barana
(205) yoo tokkummaadhaan
(206) falmanne bilisa ba'uu

### B.4 Qabiyyeewwan murtoo mul'isan

(55) hidhaaf ajjechaan
(56) Oromoo gad hinqabuu
(57) bakka seentanan
(58) arguu jarjeree
(94) kana hinwallaalle
(95) jarri yooba'anii falmatan
(96) saba ofiitiif
(97) aarsaa lubbuu
(98) kennuu filatan
(177) bakka seentu maladhu
(178) kee barri dhumee
(179) yaa gadhee
(243) yoo ejjennoon keenya
(244) kanarraa adda ba'ee

### B.5 Qabiyyeewwan obsa mul'isan

(71) danda'i malee x2
(72) dhimmi sabaa
(73) nama hinraffisuu

### B.6 Qabiyyeewwan abdii mul'isan

(83) mana hidhaatti
(84) hinhafanii
(85) falmattoota koo

(86) ifa arguuf jirtu
(156) alagaa fira fakkaattee
(157) biyya nu saamuu dhuftee
(158) fira fakkaatanii
(159) dha’anii biyyoo nyaachisanii

**B.7 Qabiyyeewwan haaloo baafachuumul’isan**

(147) alagaa fira fakkaattee
(148) biyya nu saamuu dhuftee
(149) fira fakkaatanii
(150) dha’anii biyyootti makanii
(151) harimaamoo bisingaa
(152) keessa marge
(153) maaloo yaa jaranaa
(154) wajjumaan muranii
(155) harimaamoo keessaa gubanii
(156) alagaa fira fakkaattee
(157) biyya nu saamuu dhuftee
(158) fira fakkaatanii
(159) dha’anii biyyoo nyaachisanii

**B.8 Qabiyyeewwan oromummaa mul’isan**

(186) yoo namaa gamtee
(187) orma hinwaammatanii
(188) qomoo dubbisanii
(214) kottumee yaa yaaddo
(215) yaa yaaddessaa
(216) nutu waliif dhiiga
(217) numat waljabeessa
(222) yaa shimala
(223) yaa ibidda lafaa marguu
(224) gubbaa nama ilaalan
(225) madaa keessaa
(226) ormi namaa hinarguu
(239) gaaffiin Oromootaa
(240) durii hamma har’aatti
(241) mirga ofbulchuu
(242) gaafii abbaa biyyummaatii

**B.9 Qabiyyeewwan dhaamsa dabarfachuun walqabatan**

(311) naa jajjabaadhu
(312) sabbata dachaa hidhadhuu
(313) diinan waraanuu deema
(314) Rabbi naa kadhadhuu

**B.10 Qabiyyeewwan irraa jalummaa aangoo mul’iasan**

(1) falmattoota haqaa
(2) harkaafi miila hiitee
(3) maali dantaan addaa

(4) ati nuun hawwitee
(7) dhiigni siif lola'uu
(8) hara'as adda hincinnee
(11) imimmaan Oromoo
(12) har'as adda hincinnee
(31) ati isa kuffistee
(32) inni san kuffisee
(33) yoo lafaan walgeessan
(37) saaqi saanqaa x2 saaqi x2
(57) bakka seentanan
(58) arguu jarjeree
(61) sobnee sirbina
(62) keessi keenya madaa x2
(63) ijji imimmaani
(64) mormaaan ragadaa
(65) saaqi saanqaa x2 saaqi x2
(75) yoo du'anuu
(147) alagaa fira fakkaattee
(148) biyya nu saamuu dhuftee
(149) fira fakkaatanii
(150) dha'anii biyyootti makanii
(169) maali keessummaan
(170) nama nyaatee
(171) qe'ee dhuunfatuu
(172) roorrisaan bara baraan
(180) yaa re'ee
(181) ati baala malee
(182) qeerransa hinagarree
(196) ruumichi qe'ee simarsee
(199) cabsii seen karaa foddaa
(205) yoo tokkummaadhaan
(206) falmanne bilisa ba'uu
(207) ykn ilmaanshee
(291) hinboo'inaa
(292) ya maatii barattootaa
(293) hinboo'inaa
(295) kuun hidhaa
(296) kuun rasaasaaf
(297) godaansaan dhumee

**DABALEE C**: **Ga'umsa afaaniifi yaada ibsuu sirboota filataman keessatti**

(195) **a! ha'aa** x2
(319) wadaroonii **hii'ii** x2
(325) wadaroonii **hu'u'uu**
(328) lafarra harkiste **a'aa**

**DABALEE D: Fayyadama Jechootaa**

(61) sobnee sirbina
(62) keessi keenya madaa x2
(63) ijji imimmaani
(64) mormaaan ragadaa
(65) saaqi saanqaa x2 saaqi x2
(88) as hiiqii hinqabuu
(89) achi hiiqii hinqabu
(90) manni hidhaa

**D.1 Jechoota Faallaa**

(35) **gabrummaa** daraaree
(36) **bilisummaan** eessaan
(39) jarattii **gamoo** ta'ee
(44) isaanii **lafa jalaa**
(88) **as** hiiqii hin qabuu
(89) **achi** hiiqii hin qabu
(137) sobnee **sirbinaa**
(138) keessi keenya **madaa** x2
(139) ijji imimmaani
(140) mormaan ragadaa
(139) ijji **imimmaani**
(140) mormaan **ragadaa**
(121) **mana hidhaa**tti
(124) **ifa** arguuf jirtu
(142) **inkirdaada qamadii**
(147) **alagaa fira** fakkaattee
(151) **harimaamoo bisingaa**
(152) keessa marge
(180) yaa **re'ee**
(181) ati baala malee
(182) **qeerransa** hinagarree
(193) **orma** hinwaammatanii
(194) **qomoo** dubbisanii
(198) balballi **tolaa** hinjiru
(203) **gibira** gabbbartii
(216) nutu waliif **dhiiga**
(126) **ormi** namaa hinarguu
(247) daandii **haqaa** qabadhuu
(248) kan **qarqara** kaattu
(249) ofirraa qoladhuu
(258) **qabdee** maaf **gadhiista**
(255) kan **dura**ttii caalaa
(256) ofirratti goobsitanii
(259) garagallaan **booda**
(260) ija kee si balleessa

## D.2 Jechoota moggoo

(3) maali **dantaan** addaa
(15) maal **faayidaan** addaa
(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) **muka** rabbi
(206) falmanne **bilisa** ba'uu
(211) falmanne **walaba** ba'uu
(220) **gadi galootuu**
(221) maqaa nama balleessaa
(229) **hayyalaallattuu**
(230) balleessina of keessaa
(233) **nama yartuu**tuu
(234) qe'ee nama balleessa
(235) yaa **shimala**
(326) yaa **ibidda lafaa marguu**
(241) mirga **ofbulchuu**
(242) gaafii **abbaa biyyummaa**tii
(306) yaa **aayyolee**
(307) **haadha** koo
(315) yaa **Rabbi** yaa **uumaa**

## D.3 Jechoota Galumsaa

(5) waa'een kee nuun gallee
(6) **dubbadhuu** Finfinnee x2
(35) gabrummaa **daraaree**
(36) bilisummaan eessaan
(37) **saaqi** saanqaa x2 saaqi x2
(57) bakka seentanan
(58) arguu jarjeree
(59) warra dhiiga Oromoo
(60) **dhuguu** baree
(74) falmataa kiyyaa
(75) yoo du'anuu
(76) ekeraat **iyyaa**
(142) **inkirdaada qamadii**
(143) keessa marge
(145) wajjin haamanii
(146) **inkirdaada** keessaa gubanii
(151) **harimaamoo** bisingaa
(152) keessa marge
(154) wajjumaan muranii
(155) **harimaamoo** keessaa gubanii
(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) **muka** Rabbi
(162) eebbise hundarraa
(163) **gaaddisa** kee jalatti
(164) Oromoonni seera tumatuu
(202) dhiiga ilmaanshee
(203) **gibira** gabbbartii
(235) yaa shimala

(326) yaa ibidda lafaa **marguu**
(309) otoo ilaalluu
(310) **waraabessi** nun nyaatuu
(319) wadaroonii <u>hii'ii</u> x2
(320) **wadaroon**ii
(326) wadaroonii **wadaroon**
(327) Eebbisaa Addunyaa
(328) lafarra harkiste a'aa

## D.4 Jechoota Safuu

(59) warra **dhiiga** Oromoo
(60) dhuguu baree
(169) maali keessummaan
(170) **nama nyaatee**
(171) qe'ee dhuunfatuu
(172) roorrisaan bara baraan
(173) **dhiiga** lammii
(174) **dhangalaasee** dhugaa
(198) balballi tolaa hinjiru
(199) **cabsii seen karaa foddaa**

## Dabalee E: Jechamoota

(2) **harkaafi miila hiitee**
(42) silaa manni hidhaa
(44) isaanii **lafa jalaa**
(47) qabsoo Oromootu
(48) **ifa baasaa**
(220) **gadi galoo**tuu
(221) maqaa nama balleessaa
(233) **nama yartuutuu**
(234) qe'ee nama balleessa
(222) yaa shimala
(223) yaa **ibidda lafaa marguu**
(224) **gubbaa nama ilaalan**
(239) gaaffiin Oromootaa
(241) mirga ofbulchuu
(242) gaafii **abbaa biyyummaa**tii
(255) kan durattii caalaa
(256) **ofirratti goobsitanii**
(245) dhiigni hamma har'aa
(246) **gatii malee** lola'ee
(257) qeerrensa **eegee**
(258) **qabdee** maaf gadhiista
(259) garagallaan booda
(260) **ija** kee si **balleessa**
(276) diinummaa isaanii
(277) ofitti **ragaa bahanii**
(278) jarri qotanii qotanii
(279) **albee ittiin**
(280) **qalaman** baafatanii

(306) yaa aayyolee
(307) **haadha** koo
(308) akka gootuu
(309) otoo ilaalluu
(310) **waraabessi** nun nyaatuu
(311) naa jajjabaadhu
(312) **sabbata dachaa** hidhadhuu

## Dabalee F: Fayyadama Malleen Dubbii

### F.1 Akkasaa

(40) wadaroodhaan bu'uu
(41) **akka Abdiisaa** x2
(147) alagaa **fira fakkaattee**
(148) biyya nu saamuu dhuftee
**(149) fira fakkaatanii**
(150) dha'anii biyyootti makanii
(273) **fira fakkaachaa**
(274) tokkummaa

### F.2 Arbeessuu

(31) ati isa kuffistee
(32) inni san kuffisee
(33) yoo lafaan walgeessan
(59) warra dhiiga Oromoo
(60) dhuguu baree
(61) sobnee sirbina
(62) keessi keenya madaa x2
(63) ijji imimmaani
(64) mormaaan ragadaa
(114) ekeraatu iyyaa
(129) hirribni hinjiru
(130) teessumni hinjiru
(131) dhaabbiidha
(159) dha'anii biyyoo nyaachisanii
(169) maali keessummaan
(170) nama nyaatee
(171) qe'ee dhuunfatuu
(202) dhiiga ilmaanshee
(203) **gibira gabbbartii**
(223) yaa **ibidda lafaa marguu**
(257) **qeerrensa eegee**
(258) **qabdee** maaf gadhiista
(260) **ija kee si balleessa**
(271) diinni **guyyaa takkaayyuu**
(272) **hinbeeku rafee**

### F.3 Nameessa

(6)  **dubbadhuu Finfinnee** x2
(76) **ekeraatu iyyaa**
(201) Oromiyaanii x3
(202) dhiiga ilmaanshee
(203) **gibira gabbbartii**
(310) **waraabessi** nun nyaatuu
(321) wadaroon gootota
(322) oromoo **mukatti fannistee**
(326) wadaroonii wadaroon
(327) Eebbisaa Addunyaa
(328) lafarra harkiste a'aa

### F.4 Fakkoommii

(6)   dubbadhuu **Finfinnee** x2
(37) <u>saaqi **saanqaa** x2 saaqi</u> x2
(38) osoo **manni hidhaa**
(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) muka Rabbi
(162) eebbise hundarraa
(163) gaaddisa kee jalatti
(164) Oromoonni seera tumatuu
(222) yaa **shimala**
(223) yaa ibidda lafaa marguu
(222) yaa shimala
(223) yaa ibidda lafaa **marguu**
(306) yaa aayyolee
(307) **haadha** koo
(311) naa jajjabaadhu
(312) **sabbata** dachaa hidhadhuu

### F.5 Eemitii

(61) sobnee **sirbina**
(62) keessi  keenya madaa    x2
(63) **ijji imimmaani**
(64) mormaaan ragadaa
(113) yoo du'anuu
(114) **ekeraatu iyyaa**
(129) **hirribni** hinjiru
(130) teessumni hinjiru
(131) **dhaabbii**dha
(167) yoo **bules**
(168) bariidhaan **galaa**
(187) **orma** hinwaammatanii
(188) **qomoo** dubbisanii
(204) barumaanii jarana barana
(205) yoo **tokkummaadhaan**
(206) **falmanne bilisa ba'uu**

**F.6 Iddeessa**

(160) yaa **Odaa** eebbifamtuu
(161) **muka** Rabbi
(162) eebbise hundarraa
(235) yaa **shimala**
(326) yaa **ibidda** lafaa marguu
(326) wadaroonii wadaroon
(327) Eebbisaa Addunyaa
(328) **lafarra harkiste** a'aa

DABALEE G: **Fayyadama Mammaaksotaa**

(28) **namni mana tokko**
(29) gamtaadhaan **ijaaruu**
(30) **citaa wal hinsaamuu**
(187) **orma** hinwaammatanii
(188) **qomoo** dubbisanii
(257) **qeerrensa eegee**
(258) **qabdee maaf gadhiista**
(278) **jarri qotanii qotanii**
(279) **albee ittiin**
(280) **qalaman baafatanii**
(25) **himaan dubbii himee**
(26) **malli abbaatti hafaa**

**Waraqaa Mirkaneeffannaa**

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo ta'uu isaa ibsaa, hojiin kun kanaan dura Yuunvarsitii kamiyyuu keessatti kan hindhiyaannee ta'uu isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf ani dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiinan mirkaneessa.

Maqaa: Habtaamuu Baluudee Wayyeessaa

Mallattoo_______________

Guyyaa________________

Ani Dokter Adddunyaa Barkeessaa barataan kun hojiin isaa ofittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Gorsaa: Adddunyaa Barkeessaa (PhD)

Mallattoo______________________

Guyyaa_______________________